# QAACCESSA RAAWWII SIRBA GOOBEE GODINA SHAWAA KAABAA AANAA KUYYUU

**LAMMII GIRMAA**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA RAAWWII SIRBA GOOBEE GODINA SHAWAA KAABAA AANAA KUYYUU

**LAMMII GIRMAA**

**GORSAAN: DASTAA DASSAALANY (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJJIINAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraa Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun guuttachuuf Lammii Girmaan mata duree: Qaaccessa Raawwii Sirba Goobee Aanaa Kuyyuu jedhuun qophaa'e, sadarkaa yuunivasitiin kaa'ee guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa alaa ________________________ Mallattoo _____ Guyyaa _______

Qoraa keessaa ____________________ Mallattoo ______ Guyyaa _______

Gorsaa__________________________ Mallattoo_______ Guyyaa _______

________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee ykn Qindessaa Digirii Lammaffaa (MA)

***Axeereraa***

*Mata dureen qorannoo kanaa Qaaccessa RaawwiiSirba Goobee Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuurratti xiyyeeffate.Kaayyoon qorannoo kanaa Raawwii Sirba Goobee Aanaa kanaa qaaccessuudha. Malli qorannoo kun itti gargaarame mala qorannoo akkamtaa yoo ta'u malli kunis odeeffannoo af-gaaffiifi daawwannaa akkasumas marii garee qorachuuf filatamaa waan ta'eefi. Malli iddattoo qorannoo kanas mala iddeetteessuu miti-carraa jalaa mala akkayyoofi darbaa dabarsiitti dhimma bahameera. Dhimmoota mata duree kanaan wal qabatan xiinxaluuf kitaabooleefi toora interneetii irraa qabxiileen ijoon sakatta'amaniiru. Adeemsiragaa ittiin funaanname daawwannaa, af-gaaffiifi marii gareen jaarsooliifi dargaggoota aanaa Kuyyuu irraa funaannameera. Akkasumas daawwannaa yeroo sagantaa sirba Goobee Fulbaana 10-01-2011 hanga Fulbaana 17-01-2011 raawwaturratti argamuun daawwachuun suuraafi yaaddannoo barreeffamaa qabachuun ragaan funaannameera. Ragaaleen qorannichaa yaaxinoota haalaa, faayidaa, caasimaafi* yaaxinna irra deebi`anii ijaaruufi yaaxina jiijjiramaafi itti fufiinsa *deeggaramuudhaan qaaccessamaniiru. Kunis ragaalee daawwannaa, af-gaaffiifi marii gareen argaman akkaataa walfakkeenya isaaniitiin walitti fiduunfi qindeessuun ibsuun haalli Raawwii Sirba Goobee keessatti itti dhimma bahaman isaan kam akka ta'an kanneen akka tapha shimalaa, cuqorsa, farsoo, abaarsa, eebba, jajuuniifi kan kana fakkaatan adda bahaniiru. Dhuma irratti argannoon qorannichaas sirbi Goobee raawwiin isaa yeroo eegee safuufi aadaa hawaasichaa eegee kan sirbamuudha. Namoota gaa'ila godhatanii ilmoo dhabaniif goobeen yoo eebbiseefi kadhataniif waggaa sanatti akka dhala argatan, Sirbi goobee yeroo amma ilaalchota adda addaafi ammayyummaan kan laafaa dhufe ta'uu, hirmaattoonni sirba goobee ijoolleefi dargaggoota akkasumas umriin kan daangeffame ta'uu argannoo kootiin bira gaheera.*

***Galata***

Duraan dursee kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga’uuf jalqabaa hanga dhumaatti seeraan tartiiba eegee akkan hojjedhu yaadaafi Ogummaa isaaniin yeroo isaanii osoo hinqusatin dadhabbiifi nuffii tokko malee gorsaafi deeggarsa ogummaa kan naaf kennaa jiran gorsaa koo Dastaa Dassaalany (PhD) galannin isaaniif qabu guddaadha.

Gama biroon, maatii koo osoo ofiif hinbaratin deeggarsa barbaachisu hunda naaf gochuun na barsiisaaniifi ammas hojii kanaaf odeeffannoo waan naa laataniif galanni koo bakka guddaa isaaniif qaba. Kanaaf, galata keessaniif rabbiin umrii keessan dheeressuun hamtuun isin argin; gaarii keessan malee gurri namaa hamtuu keessan akka hindhageenye rabbiin oolmaa keessan isiniif haa kaffalu isiniin jedha.

Akkasumas qorannoo kanaa akka barbaadamen akkan dalaguuf kan na cinaa dhaabbattee na jajjabeessaa turte haadha manaa koo Jiituu Katamaa galanni kee guddaadha.

Dabalataanis, obbo Gaaddisaa Muummichaa hojii qorannoo kana keessatti qofa osoo hintaane hojii koof hamiilee guddaa naaf taataniifi hiriyoota koo  qorannoo kanaa irratti na cinaa dhaabbachuun deeggarsa ogummaan na gargaaraa turtan hundaaf galanni koo daangaa hinqabu

Hojjetoota Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa kuyyuufi Obbo Shimallis Xaafaa I/G/W/A/T/G, Obbo Dababee Laggaasa hojii qorannoo kanaatiif odeeffannoo hanga danda’an kan naaf kennan hedduun galateeffadha.

Kaameraa waraabbii naaf kennuun suuraafi sagalee viidiyoon waraabuun kan nagargaaran hiriyoota waliin barannee hedduun galateeffadha.

**Jibsoofi Gabajee**

Jechootni kana gaditti ibsaman qorannoo kana keessatti haala galumsaafi akkaataa Aanaa Kuyyuu keessatti hawaasni hiika kennuun hiika jechootaa kennamanidha.

| | |
|---|---|
| Abdaarii | Ayyaana qe'ee keessaa, ayyaana dachee |
| Abaarsa | Yeroo namni tokko waan hamaa raawatu waaqa itti waamuu |
| Ayyaana | Afuura waaqaa, guyyaa kabajaa qabu. |
| Biirraa | Tibba ganna keessaa gara ifaafi caamaatti baha. |
| Eebba | Sirna nagaafi fayyaa, hoofkaltii namaaf kadhatan ykn hawwan |
| Faaruu | Gosa wallee ittiin waaqa kadhatan yookiin faarfatan, nama faarsan |
| Gaa'ela | Sirna fuudhaafi heerumaa |
| Gadaa | Sirna bulchiinsa Oromoo |
| Guddifacha | Aadaa sirna ilmaan ormaa akka dhala ofiitti fudhatan ykn moggaafatan. |
| Gumaa | Baasii namni lubbuun harkatti darbeef baasan, haaloo baafachuu |
| Hooda | Waan safuufi raajeffatamu. |
| Ingiccaa | Wuyyaa ayyaana ijoolleen kabajan baala qunnii battee dhahan. |
| Ilillee | Ibsa gammachuu/ jifuu simannaa |
| Kallacha | Mi'a ulfinaa warri gadaa qabaatan, ulfaaaqeffannaa |
| Karra | Balbala walitti dhufuun mana ta'uu danda'an |
| Kennaa | Waan namaaf/ ayyaanaaf kennamu |
| Mijuu | Nyaataafi dhugaatii sirna ayyaanaaf qopheessan |
| Safuu | Naamusa, seera uumaafi uumamma talacoon hordofofamuu qabu. |
| Shimala | Biqiltuu shomboqqoo fakkaatu garuu cimina qabu kan ulee ta'u |
| Ykn | Yookiin |
| Kkf | Kan kana fakkaatan |
| G/Sh/K/ | Godina Shawaa Kaabaa |
| I/G/W/A/T/G | Itti Gaafatamaa Waajjira Aadaafi Tuurizimii Godinaa |

# Baafata

Qabiyyee Fuula


Axeereraa ........ i

Galata ........ ii

Jibsoofi Gabajee ........ iii

Baafata ........ iv

Baafata suurawwan agarsisan ........ vii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 4

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 5

13.1. Kaayyoo GoorooQorannichaa ........ 5

1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa ........ 5

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 5

1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 6

1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 6

1.7. Qindoomina Qorannichaa ........ 7

1.8. Haala Waliigala Naannoo Qorannichaafi Jireenya Uummataa ........ 7

1.8.1. Diinagdee Uummata Aanichaa ........ 9

1.9. Hidda dhalootaafi Qubsuma Oromoo Aanaa Kuyyuu ........ 9

1.10. Caasaa Hiddaa Dhaloota Oromoo Tuulama ........ 10

BOQONNAA LAMA: SAKATTTA'A BARRUU ........ 14

2.1. Fokloorii ........ 14

2.1.1. Gosoota Fokloorii ........ 17

2.1.1.1. Afoola ........ 18

2.1.1.2. Meeshaa Aadaa ........ 18

2.1.1.3. Duudhaa Hawaasaa ........ 19

2.1.1.4. Aartii Duudhaa Hawaasaa ........ 20

2.1.1.4.1. Muuziqaa Aadaa ........ 21

2.1.1.4.2. Sochii Qaamaa ........ 21

2.1.1.4.3. Diraamaa Aadaa ........ 22

2.1.1.4.4. Jijjiirramaafi Itti Fufiinsa Aadaa ........ 22

2.1.2. Faayidaa Fokloorii ........ 23

2.1.3. Duudhaa Oromoo ........ 24

2.1.3.1. Ayyaana ........................................................................................26
2.1.3.2. Ayyaanota Sirba Goobee Waliin Walitti Dhufeenya Qaban. ........................28
2.1.3.2.1. Ayyaana Qaammee ...........................................................................28
2.1.3.2.2. Ayyaana Masqalaa ............................................................................30
2.1.3.2.3. Ayyaana Ukee/Taaboree ...................................................................30
2.1.4. Sirba....................................................................................................30
2.1.5. Caasaa Sirba .........................................................................................32
2.1.6. Faayidaa sirbaa ......................................................................................33
2.1.7. Sirba Goobee .........................................................................................33
2.1.8. Jijjiirama Itti Fufiinsa Sirba Goobee ........................................................35
2.2. Yaaxxinaalee Qorannoon Kun Bu'uureffate..................................................35
2.2.1. Yaaxina Faayidaa ...................................................................................36
2.2.2. Yaaxinaa Caasimaa..................................................................................36
2.2.3. Yaaxina Haalawaa ...................................................................................37
2.2.4. Yaaxina Irra Deebi`anii Ijaaruu................................................................38
2.2.5. Yaaxina Jiijjiramaafi Itti Fufiinsa..............................................................38
2.3. Sakatta'a Qorannoowwan Hojii Kanaan Walfakkaatanii..................................38
BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA ........................................................41
3.1. Saxaxa ....................................................................................................41
3.2. Mala Akkamtaa .........................................................................................42
3.3. Madda Odeeffannoo...................................................................................42
3.3.1. Madda Odeeffannoo Ragaa Duraa ............................................................42
3.3.2. Madda Ragaa Lammataa ..........................................................................43
3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu.......................................................................43
3.4.1. Iddetteessuu Akkayyoo............................................................................44
3.4.2. Iddatteessuu Darban Dabarsaa (Iyyaaffannoo)............................................44
3.5. Yoomessa Qorannoo ..................................................................................45
3.6. Mala Odeeffannoon Ittiin Funaaname..........................................................45
3.6.1. Daawwannaa...........................................................................................46
3.6.2. Af-gaaffii ...............................................................................................47
3.6.3. Marii Garee............................................................................................48
3.6.4. Waraabbii...............................................................................................48
3.7. Mala Qaaccessa Odeeffannoo ......................................................................49
3.8. Muuxannoo Dirree .....................................................................................50

BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAA .......... 52
4.1. Qaacceessa Goobee .......... 52
4.2. Qaaccessa Sirba Goobee .......... 53
4.2.1. Hurruubummaa Sirba Goobee .......... 55
4.2.2. Hirmaattota Sirba Goobee .......... 56
4.2.3. Haala Sirbi Goobee Itti Jalqabamu .......... 58
4.2.4. Warra Goobeen Itti Jedhamuutti Waan Dalagamu .......... 61
4.2.5. Sababa Goobeen Adeemsifamuuf .......... 62
4.2.6. Yoomessa Goobeen Itti Adeemsifamu .......... 62
4.2.7. Tapha Goobee Irratti Taphatamu .......... 63
4.3. Qaaccessa Raawwii Sirba Goobee .......... 63
4.4. Raawwiiwwan Sirba Goobee Keessatti Hammatan .......... 81
4.4.1.Tapha Shimalaa Sirba Goobee Keessatti .......... 81
4.4.2. Coqorsa Sirba Goobee Keessatti .......... 83
4.4.3. Farsoo Sirba Goobee Keessatti .......... 84
4.4.4. Eebba Sirba Goobee Keessatti .......... 85
4.4.5. Jajuu / Leellisuu Sirba Goobee Keessatti .......... 86
4.4.6. Abaarsa Sirba Goobee Keessatti .......... 86
4.5. Faayidaa Sirba Goobee .......... 88
4.6. Ga’ee Sirbi Goobee Ijaarsa Eenyummaa Ummata Oromoo Aanaa Kuyyuu Ibsuu Keessatti Qabu .......... 88
4.7. Sadarkaa Sirbi Goobee Amma Irra Jiru .......... 89
BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO .......... 91
5.1. Guduunfaa .......... 91
5.2. Argannoo .......... 92
5.3. Yaboo .......... 93
Wabiilee
DABALEE A Gaaffilee Af-Gaaffii
DABALEE B Gaaffilee Marii Garee
DABALEE C Qabxiilee Daawwannaa
DABALEE D Waraabbii Irraa Gara Barreeffamaa Jijjiiraman
DABALEE E Suuraawwan Addaa Addaa Sirba Goobeettin wal qabatan kan qorataan Kaafaman
DABALEE G Xalayaa Qorataan Waajjira Aanichaatti Odeeffannoo Sassabachuu Agarsiisu.

## Baafata suurawwan agarsisan

Suuraa1፡ Yeroo Hirmaattonni Goobee Gara Mooraa Obbo Tasammaa Sanbatuu Olseenuun Sirban Mul'isu. (Suuraan gaafa guyyaa 16/01/2011)............................................57

Suuraa 2:Yeroo Dargaggoonni Mana  Obbo Tasammaa sanbatuutti qarshii kenneefitti taa'anii waaqa kadhatanii eebbisan mul'isu. (gaafa 16/01/2011) .......................................60

Suuraa3: Yeroo Obbo Tasammaa Sanbatuu warrafi haati warraa bakka tokko ta'aanii irreessa fudhachuuf  qophaa'an agarsiisu. ( gaafa 16/01/2011) ..........................................61

Suuraa 4:Coqorsaa dargaggoonni yeroo sirba goobee itti ittiin eebbifatu kan fiixeen isaa irraa dheedamne gaafa guyyaa 12/01/2011 qorataan kaafame. .......................................84

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Qorannoon kun Raawwii Sirba Goobee qaaccessuurratti xiyyeeffata. Sirbi Goobee Raawwiilee fokloorii keessatti mul'atan keessaa isa tokko ta'e aadaa hawaasaa taateewwan guyyaa guyyaan hawaasni raawwatu amma tokko nicalaqqisiisa. Qabeenyaafi ogummaa dhalli nama jiruufi jireenyaasaa keessatti horate, hedduu keessaa tokko, aadaa, duudhaa, seenaa, hambaaleefi qaroomni har'a mul'atan kun bu'aa dhumaa sammuu hojii ilma namaati. Kunis namni adeemsa jiruufi jireenya isaa keessattiwaan uumuufi kan wal-irraa dhaalu qabaachuu isaati mul'isa. Qabeenyaafi ogummaan dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti horate hedduu keessaa tokko aadaadha. Sabni Oromoo saba aadaa mataa isaa danda'en kan buluudha. Aadaan immoo haalaafi sochii waliigalaa kan hawaasni tokko jireenya ofiiittiin geggeeffatudha. Aadaa jecha tokkoon kana jedhanii lafa kaa'uun rakkisaadha. Dhimma kana ilaalchisee Asaffa (1994:94) yoo ibsu, Aadaan wal-xaxoo beekumsa, amantii, ogumaa, seera, hamiilee, dandeettiifi amala namni tokko akka miseensa hawaasaatti qabudha.Oromoon aadaa, seenaafi eenyummaa isaatif bakka guddaa qaba.Akkasumas kabajaafi jaalala aadaa isaaf qabu. Kabajaafi jaalala aadaafi seenaa isaaf qabu kanas karaa adda addaan ibsatu. Karaa ittiin ibsatan keessaa barsiifatawwan, duudhawwaniifi afoola isaanii keessaa tuquun ni danda'ama.

Akka Godina shawaa kaabaatti gosni sirbaa hedduun kan jiran yoo ta'u, isaan keessaa beekkamoon dhiichisa, kawoo, goobee, sirbi looniifi kanneen birootis kaasuun ni danda'ama. Aadaan Oromoo baayyee bal'aafi jireenya uummataa kan calaqqisiisuu waan ta'eef eenyummaasaati. Eenyummaa, hawaasa tokko aadaan calaqqisiifama. Muuxannoofi beekumsi ogummaan, falasamni haalli jireenya hawaasaa akkaataan nyaataafi dhugaatii, akkaataan sirbaa, akkaataan haasaa, akkaataan uffannaafi kan biroo hundi aadaa hawaasaa tokkoo mul'isa. Kanumaan wal-qabatee aadaa Oromoon qabu keessaa tokko sirba aadaatti. Oromoon Tuulama biratti sirba aadaa keessa tokko sirba goobeetti. Sirbi goobee hawaasa Oromoo aanaa kuyyuu biratti beekamadha.

Raawwiin Sirbi Goobee aartiiwwaan uummatni Oromoo qabu keessaa isa tokkodha. Sirbi Goobee dargaggootan kan sirbamuufi naannoo ykn ollaa irra naana'anii kan sirbamuudha. Kunis dhuunfaa osoo hintaanee gareen kan sirbamuudha. Goobeen sirba ayyaana masqaala

jedhamuun kan beekamuudha. Oromoo Tuulama Salaalee keessatti sirbi Goobee baayyee beekamadha.

Foklooriin Oromoo eenyummaa Oromoo ibsuuf akka qabeenya guddaatti kan ilaalamudha. Foklooriin ummata Oromoof aadaa, ilaalcha amantii, safuufi sona hawaasa Oromoo hunda ittiin ibsachuuf labata haaraaf ittiin dabarsuuf muuxannoofi beekumsa walgonfachisuuf akka meeshaatti kan tajaajiludha. Duudhaan, sirbaa, oduun duriifi haalli dubbii isaanii raacatii jireenya hawaasa durii of-keessaa qaba yaada jedhu irraa argachuuf odeeffannoo argamu qaaccessuudhaan, durdur hawaasni lafa sanarra ture maal akka fakkaatu duuba deebi'anii ilaaluun akka dandahamu dursanii warrii hubatanii itti gargaaramani warra Jarmani. Jacob Grimm (1785-1863)fi Wilhelm Grimm (1786-1859) oduu durdurii walitti qabanii maxxansiisutiin barnoota afoola Jarman keessatti baay'ee beekamoodha. (Dundes, 2007). Qorannoo afoola Ameerikaa keessatti immoo, waa'ee afoolaa keessaa yaad-rimee 'lore' irratti xiyyeeffatu. Qorata Afoola Ameerikaa keessatti, foklooriin qabeenya kanneen hinbaratinii akka ta'etti yaadama ture. Hayyuun xinaadaa (cultural anthroplogy) Ameerikaa Robert Redfield 'folk society'n amala addaa waan qabuuf isaan irratti xiyyeeffatamuu qaba jedha. Akka inni jedhutti, (folk society) baay'ee walfakkaatu; hawaasa garee isaanii ala tahe waliin walitti dhufeenyi qaban baay'ee daanga'aadha; amalaafi ilaalchi isaanii walfakkaatu.

Itti dabaluudhaanis Melakne M (2006:8) immoo "*Every group bound together or by common interest and purposes weather educated or uneducated rular or urban, possessed tradition which may be called it folklore.*" Jedha. Akkuma yaada kanarra hubachuun danda'amutti fokloorii jechuun garee hawaasaa amala wal isaan fakkeessu qaban kan barate yookiin kan hinbaranne, baadiyyaa ta'ee kan magaalaa kan isaan walitti hidhuudha. Kana jechuun hawaasni baratees ta'ee kan hin baratin, baadiyyaas ta'ee magaalaa wanti isaan wal fakkeessu akka jiru ibsa.

Yaaduma kanaan kan walfakkaatu, Haayyuun Alan Dundes (1965:5) akkas jedhee ibsa *"folk can refers to any group of people what's ever, who share at least one common factor.The comman factors create a sense of collective identity, so that any population with such a sense could be regarded as a folk"* jedha. Kanaaf gareen heddu walitti dhufanii wanti isaan wal fakkeessan keessaa muraasni afaan tokko dubbachuu,amantaa tokko waliin hordofuu danda'uu, seenaa tokko waliin qabaachuu, haala jireenyaa isaanii, akkaataa naannoo isaanii ittiin hubatan, hojiin wal-fakkaachuu danda'u. Kanaaf namoonni amaloota olii kana walirraa hiratan fokloorii jedhamanii qorattoota fokloorii biratti beekkama.

Ogafaan kuusaa ogumaati. Yaada kanas Abarraan, (1995) yoo ibsu, uummanni osoo hinbaratiin qabeenya yookiin hambaa inni kuufate keessaa tokko ogafaani jedha. Yaada kana bifa cimsuu danda'uun Asafaan, (2009:20) yoo ibsu, ogafaan umurii dheeraa qaba, ilmoon namaa barreeffamaan of ibsuu osoo hinjalqabiin dura afaaniin yaada isaa ibsachaa ture; kanaaf umuriin ogafaanii umurii afaaniitiiin walqixa jedhamee tilmaama jedha. Kanaafuu, ogafaan qabeenya sammuu hawaasaa keessatti kuufamee jiraatu hambaa dhalootaati jechuun nidanda'ama. Afaan Oromoos barreeffamaan osoo hinjalqabiin dura uummanni Oromoo kan inni aadaa, seera, jibba, jaalala, duudhaafi barsiifatasaa ittiin ibsachaa ture ogafaan isaatiini.

Yaada kana Fedhasaan, (2013), Uummanni Oromoos hawaasa afoolawaati, jechuun ibsa. Kana jechuun immoo, uummanni Oromoo bakkaafi yeroo garagaraatti ogafaan isaatti gargaaramee ergaa dhimma adda addaa dabarfata jechuudha. Haaluma kanaan, uummanni kun ogafaanitti fayyadamee wal barsiisa, safuu karaa qabsiisa, madda, eenyummaafi dhuftee isaa ittiin beeksisa jechuudha, (Addunyaa, 2014). Yaada kana irraa kan hubannu, ogafaan seenaa darbe dhaloota ammaa hubachiisuufi barsiisuuf kan fayyadu ta'uu isaati. Akkasumas, hayyuun armaan gaditti eerame waa'ee ogafaanii yoo kaasu akka kanatti aanee jiru jedha.

Qabeenyaa Uummanni Oromoo horate keessaa inni tokkos ogafaan isaati. Ogafaan Oromoo hambaa ganamaafi calaqqee aadaa Oromooti. Uummanni Oromoo ogafaanitti fayyadamuun haala jiruufi jireenya isaa ibsata. Kana jechuun haala uffannaa isaa, haala ittiin bulmaata isaa, haala warroommii isaa, aadaa hojii, aadaa waliin jireenya maatiifi firaa, aadaa nyaataafi dhugaatii, aadaa qusannaa aadaa sirbaafi kan kana fakkaatan ibsuudhaaf og-afaan Oromoo shoora olaanaa niqaba jedha (Dirribaa, 2005:114-115).

Qorannichi "Qaaccessa Raawwii Sirba Goobee" Godina shawaa kaabaa Aanaa kuyyuu irratti xiyyeeffate. Sabni Oromoo haala jiruufi jireenya isaa keessatti wantoota isa qunnamanifi aadaa isaa ibsatu qabu keessa tokko sirba goobeetti. Sirbi Goobee uummata aanaa kuyyuu biratti jaalatamaafi beekamadha. Goobeen tapha dargaggoos ta'ee ga'eessi yeroo birraan dhufuuf deemuu wal waamee mandara ykn gandarraa naannawaa galgala galgala sirbaniidha. Goobeen aadaa sirna Gadaa wajjiin kan wal-qabatuufi addan bahuu hindandeenye. Sirbii goobee kunis kan sirbamu torbaan qaammee irraa eegalee hanga guyyaa masqalaatti keessattuu gaafa guyyaa masqalaa abdaarii irratti sirriitti sirbama.

Fokklooristiin Ameerikaa Dundes (1965) waan foklooriin of keessatti hammatu gara gosoota jahaatamaa tarreesseera. Sims and Stephens (2005:8) akka ibsanitti, foklooriin karaa idileen waa'ee addunyaa, mataa ofii, hawaasichaa, Amantii, Aadaa, duudhaa ofii jechuun,

muuziqaan, gochaan, barsiifata beekumsa waliin baratamu akka ta'e eeru. Akka kanaan fokloориin dudhaafi aadaa hawaasaa bara baraan dhaloota irraa dhalootatti daddarbuudha. Sochii Aartii qaamaa Oromoon qabu baayyee keessaa qorataan kallattummaan qaaccessa raawwii sirba goobee Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuu qaaccessuu irratti kan xiyyeeffachuun dalagame.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Uummanni Oromoo bali'na lafa biyyatti caalmaan qabatee akka jiru qorannoon kanaan dura taasifaman nimuli'sa. Oromoon aadaa bal'aafi boonsaa ta'e qaba. Garuu aadaa kana haalan qorachuun qabeenya uummata kana tursiisu irratti qorannoon nihafa. Sabni Oromoo Itoophiyaa keessatti uummata guddaafi aadaa,seenaa gabbataa of-keessaa qabuudha. Haa ta'uu malee haala bal'ina isaatiin qorannoon gama aadaafi seenaa isaa irratti geggeeffame quubsaa miti.

Namootni muraasni itti guuttata digirii jalqabaafi lammaaffaaf qorannoo fokloorii Oromoo afoola gama adda adddaan xiinxalaniru. Haa tahu malee, qorannoon duudhaa Oromoo, keessatu Raawwii Sirba Goobee waliin walqabatee hangan dubbiseeti qorannoon geggeeffame hinjiru. Kanuma bu'uura godhachuun qorannoon kunis kan adeemsifame, firiiwwan fokloorii kan xiyyeeffannoo hinargatiin keessaa qaaccessa Sirba Goobee Bu'uureffata. Sababni guddaan qorataan qorannoo kana mata duree kanarratti akka qorannoo geggeessu kakaase, uummanni Oromoo aadaafi duudhaa mataa isaa kan adda isa taasisu ni qaba. Isaan keessa tokko sirba Goobeeti. Sirbi Goobee ammoo dhalootarraa dhalootattii og-afaaniin darbaa turuun beekamadha. Uummanni Oromoo yeroo dheeraaf afaan barreeffamaa osoo hintaane afoolatti fayyadamee, seenaafi sona aadaa isaa kan ittiin dhaloota dhalootatti dabarsata ture.

Gosoota afoolaa keessaa Raawwii Sirbi Goobee kun hawaasa aanaa kuyyuu biratti beekamaafi yoomessa matasaa kan qabuudha. Yeroo sirbi goobee kun aanaa kana keessatti adeemsifamu akkuma abbooti keenyaa isaan duritti jechuun hindanda'amu. Sirbi goobee kun yeroo ammaa kana sababa adda addaattin afoolumaan isaa kun hir'acha dhufee. Anis afoola qorannoon irratti adeemsifamee kallattiin fuulduraa qaama qorannoo irratti hojjechuu danda'aniif yoo taa'eefi bifa barreeffamattin qindaa'e bu'aa buusa jedhee amana. Kanaafuu qoratichas kakaasuu kan dandaa'e haala sirbi goobee yeroo ammaa irra jiru. Haaluma kanaan qoratichis aadaan kuniifi namoonni aadaa kana beekan osoo hindarbiin waa'ee sirbichaa walitti qabuun dhalootaaf kaa'uuf kaayyeeffachuun qorannoo kana adeemsisee jira.

Gabaabummatti, qorataan sababoota armaan olii bu'uura godhatee Raawwii Sirba Goobee Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuu keessatti maal akka fakkaatu ilaaluuf qorannoon kun gaaffilee armaan gadiitiif deebii barbaadee jira.

1. Sirbi Goobee haala garaa garaa keessatti akkamiin dhiyaata?
2. Hirmaattonni  Raawwii sirba Goobee Keessatti hirmaatan eenyu faadha?
3. Ergaan Sirba Goobee  keessatti darbu maal maali?
4. Gahee sirbi goobee hawaasa keessatti qabu jira ?
5. Rawwii Sirba goobee keessatti wantootni barbaachisan maalfa'i?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

#### 13.1. Kaayyoo GoorooQorannichaa

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa Raawwii sirba Goobee aanaa kuyyuu qaaccessuudha.

#### 1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa

Kaayyoolee gooreen qabxiilee armaan gadii bu'uura godhate qorannichi geggeeffama.

1. Haala dhiyeenya Sirba Goobee Godina Sh/K/ aanaa kuyyuu xiinxaluu;
2. Hirmaattota Sirba Goobee Godina Sh/K/  aanaa kuyyuu xiinxaluu;
3. Ergaa Sirba Goobee  xiinxaluu;
4. Gahee Sirbi Goobee Godina Sh/K/ aanaa kuyyuu Hawaasa keessatti qabu xiinxaluu;
5. Raawwii sirba Goobee Godina Sh/K/ Aanaa Kuyyuu xiinxaluu.

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu akkasumaan osoo hintaane bu'aa mataa isaa kan qabuudha. Kanaaf qorannoon adeemsifamu kunis uummata Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuu jiraataniifi kan biroof faayidaa guddaa qaba.

Walumaagalatti Firiin qorannicharraa argamus bu'aawwan kanneen qabata.

- ✓ Akkaataa raawwii Sirba Goobee aanaa kuyyuu afaaniin dhalotaa dhalootatti darba ture gara barreeffamaatti asi fiduun akka galmeeffamee dhaloota dhufuuf turu gochuu,guddinaafi dagaagina barreeffama Afaan Oromoof gumaata lachuuf gahee guddaa qaba.

- ✓ Dhaloonni haaraa qorannichaa mana kitaabaa uummataa aanichaa keessaa dubbisuudhaan jechaafi gochaan shaakalanii muuxannoo sirba goobee akka horatan gargaara jedhamee yaadama.
- ✓ Ummanni Oromoo maalummaa sirba goobee naannoo kanaa kan beekaniis ta’ee kan hin beekiin akka hubataniif deeggarsaafi hordoffii barbaachisu aadaa isaanii irratti akka taasiisan ni kakaasa.
- ✓ Sirbi goobee dagatamaa jiru hawwaasa keessatti deebi’ee akka yaadatamuuf.
- ✓ Kana malees qoratamuun qorannichaa sirbi goobee kanaa namoota mata duree kanaan wal-fakkaatu irratti qo’annoofi qorannoo geggeesaniif akka ka’umsafi madda odeeffannootti ni gargaara.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoo tokko geggeessuuf qorataan daangaa mataa isaa kaawwachuun dirqamata’a. Haaluma kanaan qorataan kun osoo gosoota fokloorii keessaa tokko fudhatee irratti hojjatee bu’aan irraa argamu bal’aadha. Haa ta’u malee sababa mallaqaa, yeroofi humna jiru irratti hundaa’uudhaan qabiyyeefi bakkaan daangessuun mata duree qorannichaa Qaaccessa Raawwii Sirba Goobee Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuu irratti xiyyeeffachuun daangeffame. Bifuma kanaan daangaa qoranichaa keessatti Raawwii Sirba Goobee maal akka fakkaatu, hirmaattonni sirba goobee eenyufaa akka ta’an adda baasuu, wantoota sirba goobeef barbaachisan adda baasuu, barbaachisummaa sirba goobee adeessuu, sirbi goobee sadarkaa maalirra akka jiru adda baasuufi gahee sirbi goobee gama siyaasaan qabu kaasuun tokko tokkoon kaasee ibseera.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti hanqinaaleen qorataa mudatan jiru. Isaanis, yeroo qorannicha hojii idilee faana waan ta’eef haqinni yeroo, gorsaa irraa fagaachuufi rakkoon maallaqaa qorataa mudachuu danda’eera. Akkasumas, naannoon hojii idilee qorataa Godina Addaa Oromiyaa Naannawwa Finfinnee Aanaa Sabbataa Awaas waan ta’eefi iddoon qorannichi itti geggeeffame immoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuu waan ta’eef odeeffannoo funaannachuu irratti hanqinni yeroo mudachuu danda’eera. Kana malee yeroo baadiyyaa keessa hojii qorannichaaf dirreetti bobba’uu kitaabolee wabii gahaa ta’e argachuu dhabuufi meeshaa suur-sagalee ittiin waraabadhu bakka chaarjii godhatu dhabuun hanqina guddaa ture. Kitaabilee wabii adda addaa haala barbaachisaa ta’een argachuu dhabuu, hojii hojjechaa qorannoo kana yeroon geggeessu hanqina yeroo irraa kan ka’e karooraan deemuu

dadhabuufi kan kana fakkaatan. Yeroon daawwanna geeggessu sirbi goobee akka durii tartiiba isa eege hojiirra oola jiraachuu dhiisuufi yeroo ammaa kan hojiirra oola kan jiran sirboota kanneen biroon walitti hidhachuun mudateera. Inni jirus gara ammayyaatti jijjiiramaa dhufuun qoratichaa hanqina ta’aniiru.

Ta’uyyuu, hanqinni kun yoo mudateyyuu galma ga’iinsa qorannichaa akka hin gufachisaniif furmaata kennuun barbaachisaa waan taheef obsaafi gara bal’inaan gaaffiilee qorannoofi guca daawwannaaf qophaa’etti fayyadamuudhaan hanqinaalee kunneen irra tarkaanfatamee ragaan barbaachisu haala barbaadamuun walitti qindaa’ee qaacceffameera.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun qaacceessa Raawwii Sirba Goobee irratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u, qorannichis Boqonnaalee Garaagaraatti Qoqqoodamee Dhihaatee Jira. Haaluma Kanaan, Boqonnaan Tokkoffaan Seenduuba, Ka’umsa, Kaayyoo, Barbaachisummaa, Daangaa, Hanqina Qorannoofi Haala jireenyaa hawaasa naannoo qorannichaa of jalatti hammata. Boqonnaa lammaffaan ammoo, yaada haayyonni dhimma kana ilaalchisanii lafa kaa’an kanneen adda addaa sakatta’uun, bakka itti dhiyaatedha. Boqonnaa sadaffaan, mala qorannichaa kan qabatu yoo ta’u, boqonnaa arfaffaan ammoo, ragaalee jiran dhiheessuu, qaaccessuufi ibsuu qabata. Boqonnaan shanaffaafi inni xumuraas cuunfaafi yaboo of keessatti hammata.

## 1.8. Haala Waliigala Naannoo Qorannichaafi Jireenya Uummataa

Qorannoon kun kan adeemsifame Naannoo Oromiyaa, Godina,Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuu, Magaalaa Garba Gurraachaa jedhamuun kan beekamtu, yoo ta’u Finfinnee irraa kiloomeetira dhiibbaa tokkoofi shantamii ja’a (156) kan fagaatudha. Aanaan Kuyyuu Aanaalee godina shawaa kaabaaatti argaman keessaa ishee tokkoodha. Magaalaa guddiitti godina Fiicheerraa kiloomeetira afurtamii afur (44) fagaattee argamti. Aanooleen Anaa kuyyuu kan daangessan Karaa Kaabaatiin-Aanaa Hidhabuu Abootee. Karaa Kibbaatiin-Godiina Shawaa Lixaatti Aanaa Meettaa-Roobiifi Aanaa Adaa'a-Bargaa. Karaa Bahaatiin-Aanaa Dagam. Karaa Liixaatiin-Aanaa Warra Jaarso ofi Godiina Shawaa Lixaatti Aanaa Ginda-Baratiin daangeffamti Daandii keessa keessaa cirrachaa kan qabduufi Daandii guddaan asfaaltii Finfinnee gara naannoo Amaaraa deemu kiilometira 879 ta’u aanicha addan kutee keessa darba.

Akka odeeffannoon Waajjira Aadaafi Tuurizimiifi waajjirra maanguddota Aanaa Kuyyuu irraa argametti, Maqaan aanichaa “Kuyyuu” jedhamuun mogaasa kan argate waan tokko tokko irraa ka’eeti jedhama. Kunis akka maanguddoonni muraasni jedhaniti ’haati arfan, Diiramu maatii ishii hojiif bobba’an keessaa ilmi quxusuun duubatti waan hafeef obsa dhabdee ala baatee eegaa turtee. Dhumaratti galgalessee waan dhufeef karraratti simattee ‘naadhufte kuuyyisa koo’ jette, mormatti waan maramteef, guyyuma san maqaa kuyyuutiin waaman’’ Jechuun achirraa ka’ee moggaafame jedhu. Magaalaa guddoon aanaa kuyyuu Garba Gurraachaa jedhamtee kan beekamtuufi Magaalaa Finfinnee irraa fageenya Km 156 Sarara Finfinnee gara Goojjaam adeemuu irratti argamti. Magaalaan kun kan hundeeffamte Bara 1928 dha.

Walumaa galatti Aanaan Kuyyuu Aanaa sabafi sablammii adda addaa amantii mataa isaanii qaban keessa jiraatu. Uummanni aanaa Kuyyuu keessa jiraatu aadaa Oromoo hedduu isaa kabajaa hanga yoonaa gahe. Nyaata aadaa aanichaa ittin beekamu, qiixxamarqa, qincee, ittittuu, marqaa, caccabsaafi kan kana fakkaatuu hedduu qabdi. Akkasumas iddoo tuurizimiif ooluu Birbirsa Raajii jedhamu akka fakkeenyaatti kaasuu dandeenya. Akkasumas aanaa kuyyuu mana barumsaa qophaa’inaa 1, sadarkaa lammaaffaa 4fi sadarkaa tokkooffaa 1-8, 59, Olmaa Da’immanii 6 kan qabduufi uwwisni barnoota %96.8 dha. Gama Fayyaan immoo akka ragaan waajjira Fayyaa aanaa kuyyuu bara 2010 ibsutti Keellaa fayyaa 23, kilinika giddu galeessa 2, hospitaala 1 qabdi. Ummanni aanichaa amantii Waaqeffataa, Ortodooksii, proteestaantiifi muslima duukaa bu’a. Haaluma kanaan akka ragaan waajjira kominikaashinii Aanaa kuyyuu ibsutti, Waaqeffataa % 13.6, Ortodooksiin % 80.6, Pirotestaantiin % 5.9, Muslima % 0.3, Kaatoolikii %0.35 fi Kan biroo% 0.6 nita’u

*(Maddi:-Waraqaa hinmaxxanfamne kan Waajjira Aadaafi Tuurizimii aanichaa )*

Aanaan kuyyuu akka ragaan ejensii istaatiksii biyyoolessaa tilmaama baay'ina uummataa Aanaa Kuyyuu Bara 2010 Lakkoofsa Ummataa bara 1999A.L.I irraa projeekshinii hojjatamee. Uummataa Magaalaa Dhi. 18,563 Dub. 18,662, Ida'ama 37,225. Uummataa Baadiyyaa Dhi. 66,530, Dub. 67,098 Ida'ama133,628, waliigala baay'ina uummataa Magaalaafi Baadiyyaa Dhi. 85,093, Dub. 85,760, Ida'ama 170,853, Dhi.87652 Dub. 90760, Ida’ama 178, 412 qabdi.

*(Maddi:- Waraqaa hinmaxxanfamne waajjira bulchiinsa aanaa kuyyuu* )

Argamni aanaan kuyyuu magaalaa guddoo Oromiyaa kan taate Finfinnee irraa kallattii kaabaatii argamti. Magaalaa guddoon aanaa kanaa Garba Gurraachaa. Magaalli Garba Gurraachaa Finfinnee gara kaabaatti fageenya kiilometra 156 irratti argamti. Haalli qilleensaa aanattii Badda-daree %50.7, Baddaa %33.8, Gammoojjii %15.3fi Roobni waggaatti gidduu-galeessaan mm 1,253.84, Ho'insa gidduu-galeessaan 23.7-30.6 Olkaa'insa Lafa tartii garbaa olitti (1028m-3000m) tti

### 1.8.1. Diinagdee Uummata Aanichaa

Bal'inni aanaa kanaa hektaara 97,400 yoo ta'u, Bulchiinsi Aanaa Kuyyuu caaseeffama jiruun gandoota baadiyyaa 23fi gandoota magaalaa 3, Akkaasumaas Bulchiinsa Magaalaa 2 qabdi. Gurmaa'insa Gandaafi Gandaa gadii Sadarkaa Baadiyyaa Zoonii 69 Garee Misoomaa 661fi tokkoo shanee 3305fi Magaalati Goxii 12fi Garee Misoomaa 182 akkasumas tokkoo shanee 910 qabduufi Bal'inni lafa aanaa kuyyuu qabdu Lafa Waliigalaa Heektaaran 97,400 yoo ta'uu, Lafa Qonnaaf oolee Heektaara Lafa waliigala jiruu irraa %'n 60.2, Lafa dheedumsa Heektaara Lafa waliigala jiruu irraa %'n 14.7, Lafa Bosonaafi garreen Heektaara Lafa waliigala jiru irraa %'n 11, Lafa Ijaarsaaf oolee Heektaara Lafa waliigala jiruu irraa %'n 7.5, lafa faayidaa hin kenninee Heektaara Lafa waliigalaa jiruu irraa %'n 6.7 ta.a.

(*Madda Waraqaa hinmaxxanfamne* Waajjira misooma qonnaafi Lafa Aanichaa)

## 1.9. Hidda dhalootaafi Qubsuma Oromoo Aanaa Kuyyuu

Hidda dhaloota Oromoo keessatti gosoonni Oromoo Tuulama hedduudha. Oromoon hundee tokkichummaa uummata isaa ganamaa irraa eegalee wal-horee guddachaafi lataa deemuudhaan sadarkaa sabummaa ammaa irra jiru irra gahee jira. Oromoon Saboota Kuush keessaa isa bal`aafi Uummata qabiyyee lafa guddaa irra dagaagee jiraatudha. Haaluma bal`inaafi guddina Uummataan Oromoon gosoota hedduu qaba. Tuulamni gosa handhuura Itoophiyaa keessa jiraatanidha. Tuulamni Damee akka Daaccii, Bachoofi Jillee of jalatti hammatedha. Tuulama keessatti gosti beekaman tokko Bachoo jedhama. Bachoo qomoo guddaa ta'ee gosoota gurguddoo ja'aaf mana diigdamii sagal qaba. Gosti Bachoo ja'an Iluu, Uruu, Meettaa, Garsuuf, Waajituufi Keekuu jedhamu. Gosa Oromoo Bachoo keessaa ammo Aanaa kuyyuutti kan argaman keessa Uruu yoo ta'an, Uruun ammo mana Hidhabuufi mana Diiramu qaba.

## 1.10. Caasaa Hiddaa Dhaloota Oromoo Tuulama

- Horoo
  - Oromoo
    - Boraana
      - Tuulama Sadeen
        - **Daacii-3**
          - Galaan -6
          - Oboo -7
          - Sooddo -3
        - **Bachoo-6**
          - Illuu-3
          - Meettaa -8
          - Garasuu -9
          - Waajituu -9
          - Keekuu -5
          - Uruu -9
        - **Jiillee -6**
          - Goonaa -12
          - Guusa -5
          - Looyyyaa -3
          - Warree -3
          - Siibaa -5
          - Gindoo -7

**Tuulama**

⇩

**Bachoo-6**

⇩

| **lluu-3** | **Garasuu-9** | **Meettaa -8** | **Keekuu-2** | **Uruu -9** | **Waajjitu-9** |
|---|---|---|---|---|---|
| Billi | Daada | Amuumaa | Dulla | **Mana Hidhabu** | **5Mana Alii** |
| Farachoo | Galaan | Kuyyuu | Saalloo | Baantuu | Isawwaa |
| Areerii | Maakfataa | Walaqoo | | Ariiroo | Idooroo |
| | Tuutii | Suubba | | Abbaadhoo | Calanqoo |
| | Anxuuree | Buuyyama | | Nya’aa | Gabbaloo |
| | Maalimaa | Aagaa | | Waajjuu | Abbaay’ee |
| | Liiban | Akkayyuu | | **Mana Diiramu** | **4Mana Habadhii** |
| | Maammoo | | | Amuumaa | Yaayyaa |
| | | | | Dhaaye | Daarimu |
| | | | | Darroo | Deenyuu |
| | | | | Kuyyuu | Ittayyaa |


Madda Ragaa *(Alamaayyoo, 2007:22-24)*

**Mana kuyyuu**

| Hacoo (7) | Kura (6) | Aabbu (7) | Ilaamuu(7) |
|---|---|---|---|
| 1. Waacuu | 1. Akaalee | 1. Carrawaa | 1. Bfutaa |
| 2. Ricoo | 2. Kooyyee | 2. Cilaallo | 2. Masqalii |
| 3. Sanbatoo | 3. Gosee | 3. Sunbee | 3. Guttee |
| 4. Amuuma | 4. Wuyyee | 4. Bukoo | 4. Mana |
| 5. Gonbooloo | 5. Daawee | 5. Idaanaa | 5. Waliyee |
| 6. Ejeree | 6. Mogoroo | 6. Horo | 6. Heebanoo |
| 7. Subuqu | | 7. Halilo | 7. Mana Hallee |

Maddi:- *Waraqaa hinmaxxanfamne waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Kuyyuu*

Kaartaan Itiyoophiyaa, Godina Shawaa Kaabaafi Aanaa kuyyuu  agarsiisuu




Maddi:- Waajjira Bulchiinsa Aanaa Kuyyuu

# BOQONNAA LAMA: SAKATTTA’A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti akaakuu fokloorii Oromoo keessaa Qaaccessa Raawwii Sirba Goobee xiinxaaluuf ragaaleen nigargaaru jedhaman fudhatamanii kutaa adda addaatti qoodamuun dhiyaatanii jiru. Qo’annoofi qorannon adda addaa qo’annoo kana waliin wal siman boqonnaa kana jalatti sakatta'amu.Maalummaa fokloorii, maalummaa duudhaa Oromoo, ayyaana, maalummaa sirba goobee faayidaa sirba goobee, Raawwii sirba goobee, Jijjiiramaafi itti fufiinsa sirba goobee, akkasumas dayeessota adda addaa, aadaa duudhaafi hawaasummaa Oromoo irratti qo'annoo adda addaa yaadrimee ijoo sirba goobeefi barruuwwan walfakkii sakatta’amaniiru

## 2.1. Fokloorii

Maalummaa fokloorii ibsuuf hiika dhaabbataa ta’e tokko kennuun rakkisaadha. Kana irraa kan ka’e beektonni garaa garaa hiika mataa isaanii kennanii jiru. Kanas jecha fokloorii jedhu bakka lamatti qooduun hiika mataa isaanii laatu. Kunis ‘folk’fi ‘lore’ jechuun adda baasan. Fkn, William Thom’s jechi ‘folk’ garee hawaasaa walfakkaatani akka ta’eefi jechi ‘lore’ jedhu immoo qabeenya garee hawaasaa akka ta’e lafa kaa’ee jira. Kunis ‘folk’-n gareen hawaasaa qonnaan bulaa barnoota ammayyaa hinqabne akka ta’ee ibse

Hiikaa fokloorii irratti hayyuun Tomson(1946), yommuu hiiku, fokloorii n jecha lama kan ‘folk’ fi ‘lore’ jedhu irraa kan dhufe ta’ee, 'folk' jechuun uummata baadiyyaa kan waa’ee barnootaa hinbeekne, mana moofaa, gamoo durii, hambaaleewwan seenaa kan duriirraa eegalanii hawaasni dur itti gargaaramaa ture kan yeroo ammaa kana gahe wajjiin walfakkeessa. 'Lore' jechuun immoo beekumsaafi qabeenya hawaasni garee tokkoo waliin qaban jedhee lafa kaa’a.

Yaada kana kan deeggaru Dorson (1972:17) waa’ee fokloorii “folklore is an echo of the past, but at the same time it is also the vigorous of the present,” Jechuudhaan fokloorii n owwaannaa yeroo darbeefi haala yeroo ammaatiif waan hedduu akka gumaachu ibsa. Hayyoonni hedduun maalummaa fokloorii akkaataa hubannoofi fayyadama isaanii irratti hundaa’u hiika adda addaa itti laachuu yaalaniiru.

Fokloorii ilaalchisee hiikni murtaa’aan lafa kaa’ame hinjiru. Haa ta’umalee, Kitaabotni adda addaa waa’ee fokloorii hiika adda addaa lafa kaa’aniyyuu, hiikni isaan kennan kun walfakkeenya qabu.

*Folklore is the social, material and oral culture of primitive societies. The social culture comprises such forms as festivals, dances and religious rites. The material culture comprises architecuture and art and crafts. The oral culture includes songs, tales, legends, proverbs and riddles (Isaacs, 1981: 457)*

Yaada kanarraa akka hubatamutti fokklooriin hawaasummaa, meeshaalee hambaafi afoola hawaasa walii galaati. Aadaan hawaasaa kanneen akka taphoota adda addaa, shubbisa, hojiiwwan amantaa kan hammatu, meeshaan aadaa immoo, ogummaawwan ijaarsa garagaraafi akkasumas afoolli hawaasaa faaruuwwan, durduriiwwan, af-seenaa, mammaaksafi hibboo kan of-jalatti qabudha.

Akka yaada hayyoota kanaatti fokklooriin qabeenya hawaasaa ta'ee kannee namoonni durii kan hinbaratin itti fayyadamaa turee adeemsa jijjiiramaa keessa har'a gahee hawaasni yeroo ammaa bifa ammayyaa'aa ta'een itti gargaaramaa jiru jechuudha. Akkasums beekumsa namni hinbaranne durii eegalee itti fayyadamaa har'a gahe akka ta'e Dundes(1965:121) haala gaariin ni ibsa.

*Folklore includes myths, legend, folktales, joks, proverbs, riddle alcharms, blessing, curses, oaths, insults, reforts, taunts,teases, toat s, toungue twister & greating & leaves talking formulsIt also inclu des fol folkcostume, folk dance, folkdrama, folk artfolkbelief or superstation,folkmedicine, folk instrumental music eg. riddle tunes folk songs…"* jecuun ibsa.

Akka hayyuun kun kaa'etti fokklooriin adeemsa jiruuf jireenya ilmaan namaa keessatti wantoota raawwatamaa tureefi ammas raawwatamaa jiru kanneen akka duudhaa hawaasaa, aartii duudhaa, hurruubummaa, qorsa aadaa uffata aadaa akkaataa walgargaarsaa, himtee, hiibboo, mammaaksa, baacoo, diraamaafi kan kana fakkaatan kan hawaasni jireenya guyyaa keessatti itti fayyadamaa turaniifi ammas itti fayyadamaa jiran wajjin walqabata.

Dhalli namaa hundi wantoota walitti isaan hidhan yookiin wal isaan fakkeessan kan barates ta'ee hinbaratiin, baadiyyaas ta'e magaalaa qaamni aadaa walitti isaaniin hidhu fookloorii jedhamuu akka danda'uudha. Kana jechuun, hawaasni kamiyyuu waan isaan walfakkeessu kan qabaniifi hawaasa barateefi hinbaratin akkasumas, magaalaafi baadiyyaan kan hin daangeffamne ta'uu isaa mirkaneessa.

*Folklore is informally learned, unofficial knowledge about the world, our selves, our communities, our belief, our cultures, and our taditions that is expressed creatively through words, music customs, actions, behaviors and materials. It is also the interactive, dynamic process of creating, commnnicating and performing as we share that knowledge with other people (Smis and Stephens, 1965:12).*

Akkuma yaada aada armaan oliirraa hubatamu, fookilooriin osoo itti hinyaadiin kan baratamu, beekumsa dhaabbataa kan hintaane, waa'ee addunyaa, waa'ee keenya, waa'ee uummata keenyaa, waa'ee amantaa keenyaa, waa'ee aadaa keenyaafi barsiifata keenyaa jechatti, muuziqaatti, gochatti, amalaafi meeshaaleetti gargaaramuun ogumaa hawaasaa kan ibsudha. Akkasumas, wlitti hidhatinsafi raawwiin beekumsa waljijjiiruu keessa uumamaa kan deemu dha.

Foklooriin namoonni walitti dhufeenya uummanii jireenya isaanii keessatti afaanin kan dabarsan yookiin seenessan jechuu dandeenya. Karaa biraatin foklooriin adeemsa muuxannoo jireenyaa keessattii ummanni kan dabarse kan waliif seenessu, kan ittiin walii galu, naannoo keessa jiraatu kan ittiin ibsatu, falaasama isaa kan ittiin gaggeessu, amantii isaa kan ittiin calaqqisiisu, waan gaariifi gadhee dabarse kan ittin ibsataniidha.

Haaluma kanaan Asafaa (2009)fi Misgaanuun (2011) yoo ibsan, foklooriin afoola jedhamuu akka danda'u ibsanii fokloorii afoola yoo jedhu afoolaan immoo ogafaan jechuun ibsan. Haaluma wal fakkaatuun, Grahamfi Gunner (1995:1) waa'ee ogafaanii kana yommuu ibsan *"Oral literature plays as a dynamic discourse about society and about the relationships between individuals, groups and classes in society,"* jedhu. Yaada kanarraa kan hubachuu dandeenyu, ogafaan haasaa yookiin dubbii humna qabu kan waa'ee hawaasaafi hariiroo namoota dhunfaa, gareewwan hawaasaa gidduu jiru irratti kan xiyyeeffatu akka ta'eedha.

Yaaduma kana haala cimsuu danda'uun, Wasaneen (2000:156) akka jedhutti, "Ogafaan afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbu hambaa uummataati" jechuun ibsa. Yaada kana irraas kan hubannu, aadaan, duudhaan, amantiiniifi kan kana fakkaatan karaa ogafaaniin darbanii akka as ga'aniifi ammas darbaa akka jiran, akkasumas, isaanumti immoo deebi'anii hambaa akka ta'aniidha.

Dabalataanis, Finnegan (1970:16) akka ibsitutti, "*Oral literature is unwritten or sometimes popular or tradition literature*" jetti. Kanarras hubannu, ogafaan ogbarruu hinbarreeffamiin yookiin barsiifata barreeffamaan ala ta'ee kan afaaniin daddarbu ta'uu isaati. Yaaduma kana ilaalchisee, Masfin (1995) yoo ibsu, ogafaan akkaataa miidhagina qabuun afaanitti tajaajilamanii yaada, fedhii, amantiifi falaasama qaban akkasumas, dhugaa jireenyaa hawaasaa ibsuu kan danda'uu jedha.

Yaadota kana irraa wanti nuti hubannu, ogafaan eenyummaafi ilaalcha sabaa haala beekumsaa, seenaafi qarooma uummataa kan agarsiisu mallattoo sabni tokko saba biroorraa

adda ba'ee ittiin beekamuudha. Akkasumas, ogafaan gooroo fokloorii keessaa tokko ta'ee kan hawaasni yeroo dheeraa beekumsa, aadaa, safuufi kan kana fakkaatan kan keessatti kuufataa tureefi har'as keessatti kuufachaa jiruufi calaqqee muuxannoowwan hawaasa hedduu ta'uusaati. Wantootni fokloorii hammatu haala raawwii wantootaa, haala hawaasummaa, duudhaa, jilaafi sirna isaa, amantaafi sagada, sirbaafi faaruu, dubbii qoolaafi jechama, ciigooofi afoolawwan adda addaafi kan kana fakkaatan jechuun tarreessu. (Dorson, 1972:1)

Bukenyan (1994) akka ibsutti ogafaan haala jireenya hawaasaa tokkoo kan murteessuufi kuufama beekumsaa kan hawaasni fuulduratti fuudhee deemuudha. Hawaasni ogafaansaatiin muuxannoo jiruufi jireenyaa, duudhaa, rakkoo jireenya keessatti isa mudate ittiin ibsata. Kana malees, muuxannoo hawaasni durii keessa darbe isa amma jiruuf malli ittiin qaqqabu ogafaaniin. Ogafaan aadaa uummata tokkootti lubbuu horee umurii dheeraa akka qabatu taasisa.

Walumaagalattii fokloorii adeemsa hawaasni tokko walii jireenya keessatti waan isaan wajjiin qaban sana yoomessa uumamaa keessatti aadaa kunuunsuun dhalootarraa dhalootatti bifa bareedaa ta'een dabarsee har'aan ga'e boruufis akka kaawwatu adeemsa mataa isaa danda'e qaba jechuudha.

### 2.1.1. Gosoota Fokloorii

Fokloorii gosa meeqa akka qabu beektooni yaada mataa isaanii nikaa'u. Kanas amala dhuunfaafi hiika/ibsa fokloorii qabu irraa ka'uun fokloorii bakka hedduutti qoodu Hayyuuwwan fokloorii akkaataa hubannaa isaanii irratti hundaa'un garee adda addaatti qooduuf yaalaniiru. Isaacs (1981:451) fokloorii haala kanaan qooda, "*Folklore is the social, material and oral culture of primitive societies. The social culture comprises such forms as festivels, dance and religious rites.The material culture includes songs, tales, legend, proverb and riddle" j*echuun ibsa.

Fokloorii damee heddu kan qabuufi damee adda adda of-jalatti hammachuu agarsiisa. Kunis aadaa hawaasaa, amantaa, sirba, oduu durii, mammaaksa, hiibboo jechuun meeshaalee hawaasaafi duudhaa hawaasaa kan afaaniin qoodamuudha. Haayyuun Okpeho(1992), gosoonni fokloorii raagowwwan, af-walaloofi kanneen unkaa gaggabaaboo qaban jedhee qooda. Kanuma irra ka'uun fokloorii dameewwn adda addaa qabaachuu isaa hayyuun

Dorson(1972), itti dabalee iddoo afuritti qoodee lafa kaa'a. Isaanis, Afoola, Meeshaalee aadaa, duudhaa hawaasaafi aartii hawaasaati.

Walumaagalatti fokloorin adeemsa jiruufi jireenya dhala namaa keessatti sirnoota garagaraa irratti raawwataman hundi fokloorin walqabatanii bifaafi amala isaan qabaniifi waan isaan oolaniif irratti hundaa'un iddoo afuritti qoodamuu isaa hubanna.

### 2.1.1.1. Afoola

Yaad-rimeewwan afoola jedhu keessatti qorannoowwan fokloorii ogafaan (oral literature), oguma hawaasaa (folk art), fokloorii afaanomaa (oral literature), ogbarruu hinbarreeffamin (unwritten literature) barsiifata afaanomaa (oral tradition)kan kana fakkaatan jedhamuun waamamaa kan ture damee foklooriiti. Afoolli waggoota dheeraadhaaf beekumsa sammuu dhala namaa keessaa madde yaadachuun namoota birootti himafaaniin, mammaakuun yookan yeedalleessuun oguma dhalootaadhalootatti darbaa dhufe. Ogumi kunis falaasama hawaasichaa, aadaa, haala jireenyaa, duudhaa, barsiifata hawaasaa, seenaa, wantoota jireenya keessatti nama muudataniifi kan kana fakkaatani. Ilaalchisuun oguma ittiin dabarsaniifi beeksisanidha. Dhalli namaa bara lafa kanarra jiraachuu eegaleefi bara oguma barreessuu eegale walbira qabuun yoo ilaallame, ogumi barreessuu bu'aa yeroo dhihooti.

Ogumi barreeffamaa osoo hin eegaliin dura, aadaa, duudhaa, barsiifataalee, haala jireenyaa kan kana fakkaatan dhaloota lufuufi dhufutti dabarsaa kan ture afoola fayyadamuuni. Akka yaada kanaatti afoolli muuxannoo hawaaasaa adeemsa bu'aa ba'ii jireenyaa keessatti uumameefi hawaasichi dhimmoota adda addaatiif itti gargaaramu dha. Kana malees, ogumi afoolaa oguma barreeffamaa caala umurii dheeraa kan qabu ta'uu agarsiisa. Haaluma walfakkaatuun, Afoolli dhimmoota hawaasummaan walqabatan irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, afaanoma bu'uura godhachuun sammuutti qabachuufi yaadachuun dhalootaa-dhalootatti kan darbu damee foklooriiti. Finnegan (1970:14)

### 2.1.1.2. Meeshaa Aadaa

Meeshaan aadaa akaakuuwwan fokloorii keessaa tokko ta'ee, wantoota ijaan argaman, harkaan qaqqabaman, arrabaanis dhamdhamamaniifi qabatamaa ta'an of-keessatti hammata. Kanamalees meeshaaleen aadaa falaasama hawaasa tokkoo, seenaa, amantaa, aadaafi kan kana fakkaatan, bu'uureeffachuun oguma hawaasichi baroota keessatti goonfateen kan hojjetamaniifi dhalootaaf dabarsamanidha. Yommuu darbu kanas oguma hawaasichi aadaa meeshaa tolchuufi fayyadamuu irratti qabu karaa al-idilee daawwachuun, yaadachuufi

hojjechuun dhalootaa lufurraa dhaloota dhufutti darba. Yaaduma kana Woodward (2007:3) yoo ibsu, "*The term 'material culture'emphasises how apparently inanimate things within the environment act on people, and are acted up on by people, for the purpose of carrying out social functions, regulating social relations and giving symbolic meaning to human activity"* jedha. Akka yaadni kun agarsiisutti, jechi meeshaa aadaa jedhu kan xiyyeeffatu, akkamitti akka meeshaaleen uummataan tolfamaniifi uummataaf tajaajila garaagaraa kennan, walitti dhufeenya hawaasaa kallattii qabsiisuufi sochii dhala namaa keessatti hiika fakkoommii kennan agarsiisa. Akkasumas meeshaan aadaa sirba goobee keessatti itti fayyadaman kanneen akka shimalaa, huboo, baatirii maqaa dhahuun ni danda'ama.

**2.1.1.3. Duudhaa Hawaasaa**

Duudhan hawaasaa garee hawaasa aadaa tokko qabu biratti waan irra deddeebi'ee raawwatu kan hawaasni amaleeffatte wajjiin walqabata. Duudhaan irra deddeebi'ee raawwatu kun hawaasa sanaaf faayidaa kan kennu yoo ta'eedha. Duudhaan hawaasaa kun sirna qabeessa. Akkaataafi haala ittiin geggeeffamu niqaba. Kana jechuun hooda safuufi akkaataa hurrubummaa duudhaa sana keessattii raawwatu murteessaa ta'uu isaati. Karaa biraatin waan hawaasni lagatus of keessaa qabaachuu danda'a.

> *According to Van Gennep these kind of aritual returns have three stages: sepration, transition and reincorporation when aperson who has gone through aritual returns to society with anew status. Rites of passage are practiced in all culture, but the events celebrated vary from culture to culture. Sims and stephens (2005:111)*

Akka hayyoonni kun ibsanitti, hawaasni kamiyyuu duudhaa akka qabuufi duudhaa isaa kana keessatti akkaataafi haala itti fayyadamu irratti hundaa'un garaagara ta'uu isaa xuqeera. Kana malees duudha hawaasaa gamtaan wanta raawwatamu ta'ee adeemsa sadan kana keessa darbuu isaa haalan ifa baaseera. Sadarkaawwan adeemsa raawwii duudhaa hawaasaa keessaa haalli hawaasni tokko duudhaa isaa itti raawwatu iddoodhaa iddootti gargar ta'uu isaa lafa kaa'a. Adeemsi duudhaa kanaa bifa afuuraattiin haala hawaasa sana ibsuu danda'uun dhaloota irraa dhalootatti darbuu isaa bal'inaan ibasameera.

Akka hayyuun kun ibsetti qoqqoodinsi, daddarbiinsifi waan waliin qaban akkaataafi haalli inni yoomessa uumamaa keessatti qabu xiyyeeffanaa guddaa qaba. Kana jechuun haala sirnichi eeyyamuun bakkiifi yeroon duudhan kun raawwatu milkaa'ina duudhaati.

### 2.1.1.4. Aartii Duudhaa Hawaasaa

Duudhaan hawaasaa ummata keessatti umri dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi itti waliigalee fudhateedha. Kunis kan hawaasa tokko kessaatti aadaa isaa waliin argamu akka ta’efi hiika mataa isaa akka qabu beektonni gara garaa hiika mataa isaanii itti kennuun ni ibsu. Aarttii duudhaa dhimma sochii qaamaa waliin wal qabatu ta’ee mul’atuudha. Sochiin qaamaa kunis shaggeeyyee, helleefi hellellee, dhiichisa, gad-tumefi oltumee, hiyyaasee fa’a ta’uu danda’a. Kanamalees haala uffannaafi dibataas of-jalatti hammata. (Misgaanuu,2011).

Balaay (2007: 91) duudhaa yeroo hiiku “Duudhaa aadaa bakka bu’uu danda’a. Duudhaa adeemsa qophii tokkooti.” Jedha Dorson 1972:3) akka jedhutti duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaa irra xiyyeeffannaa kan itti godhu hariiroo garee irratti. Karaa biraa keessatti Cehuumsa sadarkaa (kabajaa) Rites Of Passage ( Sirna Gadaa, Dhaqna Qabaa, Fuudhafi Heeruma), Waaqeffannaafi Amantaaalee, Kabaja Ayyaanaa, Qoricha Aadaafi Lakkoofsa Baraa (Calendar) hammatamuu danda’u.

Akaakuuwwan fokloorii kun firiiwwan fokloorii kanneen wajjin walsimatanii jilawwan adda addaa uummata keessatti kabajamanirratti akka dhiyaatan nihubanna. Fakkeenyaaf, uummata keessatti dalagaawwan adda addaa wayitii gaggeeffaman muuziqaan aadaa, sirbii aadaa, meeshaalee wajjiin qindaa’ee, faaruuwwanfi weedduuwwan adda addaa wajjin walsimateeti dhiyaata. Sims and Stephens (2005:128) yoo ibsu.

> *Performance is an expressive activity that requires participations, heightens our enjoyment of experiences, and invites response. In order for aperformance to ‘happen’ arecognized setting must exist (we have to know aperformance is taking place) and participants (performers and audience) must be present.*

Akkuma yaada waraabbii kanarraa hubatamu, aartiin duudhaa hawaasaa raawwatamuuf, yoomessa (yeroofi bakka) qabatamaa, hirmaattota (dhiheessitootaafi jamaa) dirqamatti barbaachisa.

Iristeen (2012) aartii sochii qaamaa waraqaa qorannoo keessatti akka ibsitetti, “aartiin duudhaa ogummaa aartii hawaasa tokko yoo ta’uu, gosa mul’ina fokloorii bifa faaruuwwan duudhaa, ragada, diraama, taphaafi kan kana fakkaatan kanneen sochii qaamaan qindaa’anii dhiyaataniidha”. Aartiin duudhaa kalaqa aadaatiin kan argame yoo ta’uu, ogummaa sochii qaamaatiin qindaa’ee waan dhiyaatuf dandeettin fedhii nama hawwachuu isaatii cimaadha. Kanaaf, haala salphaan fookloorii uummata tokkoo calaqqisiisufi dhalootaa dhalootatti

dabarsuu kan danda'uudha. Itti fufuun duudhaa hawaasaa kana immoo gara duudhaa Oromootti fiduun bal'inaan ilaaluun barbaachisaadha.

#### 2.1.1.4.1. Muuziqaa Aadaa

Muuziqaa aadaa, muuziqaa ammayyaa irraa kan adda taasisu, aadaa, seenaa, naannoofi kan kana fakkaatan. Hawaasa tokkoo kan ibsu, yeedalloo aadaa kan fayyadamu, dhikkisni sagalee kan aadaa, meeshaaleen muuziqaas wantoota naannotti argamanirraa kan tolfamaniifi aadaa hawaasa tokkoo kanneen calaqqisiisanii. Kanamalees, muuziqaan aadaa bifa adda addaatiin waan dhiyaatuuf yeroo mara jijjiirrama keessa jira. Sababiin isaas walaloon yeedalloon, qindoominniifi kan kana fakkaatan. Afaaniin daddarbaa waan deemuuf, inni dhiheessu osoo hinbeekiin yookaan beekees akka jijijjiirramu gochuu danda'a.

Misgaanuun (2011:15) akka ibsetti, "Wanti aadaa kan gurraan dhagaa'amu yookiin kan afaaniin dubbatamurra kan ijaan ilaalamuudha. Wanti aadaa kunis aadaa, amantaafi falaasama hawaasaa bifa ilaalamufi harkaan qabamuutiin kan labata tokkorraa isa biraatti ittiin darbuudha". Akka yaada kanaatti wanti aadaa kan harkaan qabamus ta'ee ijaan mul'atu kalaqa uummataa waan ta'eef dhaloota dhalootatti kan darbuudha.

#### 2.1.1.4.2. Sochii Qaamaa

Aartiin sochii qaamaa goorowwan fokloorii keessaa tokko ta'ee, raawwii namni tokko yookiin gareen tokko bakka daawwattoonni jiranitti yeroofi iddoo murtaawwaa ta'etti raawwatudha. Foklooriin beekumsa hawaasaa ta'een kan gochaan darban of-keessaatti hammata. Isaanis dhaamsa darbu tokkorratti fuulaan, harkaan sagalee gadbuusuufi olkaasuun kan dubbii caala gochaan mul'atudha. Inni Sochii qaamaa waliin walqabatee gaddaafi gammachuu, bali'naafi dhiphina garee hawaasaa keessatti sochii qaamaa mul'atu, fakkeenyaaf, yeroo Shagooyyeen, Gelloon, Geerarsi, sirba, dhiichisaafi sirbi sirbamu akkasumas booyicha nama du'eerratti sochii qaamaa mul'atu. Aartiin sochiin agarsiifamu inni tokko isa tokko keessatti mul'ata. Waliin raawwatamuu danda'u. Dorson (1972 :4)

Hawaasni tokko muuziqaa aadaa wajjin ta'uun, uffannaa aadaa mataasaa uffachuun, meeshaalee muuziqaa aadaa wantoota naannoo isaa jiran irraa hojjetaman harkatti qabachuun sochii qaamaa akka aadaa saba tokkootti taasifamudha. Sochiin qaamaa sabuma tokko keessattis ta'ee saboota garaagaraa keessatti haala garaagaraatiin kan raawwatu yoo ta'u, moggaasa garaagaraas niqabaata. Aartiin sochii qaamaa hawaasaa, gosa aartii hawaasa keessaa tokko ta'ee oogumni isaa sochii qaamaan kam mul'atuudha. Akkuma fookiloorii

gosa biroo aartiin sochii qaamaa hawaasaa, hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti faayidaa adda addaaf bifa ogummaa guuteen, muuxannoo yeroo dheeraa irraa argateen kan kalaqeedha. Gosni aartii kun kutaa qaamaa jechuunis harka, miilla, mataa, fuula, mudhii, morma, kan kana fakkaatan keessaa gara caalu sochoosuun kan raawwatuudha. Kunis taphataan aartichaa afoollicha miidhagsuuf kan taphatuudha. (Zarihuun 1992: 25)

#### 2.1.1.4.3. Diraamaa Aadaa

Do'iin aadaa dhimma hawaasummaa tokko bu'uura godhachuun taatota garaagaraa keessatti hirmaachisuun waltajjiirratti daawwattootaaf kan dhiyaatu oguma aadaati. Sirna kabajannaa (rituals), ayyaana, muuziqaa aadaa, sochiiwwan qaamaa, ogafaan, taphoota, amantaafi fooklooriiwwan biroo yommuu raawwataman sochiiwwan, haala dubbiifi kan kana fakkaatan. Bu'ureeffachuun kan hawaasni waliin raawwatu dha. Fakkeenyaaf, iddoowwan jaarsummaa, cidha, daboo, ateetee facaasuunfi kan kana fakkaatan. Aartiin sochii qaamaa sirba, sochii qaamaafi diraamaa ogummaa qo'atamuufi wantoota qo'atamanii kan of-keessaa qabuudha.

#### 2.1.1.4.4. Jijjiirramaafi Itti Fufiinsa Aadaa

Addunyaan dhalli namaa har'a keessa jiraatuufi kan kaleessaa tokko jechuun hin danda'amu. Wanti hundi jijjiirrama keessa jira. Jijjiiramni kunniin immoo kallattii garaagaraan mul'achuu danda'a. Siyaasaan, diinagdeen, hawaasummaan, amantaan, aadaan, afoolaan, gochaan, meeshaalee itti fayyadamaniin, ilaalchaafi kan kana fakkaatan. Akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda'ama. Yaaduma kana fakkaatu, William Bascom (1962:1-2) yoo ibsu,

> *Culture various from group to group and from one period of time to another within any single group. From this follows aprinciple of fundamental scientific importance and as regards the people of has been learned can be modified through further learning, habits, customs, beliefs, social structures and institutions can change.*

Yaada waraabbii kanarraa akkuma hubatamu, aadaan gareedhaa gareetti, akkasumas yeroodhaa yerootti hawaasa tokko keessattiyyuu garaagarummaa niqabaata. Yaada murteessaafi barbaachisaa kanarraa wanti yaadamu, uummanni barate jedhamuyyuu yeroodhaa yerootti ittifufee barachuun haala duraa irraa nijijjiirrama.

Hayyuun kun ammas (1992:3) yommuu ibsu, "*Both as individuals and as groups Africans have reacted differently to the innovations with which they have been presented*". Yaadni kun Afrikaan akka dhuunfattis ta'ee, akka gareetti ce'umsa haaraa garaagaraatiin akka

walfudhataniifi haala garaagaraan jijjiirrama keessa akka jiran agarsiisa. Yaada kana bu'uura godhachuun haala qabatamaa naannoo keenyaa yoo ilaalle, kallattii garaagaraatiin jijjiiramni ni jira. Kunis aadaa, duudhaa, sirnoonni, meeshaaleen, afoolli, walumaagalatti dhimmoonni duudhaa eeggatanii dhalootaa dhalootatti darbaa dhufan kallattii hedduun jijjiirramaniiru.

### 2.1.2. Faayidaa Fokloorii

Fokloориin jiruufi jireenya hawaasaa keessatti faayidaa adda adda akka qabu beektonni fokloorii ni ibsu. Akka beektonni kunniin jedhanittis fokloориin qaama hawaasummaa, siyaasatiin, diinagdeen, aadaan, seenaafi kan kana fakkaatan ilaalchisee faayidaa heddu kan qaban ta'uufaa eeru. Misgaanuu (2011:12), "Fokloориin dhaloota darbeefi kan ammaa riqicha ta'ee walqunnamsiisa. Kana jechuun hambaalee bara durii turaniifi dhaloota haara'atti agarsiisuun maalummaa ummatichaa walitti fida" jedha. Fokloориin akka madda ragaatti faayidaa kenna.

Fokloориin madda ragaa qorannoo hawaasaa ta'uusaa, hawaasa barsiisuuf, meeshaa ittin qabsoofi fincila ibsatan ta'uusaa, guddina og-barruutiif, Wal-dhabdee hawaasaa hiikuufi kan kana fakkaatan gumaacha guddaa waan qabuuf fokloориin jiruufi jireenya hawaasaa keessatti iddoo olaanaa qaba. Georgesfi Jones (1995:314) kallattii bu'aa fokloориin hawaasaaf qabuun yoo ibsan:

> *Through oral literature /folklore/ people can educate or acculturate each other; perpetuate, challenge or modify a groups social norms and values; inform others about the basis for or nature of their culture; reveal or display their identity, traditionality, knowledge, or competence; and entertain or be entertained, j*edhu.

Kunis fokloориin hawaasa tokko keessatti kallattii hedduutiin akka waa gumaachu mirkaneessa. Fokloориitti gargaaramee hawaasni walbarsiisa, duudhaa hawaasaa toora qabsiisa, fooyyessa, waa'ee eenyummaa, seenaa addunyaa isaa beeksifata, ittiin bashannana. Hawaasni bifa 'ammayoomeen' har'a seerawwan, amantiifi siyaasaan walbulchuuf dhakaa bu'uraa kan tahe, bekumsa fookiloorii irra dhaabbateeti. Akkasumas, Bascom (1965) faayidaa fokloorii yeroo ibsu fokloориin barsiisuuf, cimsuuf, miliquufi to'achuuf akka fayyadu lafa kaa'a.

### 2.1.3. Duudhaa Oromoo

Aadaan haala jiruufi jireenya saba tokkoo ta'ee kan hawaasni tokko ilaalcha keessa isaatii burqe ibsatuudha. Amantiinis qaama aadaa hawaasa tokkooti. Waa'ee amantii tokkoo yoo dubbannu aadaanifi ilaalchi saba amantiin sun keessaa baatetiin addaan baafnee ilaaluu hindandeenyu. Waaqeffannaanis amantii saba Oromoo kan duudhaafi aadaa isaatiin wal-qabate ta'uun beekamaadha. Maammoon (2013:223) yaada kana yoo ibsu, Aadaan haala jiruufi jireenya saba sanaa guutumaa guututti kan hammatuudha. Amantiin qaama aadaa keessaa tokko ta'uudha hubanna. Akkuma aadaa keessa, sirna fuudhaafi heerumaa, kan nyaataafi kan kana fakkaatan jiran sirni amantiitis aaduma keessa jira jechuudha. Sabniifi amantiin kamuu waaqa akka itti kadhatan ni qaban. Haa ta'u malee, raawwiin isaanii aadaa isaanitiin walqabataadha. Akka yaada kanarraa hubachuun dandaa'amutti, jiruufi jireenyi, dhugeeffannaan saba tokkoo aadaa hawaasaa irraa kan adda bahuu hin dandeenyedha.

Oromoo biratti namni dhugaa beekuufi dhugaa dubbatu nama amantii yookiin Waaqa qabu jedhamee beekama. Kun immoo haala adda addaatiin ibsama. Fakkeenyaaf, aadaa Oromoo keessatti manguddoon namoota wal lolan walitti araarsuuf jalqaba nama dhugaa hindabsine, hin jallifne jedhmanii filatamu. Isaanis kan miidhameef dhugaa fuudhanii kan miidhe dhugaa akka kennu taasisuu. Yeroodhuma manguddootiin dhugaa muruuf afaanitti ol-fudhatan namni tokko yoo axxiffate mallattoo dhugaa waan agarsiisuuf inni dubbii ol fudhate gammachuun guutamee isa axxiffateen ofiis nama dhugaa ta'ii anas dhugaa na dubbisi jedha

Akka aadaa Oromoo waaqeffataatti irreecha, okolee, siiqqeefi waddeessa harkatti qabatanii bakka kadhaa waaqaa deemuun aadaa isaa ta'e beekamaadha. Ulfaa itti bahan sana dhadhaa muuduun, itti dhibaafachuufi itti irreeffachuun haala aadaa Oromoo kan waaqa itti kadhatuufi itti galateeffatu agarsiisa. Uummanni Oromoos haala jiruufi jireenya isaa keessatti amantaa mataasaa qaba. Amantaan uummata Oromoo ganamaas waaqeffannaa jedhama. Waaqeffannaa jechuun amantii tokkotti amanuu jechuudha.

Dirribiin (2013:8), hiikni maqaa wanta tokkoo gochaafi amala isaatiin kan walqabatu ta'u yoo ibsu, "Waaqeffannaa jechuun amantii waaqa tokko, Ayyaana Dirreefi Duudhaa (lamaan namaa) amanuufi kadhachuuti" jedha. Ayyaana Dirree yoo jedhus malkaa, tulluu, hora, burqaa, caffee, siidaa, Odaafi kan kana fakkaatan jechuudha. Yaaduma hiika waaqeffannaa kana Maatiin (2006:45) yoo ibsu, "Jechi waaqeffannaa kan dhufe jecha Afaan Oromoo "Waaqa" jedhurraa lachifameeti. Waaqa jechuun uumaa dachiifi ruudaa namaafi uumamaa kan namaa olitti argamuudha. Akka amantiitti garuu, waaqa jechuun uumaa waan hundaa,

kan waa mararatti aangoo olaanaafi dhumaa qabuudha.” Akka yaada kanaatti, Waaqeffannaa jechuun sirna amantii waaqa tokkichatti amananii buluudha. Waaqeffannaa jechuun waaqa tokkotti buluudha, Seerota waaqaa kabajuudha. Waaqeffannaa jechuun nageenya, qulqullinaafi damboobummaadha.

Leelisaan akka lakkoofsa waaqeffannaatti (6413:109) ibsuuf yaaleetti, “Waaqni uumaa waan hundaati, kan bara baraa jiraatu, jiraataa fulla’aa, dachiifi samii kana yookiin qoollo/ ciicoo uumamni marti keessa jiraatu kana kan uumeefi tiksee jiraachisuu waaqa tokkicha. Wanni waaqa duuba jiraachuu danda’u tokkollee hinjiru”. Akka yaada kanaatti waan dachiifi samii kana uume akka safuun hin cabne kan waaqa qofa ta’uu ibsa. Uumama cufaa kan eegu, kan tiksu, kan balleessuufi tolchuu danda’u isa qofa. Akka amantii waaqeffannaatti, waan lubbuu qabuufi hinqabne cufti waaqan uumaman, eebbafi fedha isaa qofaanis jiraatan. Kanaaf sabni ardi kanarra jiraatu marti jechaafi afaan adda addaan isa waaman. Tokkicha maqaa dhibbaa jedhamee kan faarfatamus kanumaafi. Wanti hundi maqa isaa waaqa irraa argata.

Waaqeffannaa keessatti uumanis ta’ee, uumamni hundi ayyaana mataasaanii niqabu. Ayyaana mataasaan bula. Ayyaana kana ijaan arguun hindandaa’amu. Ayyaana ayyaanan beekan malee ijaan hin argan. Yaada kana Maatiin (2006:157) akka ibsee jirutti, Ayyaana jechuun mil’uu waaqaa kan waaqni ittiin uumama mara uumee qajeelchuudha. Ayyaana wanti tokko akka dhalatu kan taasisu, erga dhalatee boodas wanti sun akka ittiin mul’atuufi qajeelfamu kan sirreessee qabuufi to’atuudha. Kanaaf, ayyaana jechuun mil’uu wanti tokko akka uumamu godhuufi erga uumamee boodas akka jiraatuufi sirnaan akka socho’u to’atee eeguudha. Sirni dhugeeffannaa Oromoo, Waaqeffannaa, amantaa, ayyaanaafi ayyaantuun qajeelfamuudha. Ayyaana ilaalchisee falaasamniifi aadaan amantaa Oromoo akkaataa itti ibsaniifi dhugeeffatan Alamaayyoofi kaawwan (1998:53) irratti akka armaan gadiitti kaa’aniiru.

Falaasamniifi aadaan amantaa Oromoo Kuush durirraa madde kun seera uumaa uumamaarratti kan hundaa’e ta’ee, waaqni ayyaana adda addaan uumama adda addaa hunda akka uumeefi uumaa jiru kan dhugeeffatuudha. Akkanaan, uumamni kamiyyuu ayyaana ittiin uumameyookiin dhalate ofii isaa qaba. Kunis ayyaana dhalootaan yookiin uumamaan waaqarraa kennamuufidha. Namni kamiyyuu ayyaana isaa waliin akka dhalatu amanama. Ayyaanni kun uumama kamiyyuu keessatti waaqni ittiin addeeffamu yookiin mul’atu. Ayyaana gaariis ta’ee gadhee yookiin badaa waaqatu kennaaf. Carraa gaariis ta’ee gadhee kan namoonni qaban, ayyaana dhaloota isaanitiin qaban irratti hundaa’a. Egaa walumaa

galatti, akka falaasama duudhaa Oromootti Ayyaanni maqaa, guyyaa carraafi afuurri waaqaa kan ittiin addeeffamu jechuun ni dandaa'ama.

#### 2.1.3.1. Ayyaana

Ayyaana jechuun wanna waaqaan bakka bu'e akka uummatni hundi safuu eeggatee, kallatti waaqni abboomun akka deemamuu danda'u giddu deemsa raawwatamuudha. Yaaduma kana ilaalchisee akka Dirribii (2012:111) ibsutti, "namni ayyaana qaba jechuun eegduu kan isa tiksu qaba jechuudha. Burqaan, Tulluun, Malkaan, mukni jiidhaaniifi waan hedduun ayyaana qabu. Nama cubbame, muka goggogaafi waan du'aarraa ayyaanni ni godaana jedhames ni amanama". Kanaafuu, uummanni Oromoo muka jiidha jala taa'ee marga jiidha qabatee waaqa kadhata. Kanumatti dabaluun akka Gemachu (1997:50) ibsutti "*ayyaana, for the oromo, is the creative act of thinking in which a thought be comes that which mentally represents,"* jedha. Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti, ayyaanni Oromoof xiinxala gochaa sammuu namaa keessatti waaqni kalaquudha. Kanaaf, ayyaanni yaada xiinxalaa, kalaqaafi beekumsaa waaqni namaaf kennuudha.

Ayyaanni uumama Waaqaa Qaalluu keessaan mul'atee Waaqaafi nama wal quunnamsiisu jedhamee beekama. Haata'u malee Oromoon jecha 'ayyaana' jedhuuf hiika garagaraa, hiika irra keessafi hiika ijoo kenna. Gama hiika ijoo isaatiin ayyaanni maaliifi maal keessaan Waaqni hunda kan uumee ta'uu yemmuu agarsiisu (Gemechu 1998:41) ayyaanni waan tokko akka uumamu kan taasisuufi waanta uumame sana ta'uu kan danda'u" jedheera. Haaluma wal-fakkaatuun Kitaaba Daaniyaa (2007:157) keessatti ayyaanni utubaa waaqeffannaa keessaa isa tokko yoo ta'u mil'uu Waaqaa kan Waaqni ittiin uumama mara uumee qajeelche, waanta tokko akka dhalatu kan taasisuudha. Kana malees ayyaanni Waanti tokko erga dhalateen booda akka ittiin mul'atuufi kan sirneesseedha. Qoraattoota adda addaa yaadrimee ayyaanaa jedhu ilaalchisee yaada walsimu hinqaban. Gadaa Melba (1988:17) ayyaanota akka ergamtoota mootummaa Waaqaa , tokko tokko isaanii keessaan Waaqni akka itti muldhatutti kan hubataman yookiin ergamtoota Waqaayyoo dhugaan walfakkaatan" jedhee hiikeera. Bartels (1983:112) Oromoodhaaf addunyaan ayyaana keessaan akka faca'uuf agarsiisuuf uumamni hunduu namni horiifi biqiltoonni ayyaana mataa isaanii niqabu, gaarrennillee ayyaana mataa isaani ni qabu" jedhee ayyaanni kan uumama hundaa ta'uu ibseera.

Knutsson (1967:53) qorattoota armaaan olii caalatti yaadrimee ayyaana jedhu bifa baldhinaafi gad-fageenya qabuun ibseera. Akka haala ibsa kanaatti akkuma yaadrimee 'waaqa' jedhuu yaadrimeen 'ayyaana' jedhus hiikni isaaniis haala qabatamaa kesssatti beekama. Hiikni

tokkoffaa ayyaanni ergamaa mootummaa Waaqaati kan jedhuudha. Akka hiika kanaatti ayyaanni mallattoolee mataa isaa hubatamaan' kan qabuufi uumaa keessaa bakka tokkotti argama jedhamee kan yaadamu. Garuu suuraa isaa yookiin eessa akka jiraatu ibsuun rakkisaadha. Ayyaanni uumaa hinhubatamne ta'uu isaa Bartels (1983:112) Gemechuu madda ragaa tokkoffaa taasifachuudhaan akka armaan gadiitti ibseera.

Wanti hunduu hiika dachaa lama qaba. Kutaa tokko kan ija keenyaan arginuudha, kutaan biroo ija keenyaan arguu hindandeenyu, garuu laphee keenyaan argina. Kutaa hin mul'anne kana ayyaana jenna. Nuti waan hunda akkaataa kanaan ilaaluu keenya qalbeeffachuu baannaan nu hubachuu hindandeenyu.

Ibsa armaan oliirra ayyaanni hubatamuu kan hindandeenye, ija keenyaan otoo hinta'iin laphee keenyaan kan arginuudha. Kunimmoo amala afuura qulqulluufi Waaqaati. Kanuma irraa ka'uudhaan kadhannaalee Oromoo keessatti Waaqniifi ayyaanni afuura walqixxee ta'e akka qabaatanitti amanama. Fakkeenyaaf kadhanaalee 'Yaa Waaqi, yaa ayyaana abbaa kootii na tiksi', yaa waaq araara kee naaf buusi', 'yaa Waaq, yaa ayyaana koo mucaakoo naaf eegi' jedhan Waaqaafi ayyaanaaf ilaalcha wal-qixxee kan kennuudha. Knutsson (1967:80-81) jechi 'waaqa' jedhu. Jecha 'ayyaana' jedhu waamuudhaaf akkamitti akka oole madda ragaa irraa deebii argateen mirkaneesseera. Akkaataa isaa yemmuu sababeessu Waaqni uumamaafi haalaan tokkicha yoo ta'u ayyaannonni baay'ee ta'aniyyuu hundi isaanii uumama Waaqaa waan ta'aniif amala isaanitiin akka Waaqaa ta'uu ibseera. Akkaataa ibsa kanaatti namni yoo ayyaana kadhatu Waaqa kadhatu ayyaana kadhatuu isaati.

Kana malees ayyaanni hiika qulqullinaa, amala ykn sansakaa namaaa kan qabuufi kunnennis akka jiraatan kan taasise ta'uu Knutsson ibseera. Afuurri qulqulluu dhaloota irraa gara dhalootaatti darbus ayyaana jedhama (Daniel, Ayana 1984:108). Innis ergamaa mootummaa Waaqaa kan maatii eegu yoo ta'u ayyyaana abbaafi ayyaana haadhaa/ateeteedha. Fakkenyaaf, nama rakkoo keessa jiru 'ayyaanni abbaa yookiin ayyaanni haadha kee si wajjin haa ta'u' jedhama. Ayyaanni abbaa mana keessa, bakka utubaan ilmaan waaggaa qabee dhaabbatuufi bakka kennaaleen itti fudhatu 'utubaa nabii' kan jedhamu nijira (Knutsson1967:58). Ayyaanni abbaa karaa Qaalluu gosa abbaatiin karaa anagafaatiin darba. Ayyaana maatii kan ta'e ayyaanni abbaa warraa hundaaf kan walee ta'ee ayyaana balbala hundaa eeguudha (Knutsson,1967:96). Gemmachuu (Bartels 1983:116) kessatti madda raga ta'ee akka ibsetti Oromoon ayyaana abbaafi ayyaana haadha isatti ganamaa galgala itti boo'a. Ayyaanonni kunneenis yoo namni tokko waan sirrii hintaane tokko raawwate ni adabu jedhama. Oromoon

haala addaddaatiin ayyaana abbaafi ayyaana haadhaa ni waammata. Fakkeenyaaf ayyaanni abbaa kee siif haa araaramu, ayyaanni abbaa kee si haa eegu, ayyanni abbaa kee siif haa kadhatamu, ayyaanni abbaa kee siwwajjin haa deemu jedhanii nama eebbisu. Ayyaanni guyyaa addaa yookiin carraas ni agarsiisa. Dhaya Oromoo keessa guyyaan 31 yoo jiraatan dhaha Waaqeffannaa keessatti guyyoonni kunneen maqaafi ayyaana mataa isaani ni qabu (WADO, 2007:192). Guyyoonni kunneenis ayyana mataa isaani kan qaban yo ta'u namnis gaafa dhalatu kanarratti hundaa'uun maqaa moggaafata. Kana malees Oromoon amantii duudhaa isaa waliin jiru cedha rawwachuuf, sanyii baafachuufi galfachuuf, daandii deemuufi kan kana fakkaatan raawwachuuf guyyaan ayyaantuu/milkiifi guyyaan gadhee/carra jechuun dhaha ilaallata. Carrraa gaarii ilaalchisee aadaa Oromoo keessatti yoo keessumaan tokko wan guutuu jabanaa bu'e, dhibaayyuu qophaa'e, nyaata dhiyaate kan kana fakkaatan irratti yoo dhufe ayyaana qaba (ayyaana qabeessa) jedhama.

Jireenya nama hundaaf kan itti gafatamummaa qabuufi namni martinuu waliin dhalate jedhamee kan amanamu ayyaanni maqaa tuuta afuurota  qulqullus ta'uus ni danda'a. Yeroo mara akka tokkotti ilaalamaniyyuu afuuronni qulqulluu ayyaanaa kunneen namni tokko tokkoon ayyaana mataa isaa waan qabuuf baay'inaafi garaagarummaa kan qabanidha. Ayyaaanni namoota Qaalluu jedhamanii kan bu'u yoo ta'u kunneen birootti hinbu'u (Knutsson, 1967:53). Ayyaanni akka afuura qulqulluu Waaqaafi lafa jidduu jiruutti yookiin akka ergamaa Mootummaa Waaqaatti Galma mataa isaafi ayyaneffanaa mataa  isaa kan adda ta'e niqaba (Gadaa Melbaa 1988: 20).

### 2.1.3.2. Ayyaanota Sirba Goobee Waliin Walitti Dhufeenya Qaban.

Gemmechu (1998:41) Oromoon addunyaa kana karaa wantoota falaasama amantii sadii, ayyaana, uumaafi safuutiin akka hubatu ibseera. Ayyaanni waan Waaqni keessaa nama uumeedha. Uumaan immoo addunyaa bal'aa lubbu-qabeeyyiifi lubbu-dhabeeyyii of-keessatti qabata. Safuun garee sonaa ta'ee kabaja uumaafi uumamaaf kennamuudha. Kanummaarraa ka'uun amantiin duudhaa Oromoo kabajni  hawaasa jidduu jiru akka hinbanne, itti fufiinsa akka qabu, tokkummaan akka jiraatu, yaadrimeewwan Uumaa, sonootaa, naamusaafi amaloota gaarii heddu qaba. Kanneen keessaa isaan ijoo  akka itti aanutti ibsamu

#### 2.1.3.2.1. Ayyaana Qaammee

Ayyaanoota uummanni Oromoo kabaju keessaa tokko Qaammeedha. Qaammeen kan faarfatamu  dubartoota gulantaa hin tarkaanfatiniin yoo ta'u, barri moofaan bara haaraaf yeroo

iddoo itti gadhiisuudha. Abaaboon daraaree, lafti magariisa uffattee, lagni hiratee waan mul’aatuuf, yeroo abdii ti jechuun nidanda’ama. Asnaaqaafi kaawwan (2018:115) yoo ibsu, “Ayyaanni ilillee yookiin qaamee jedhamu, ayyaana dubra hinheerumiin waggaatti yeroo dhuma arfaasaa yookiin ganna keessa, akka ollummaafi walitti dhufeenya isaaniitti waliin kabajanidha” Jedha. Dubarri jal-bultii ayyaanichaa irraa jalqabee niqophaa’u. Uffata michachuu/haaraa bituu, shurrubbaa dhahachuu (adda-jalee, qaqal’aafi kubkubbaa) qunniifi daraaraa guruu dha. Dubarri xallaadduu/qunniifi daraaraa (abaaboo) qabatanii mana manarra deemuun taphatu. Gareedhaan baay’atanii taphatu. Tokko yammuu baasu, kuun jalaa qaba. yeroo isaan taphatan haadhooleen dhadhaa kennaniifii ebbisu. ‘Kan baranaan geessan kan bara egereen isiin haa gahu’ jedhaniin. Bari haaroftii dhuufe shamarraanifi dargaggoon sirboota birraa birraa urgaa’uu oollaa oollaarra naanna’uun shamarraan buqisa, buqifachuun haseessaa jechuun taphataan. Dhadhaa kanas qabeedhaan walitti qabuun dhumarratti walii qoodanii wadaajii isaanii dibu. Jechi wadaajii jedhu hiika baay’ee haa qabaatu malee aadaa yookiin sirna kana ibsuuf hiikni kallattii, hiriyaa jaallataa jechuudha. Aadaan Wadaajii keessattuu akka Godina shawaa kaabaatti Aanaa Kuyyuutti baay’ee beekamaadha. Wadaajiin sirna wal-dhungannaa jaalalleen yookiinhiriyootni dhiiraaf dubaraa wal-dhungachuun jaalala isaanii waliif ibsanidha.

Aadaan Wadaajii yoomiifi eessatti akka jalqabame beekamuu baatuyyuu akka Godina Shawaa Kaabaa  aanaa kuyyuutti waggoota hedduudhaaf kan gaggeeffamaa tureefi abbootii darban irraa kan dhaalame ta’uu maanguddoonni dhugaa bahu.Dargaggeessi, ga’eessiifi shaashii geessuun yoo wal-jaalatan jaalala isaanii walii ibsuuf uffata akka shaarbii haguuggatanii hidhii keessa wal dhungatu.

Sirni kun keessattuu guyyaa ayyaanota akka Qaammee, Masqalaafi Ayyaana Cuuphaa bal’iinaan gaggeeffama. Guyyaa kana dargaggoonni kun walitti sirbuudhaan jaalallee walii ta’uu isaanii yookiin wal barbaaduu isaanii waliif ibsu. Sirba kana booda wadaajotni kun iddoo ilaallatanii waliin taa’anii qabatanii wal dhungatu.Guyyaa Ayyaanotaa kana malees dhungoon kun yeroo migira guuraa/waqiti Birraafi yeroo qoraan guurani ni gaggeeffama.. Akka seera aadaa kanaatti dhungoo irraa kan hafe walquunnamtii saalaa raawwachuun baay’ee dhorkaa dha. Sababni isaas dargaggeessi kun wadaajii isaa kana akka obboleettiitti waan ilaaluufi. Kanaaf, guyyaa kana maatiin dargaggoota kanaa yoo argan illee akka hinarginee ta’anii darbu malee itti hindheekkaman.

### 2.1.3.2.2. Ayyaana Masqalaa

Fiixee Birrii (2006:257-258) yoo ibsu, "Sabni Oromoo dukkana gannaa keessaa ba'anii birraan yommuu bari'u ibsaa qabsiisanii ayyaaneffataa turan. Maqaan ayyaana kanaas Masqala utuu hin ta'in"Booqaa Birraa" jedhamee beekama. Utuu sabni Oromoo akkasitti ayyaaneffataa jiruu bara booddeetti nafxanyaan alaa dhufee aadaa isa fidee dhaalchisee "masqala" isa jedhutti jijjiire" jedha.

Asnaaqaafi kaawwan ( 2018:118) yoo ibsu, "birraan barihee farda biti yaa gootaa jedhan!, aadaafi dhugeeffata Oromoo keessatti ibsaan birraa bakka guddaa qaba. Ayyaanni kun bakka adda addaatti maqaa gara garaan beekama. Maqaan kunis masqala, ibsaa saddeetaa, ifaanoo, gubaafi waan kana fakkaatuun waamama" Jedha. Ayyaanota akka aadaatti kabajaman keessaa ayyaanni masqaalaaa isa tokko. Ayyaanni Masqalaa yeroo dukkana (Rooba) gannaa bahanii gara booqaa birratti ce'an keessa kabajama. Akka aadaa fufinsa torbee qaba. Ayyaanni Masqaalaa Fulbaana kudha torba Wagga Waggaan yeroo kabajamu duraa duubaan isa waantoonni raawwataman hedduutu jiru. Yeroo masqalaa abaaboon daraaree, lafti gaarafi hurufni magariisa uffatee, lagni hir'atee, midhaan asheetee yeroo mul'atu waan kabajamuuf Oromoon, "masqala mootii ayyaanaa, isammoo maaltuu wallaala?" jedhee weellifatee kabajata. Ayyaana kana daa'imaa kaasee hanga maanguddoo kan jiran hunduu ni kabaju. Irra caalaa garuu dargaggeeyyiniifi shamarreen itti dhimmamanii haala adda ta'een kabaju.

### 2.1.3.2.3. Ayyaana Ukee/Taaboree

Ukeen ayyaana ijoolleen dhiiraa hanga ganna kudha jahaa jiraan waggaatti al-tokko waliin kabajanidha. Ayyaanni kun torban lamaan ayyaana Qaammee shamarranii dura kabajama. Gaafa ayyaana kanaa ijoollee jajjaboon muka xixiqqaa muruun godoo ayyaana kana keessatti kabajan ijaaru. Akka aadaa ukeetti ayyaana kana mana jireenya keessatti hinkabajamu. Asnaaqaafi kaawwan (2018:114) yoo ibsan "Gara Tuulamatti yeroo ganni bahuu hedu, ukee jalqabanii qaccee/ birroolee fo'atanii dhukaasu. Gaafa Ukee kanarraa qabanii galgala galgala ollaarraa deemanii sirba goobee jedhamu sirbu. Ji'a tokko eega akkanatti goobee deemanii booda gaafa gubaa galgala xumuru" jeedhu.

### 2.1.4. Sirba

Hayyoonni adda addaa sirba (faaruu) aadaatiif hiika garaagaraa kennu. Sirbi aadaa kan muuziqaafi haasawa of-keessaa qabuudha. Kana jechuun immoo weedduun aadaa dameewwan af-walaloo kan yeroo dheeraaf jiraatu ta'ee, kan argamu, kan baratamu, kan

maatiifi garee hawaasaa murtaa'aa biratti bal'inaan argamuudha. Gosa af-walaloo Oromoo bifa walaloon dhiyaatu keessa tokko sirba (faaruu) yoo ta'u, uummanni Oromoo sirba akkaataa ittiin haadha, abbaa, lafa, biyya, bifa, fira, hiriyaa, jaalalleefi lammii isaa faarfatu qaba.Haaluma kanaan sirba (faaruu) hiika garaagaraatu kennama.

Gama biroon immoo, akka Fedhasaan (2013:51) ibsetti, "Faaruun walaloo aariidhaan guutamee jiruudha". Kunis namni tokko hawaasa keessatti jaalatee dhabuu, waan tokko barbaadee gufuun itti baay'achuu danda'a. Yeroo kana aariidhaan guutamee xiiqiidhaan weeddisuu akka danda'u ibseera.

Akka aadaa Oromootti warri hinsirbine warra sirbu nijajjabeessu. Jechi 'sirba' jedhu kun sochii qaamaa akka ta'eetti beekkamuu danda'a. Haa ta'uu malee, sochii qaamaa osoo hintaane walaloo yeedaloon sagaleeffamee hurruubummaan dhugoomuudha. Sochiin qaamaa garuu sirba osoo hintaane maqaa ittiin beekkamu qaba. Innis, hurruubbii jedhama. Sirbi walaloo dhimma garagaraa irratti qindaa'ee meeshaalee muuziqaatiin walsimatee kan dhiyaatuudha Sirba haala raawwiifi iddoo/haala-itti raawwatu adda addaa qaba. Kunis sirbi masqalaafi sirbi goobee akkaataa itti raawataniin, qabiyyee isaaniitiin yookiin iddoo itti dhihaataniin wal yaa fakkaatan malee garaagarummaa amma tokko niqabu.

Akkasumas Misgaanuu (2011:72) yeroo ibsu, "sirbi karaa walalootiin kan darbu ta'ee haqa uummata gidduu jiru tokko ifa baasuuf akka meeshaa olaanaatti nama gargaaruudha" jedha. Haaluma walfakkaatuun Misgaanuun (2011:73) Finnegan (1970:270) wabeeffachuun, "song can be used on current affairs for political pressure, for propaganda, and to reflect and mould public opinion" jedha. Kunis sirbi, haala yeroo irratti yaada kennuuf dhiibbaa siyaasaa, hawaasa daddamaqsuufi akkasumas ilaalcha hawaasaa ibsuufi sirressuuf gargaara. Misgaanuun (2011:71) yaada kana yommuu ibsu, *songs are one of the most way in which Oromo express their traditions, customs, beliefs, sorrow, and joys and songs are the means by which the society express its feelings and emotion, understanding about the past react to the present sitiations teachers the new generations and for wards to the coming generation* jedha. Kana jechuunis, Sirbi (weedduun) karaa uummanni barsiifata, duudhaa, amantaa, sirna waaqefannaa, gadda, gammachuu, ittiin ibsatudha.

Naannoo Oromiyaa keessattis hurruubii gosa adda addaatu argama. Akka fakkeenyaattis shaggooyyee, dhiichisa, mirrisa, geelloo, kumkummeefi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama Fedhasaa (2013). Egaa sirbi walaloo yeedaloon weelliifamu yemmuu ta'u, sochiin qaamaa immoo hurruubbii yeedaloo sanaa wajjiin deemudha. Kanaafuu sirbi

hurruubbiin walqabata jechuudha. Sirbi dhimma sirbamuuf irratti hundaa'uun gosoota adda addaatti qoodama. Gosti kunniinis; sirba Goobee, sirba Daboo, Sirba jaalalaa, sirba cidhaa, sirba hojiifi kan kana fakkaataniidha. Sirbi ogafaan walaloon dhiyaatan keessa gosa tokko. Oring (1986:147) akka jedhutti, sirbi aadaa jireenya isa calqabaa akkuma warren biroo bifa muuziqaafi walalootiin miira namaafi yaada nama tokko tokkoo kan ibsu jedha. Sirbi tokko gara sirba aadaatti kan dhufu yeroo namichi sirbu xiyyeeffannoo aadaa of-keessaa qabaatudha. Kiputy (1983:98) yoo ibsu, *song and poetry embody a people's philosophy, belifs, values and some times their historical development* jedha. Akka yaada kanaatti, sirbiifi walaloon afoola, falasama, amantaa, safuufi guddina hawaasaa kan calqisiisudha.

Wouben (2002) yommuu ibsu sirboonni tooftaa ilmi namaa odeefannoo ittiin dabarfatuufi argatu keessaa isa tokko jedha. Kanarraa ka'uun sirboonni walquunnamtii hawaasaaf kan tajaajilu jechuudha. Gama biraan Marriam (1964:30) *songs gives the freedom to express thought, ideas and comments that be started beldly in the normal language situation* jechuun ibsa. Kana jechuunis, Sirboonni yaada beekumsaa ibsuudhaaf miira nama kakaasanii bilisa akka ta'an taasisu jechuudha.

### 2.1.5. Caasaa Sirba

Akkaataa yaaxxina caasatti barreeffama yookiin og-afaan qorachuun waan caasaalee keessa isaa qorachuudha. Kana jechuun caasaan og-afaanii/bareeffamni dhiyaatu tokko akkamiin akka dhiyaatu, jechootaa akkamiitti akka fayyadamu, akkasumas haalli itti fayyadamni jechamootaafi sadoomii /dubbii qoolaa isaa maal akka fakkaatu, akkamittis walqabaatee akka deemu, wantoonni keessoo isaan dhiyaatan hariiroo akkami akka qaban adda baasuudha. Haala caasaa irratti hundaa'uun barreeffama qorachuu Fedhasaan (2010:91) yoo ibsu, "qorannoo og-afaanii keessatti xiyyeeffannoo guddaa kan argachuu qabu caasaa afoola sanaati" jedhu. Akka yaada kanaatti caasaan akkaataa ittiin dhiyeenya og-afaaniifi wantoota keessoo barreeffama isaanii kan ilaallatu, unki immoo bifa og-afaanii sun ittiin barreeffamu yookiin ittiin adda bahee beekamudha.

Og-walaloon gargaaramuun hawaasni waa'ee haala uumamaa, gammachuufi gadda isa quunnaman, sadarkaa jireenya hawaasaafi kan kana fakkaatan irratti ilaalchaa qaban ibsuuf tajaajila. Faaruu yookiin sirbi goobee Oromoos gosaalee sirba biroo kan akka shaggooyyee, dhiichisa, geerarsa, jechoota safuufi duudha hawaasatti hin buune gargaaramuu.

Faaruuwwan yookiin sirbi Goobee Oromoo bifa walalootiin waan muldhataniif caaseffama isaanii jalatti kanneen hammataman kan akka hariira jechootaa, walmadaallii walaloo, sagaleewwan ol-ka'anii dubbifaman, rukuttaamanaa, walmadaallii birsagaafi walitti dhufeenya sararoota walaloo jidduu jiran irratti xiyyeeffachuun qooduun nidanda'ama. Walumaagalatti, caaseffama yoo jennu bifa walaoon garagara itiin tarreeffaman jechuudha.

### 2.1.6. Faayidaa sirbaa

Faaruun damee af-walaloo ta'ee, kan hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti waan isa muudate ittiin ibsatuudha. Kana jechuun hawaasni tokko jireenya guyyuu gaggeeffatu keessatti gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, abdiifi hawwii, hiyyummaafi badhaadhina, gabrummaafi bilisummaa, obsaafi ilaalcha ofii qabu karaa ittiin ibsatuudha. Kanaafuu, dhimma jireenya isaa guyyaa, guyyaan weedduuwwan garaagaraa kan ergaa hedduu of keessatti haammatanitti fayyadamuun ibsata. Sirbi yookiin Faaruun dalagaa keenya guyyaa, guyyaa keessatti faayidaa guddaa kan qabu ta'ee, isatti gargaaramnee fedhii waan tokko irratti qabnu kan ibsannu yoo ta'u, Finnegan(1976:242), yeroo hojii hojjennu, jaalanu, daa'imni dhalatu, akkasumas yeroo du'aas ni faarsina jechuun faayidaa sirbaa yookiin weedduu ibsiti. Kunimmoo, sirbi yookiin faaruun haala garaagaraa keessatti sochii namoonni jireenya isaanii gaggeessuf godhan keessatti sirbii dhiibbaa geessisuu nidanda'a.

Dabalataanis, Iristeen(2012:18) Nagarii waabeffachuun faayidaa sirbaa yookiin weedduu yoo ibsitu, "sirbi yookiin sirbi (Faaruun) nibarsiisa, nigorsa, nigootomsa, aadaa, duudhaa, dhugeeffannaafi falaasaama abbootii dhaloonni haaraan akka hubatan godha" jechuun ibsitee jirti. Oromoon karaa weedduu isaatiin wanti inni hin ibsanne hinjiru. Dhimmoota adda addaa irratti yaada kennuufis ta'e tajaajila adda addaa itti ba'uufis. Yaada kana Finnegan (1970:270) yoo ibsitu, *"Songs can be used to report and comment on current affairs, for political pressure, for propaganda and to reflect and mould public opinion" j*etti. Kana jechuun weedduun dhimma yeroon walqabate, dhiibbaa siyaasaa, kaka'uumsaafi ilaalcha hawaasaa ibsuuf kan fayyaduudha.

### 2.1.7. Sirba Goobee

Sirbi Goobee aartiiwwaan uummatni oromoo qabu keessaa isa tokkodha. Sirbi Goobee dargaggootan kan sirbamuufi mana namarraa naana'anii kan sirbamuudha. Kunis dhuunfaa osoo hintaanee gareen kan sirbamuudha. Goobeen sirba aayyana masqaala jedhamuun kan beekamuudha. Oromoo Tuulama Salaalee keessatti sirbi Goobee baayyee beekamadha. Goobeen aadaa sirna Gadaa wajjiin kan walqabatuufi addaan bahuu hindandeenyee. Taphni

isaas Fooleedhan walqabata. Dargaggoon irreecha qabachuun guyyaa taaboree yookiin ukee galagala irraa eegaluun sirba goobee taphatu.

Asnaaqaafi kaawwan (2018:125-126 " yeroo sirni gubaa xumuramu dargageessi achumarraa sirbas eegala. Wallee 'ya dureessa koo, goobeen dhuftee karra nuu bani' jechuun yoo karri yookiin balballi banameef ol-seenanii sirbanii dhiichisu. Warri manaa waan danda'u yeroo kennuuf faarsuu. Yoo dhorkatanis abaaruu"jedhu. Akkasiin gamtaan sirbaa waliin taphatuu. Sirbi goobee uummata oromoo biratti haala adda ta'eefi jaalala guddaadhaan beekama. Hiika hedduus qaba. Gannaa bacaqii keessaa gara ifaatii baane, birraan nuf barites jedhee sirba goobee kan sirbu yerummaa kana waqtiin birraa oromoo biratti sochiiwwan hedduu of keessa qaba. Horiin illee garaan quufee dheeda, 'kaloo masqalaas' kan banamu guyyummaa kana, daamootiin ni ifa. Mooraa horii keessatti daamootii kormaa nigubama. Ayyaanni gubaa bariis Oromoon ayyaana irreessaa, yaa waaqayyoo kan irree nuuf kennite galata qabda jedhee malkaatti ba'ee tokkummaan waaqa nigalateeffata.

Asnaaqaafi kaawwan (2018:126) yoo ibsan, "Gama biraan ollaan waliin buna dhugu dabaree wal-waamee dhangaa ayyaana ibsaa birraaf qophaa'e waliin soorratu, waliin yeroo gammachuu kana dabarsu. 'masqalliifi galgalli' waakkii hinqabu jedhan. Yeroon kun wayita midhaan facaasan bilchaatu, yeroo quufaafi gammachuu waan ta'eef namuu waan danda'u qopheessee wal afeera" jedhan. Asnaaqaafi kaawwan (2018:114) yoo ibsan,

> *Gara Tuulamatti yeroo ganni bahuu hedduu, ukee/taaboree irraa jalqabanii qaccee/birroolee fo'atanii dhukaasu. Gaafa ukee kanarraa jalqabanii galgala galgala ollaarra deemanii sirba goobee sirbu. Sirbi goobee, ji'a tokko eegga akkanatti goobee deemanii booda gaafa guba galgala xumuru. Gaafa gubaa barii yookiin masqalaa, maallaqa guurratan kanaan hoolaa yookiin sangaa bitanii, namoota yaamanii qalatanii waliin nyaatan. Goobee deemuu kan danda'an, ijoollee waggaa sagalii hamma waggaa kudha ja'a keessa jiran. Warri kuusaa keessa jiran immoo qofaatti sirba goobee deemu yookiin sirbu*.

Walumaagalatti goobeen haala adda addaan kan taphatamu yoo tahu waan guyyoota murtaa'e keessatti qarshii walitti qabatan sanan tumaaleessa hoolaa yookiin re'ee yoo qarshii argatan isaan gahee moo sangaa bituun guyyaa masqaala abdaarii irratti abbootidhaan eebbifatanii qalachuun dhugaatii aadaa kan akka bookaafi nyaanni aadaa qophaa'un dargaggoonniifi ijoolleen, jaarsoliifi haawwan walitti yaa'uun waliin nyaachaa, booka unachaa ammallee dhiichisaa ayyaana masqaalaa abdaarii irratti dabarsu.

### 2.1.8. Jijjiirama Itti Fufiinsa Sirba Goobee

Hawaasummaan keessatti wantoonni jijjiiramaa deeman ni jiraatu. Jijjiiramni isaanii garuu kan yeroo dheeraa keessa mul'atu ta'uu danda'a. Uummanni Oromoo duudhaafi seenaa isaa kana ammoo dhalootaa dhalootatti kan dabarsu irra caalaatti afaaniifi barreeffamaan yoota'u, wantoonni afaaniin dhalootarraa dhalootatti darban itti dabalamuu yookan irraa hir'ifamuu akkasumas dagatamuu kan danda'aniidha. Akka qorannoo qaacceessaa raawwii sirba goobee godina shawaa kaabaa aanaa kuyyuu irratti gaggeeffame mul'isuufi odeef-kenitoonni ibsanitti abbootiin dhalata ammaa sirba goobee hanga abbootii isaanii kan hinbeekneefi dhaloonni ammaa ammoo sirba goobee kana hanga maatiin isaanii beekan kan hin beekne yoo ta'u,sirbi goobee kun dhalootaa dhalootatti dagatamaa dhufuun kun jijjiirama itti fufiinsaa qabaachuu isaa nugarsiisa. Kanaaf dhalanni ammaa kun sirba goobee kana bifa barreefamaafi waraabbiitiin qopheessee barnootarra akka ooluufi dhalata itti aanuuf dabarsuu qaba.

Yaaduma kana kan jabeessuu Fiixee Birrii (2006:263) yoo bsu, "Aadaan eenyummaan saba tokko kan ittiin beekamu qabeenyaa dhuunfaa saba sanaati. Kanaaf sablammiin tokko akka qomoo isaatti akka gosa gosa isaatti aadaa isaa dagaagsifachuun dirqama lammuummaa isaa akka ta'e beekuu qaba" jedha. Akka yaada kanaatti aadaa eenyummaa akka tahee kan agarsiisu yoo tahu, sirbi goobees aadaa keessaa isaa biroo tahuu isaafi jijjiirrama qabaachuu isaa hubachuu akka qabnu nu hubachiisa.

## 2.2. Yaaxxinaalee Qorannoon Kun Bu'uureffate

Qorattoonni fookloorii Firiiwwan fookloorii adda addaa irratti oggaa qorannoo gaggeessan adeemsa qorannoo isaanii fulleeffachuuf, akkasumas ragaa ittin qoratan kallattii isaa kaawwachuuf yaaxinaalee adda addaatti akka fayyadaman qorannoon ni addeessu. Bu`aa kallattii beekumsa tokko argamsiisuuf qabuufi daandii inni beektota /hayyootatti/ agarsiisuuf qaburratti bu`uurun hayyuun Dorson, R.(1972) jedhamu yaaxina fokloorii jiran haala yeroo ammaa keessa fudhatama qabaniin bakka garaa garaatti qooda:-Yaaxxinoonniqorannoon tokko bu'ureeeffachuu danda'u, kanneen akka, haalawaa (*contextual)*, caasessummaa (*structuralism)*, bifeessummaa *(formalism)*, faayideessummaa (functionalism), xiinxala sammuu (psychoanalysis), seenaa deebisanii ijaaruu (*historical reconstruction)*, seenawaa maddaawaa (*diffusionist theory or historical geographics)* fa'a hammata. Kanumarraa ka'uudhaan yaaxxinni qorannoo kana keessatti dhimma itti ba'ame yaaxxina haalawaafi faayideessummaa, seenawaa maddaawaafi seenaa deebisanii ijaaruuti. Isaan keessaa muraasa isaanii haala armaan gaditti ilaaluun ni danda'ama.

### 2.2.1. Yaaxina Faayidaa

Akka Yaaxina kanaattii fokloriin faayidaan inni uummataaf qabu maali? isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha yaada jedhutu ol aantummaan mul`ata. Yaaxinni kun kan bu`uure baratataa Melville Herskovits, kan ta`e nama William Bascom (1965) jedhamuuni. Akkaa yaada Bascomitti aartiin mallattoo 'verbal art' jechi isaa akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaajiluu, walitti fiduu, aadaan gidduu galeessummaan akka ijaaramuuf gargaara.

Hayyoonni fokloorii firiiwwan fokloorii xinxaluuf yaaxinni itti fayyadaman keessa inni tokko, yaaxina faayidaa (Functionalism) akka ta'e Simsfi Stephens (2005:174) addeessaniiru. Yaaxina kanatti adda durummaan kan fayyadame 'William Bascom' akka ta'eefi faayidaan gurguddoo fooklooriis barsiisuu, dhiibbaa aadaan namarratti taasisuu jalaa milquuf, aadaa kunuunsuufi beekamtii kennuuf akka tajaajilu hayyoonni armaan olitti xuqaman ibsaniiru. Kanaaf, qorattoonni tokko tokko akaakuuwwan foklorii adda addaa xinxaluuf yaaxina kana akka bu'ureeffatan nihubanna.

Yaaxinni kun gama waanta aadaa akkasumas, gooroowwan fokloorii biroon hojiirra ooluu nidanda`a. Akka namni Bogatyrev jedhutti "*The functional method expands the subject matter of ethnography."* Warabbiin kunis, malli faayidaa fokloriin saba tokkoo akka gadi fageenyaan haala saayinsaawaa ta`een ibsamuuf kan tajaajiludha yaada jedhu of-keessaa qaba. Akka Yaaxina kanaatti fokloriin tokkoo faayidaa isaatiin ala yoo ilaalame hiika qabaachuu hindanda`u; qu`annoon fokloorii gama faayidaa isaatiin geggeessamuu qaba.

Gama biroon immoo, yaaxxinni faayideessummaa kun fayyadamni afaanii kan hawaasni yoomessaraawwii sirba goobee keessatti dhimma itti bahu qaaccessuuf gargaara. Hayyoonni yaaxxina faayideessummaa deeggaruun Simsfi Stephens (2005:174-175) yoo ibsan, yaaxxinni kun fokloorii hawaasa tokkoo hawaasa sanaaf faayidaa maalii akka qabu keessatti kan ilaaluudha. Akka hayyuu kanaatti fokloriin faayidaalee akka, barsiisuu, aadaa kunuunsuu, jijjiirama amalaa fiduu, tokkummaa hawaasaa cimsuufi kan kana fakkaatan fa'a. Qabata kanaan qorataan kunis yaaxxina kana fayyadamee yoomessa sirba goobeefi raawwii sirba goobee qaacceseera.

### 2.2.2. Yaaxinaa Caasimaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf yaaxxinni itti gargaaramanii qorannoo sana gaggeessan murteessadha. Qorattoonni fokloorii, xinmaaddaa, Xinqooqaafi kanneen biroo yaaxina Caasima (Structuralism) jedhutti akka fayyadaman barreeffamni qorannoo nihubachiisa.

Yaaxinni kun wantoonni adda addaa walitti dhufeenya uumanii tokkuma wanta tokko akka ijaaran xinxaluuf qorattoonni itti fayyadamu. Kana ilaachisee*Simsfi Stephens (2005:179) akka jedhu. “Structuralist analysis should reveal a basic underlining pattern which accounts for all the parts of the whole and how they relate to each other in forming the whole*.”

Akkuma waraabbii kana irraa hubannu akkaataa kamiin walitti dhufeenya akka uumani ittin qorachuuf nigargaara. Fokklooristoonni fakkeenyaaf caasima raagoo tokkoo oggaa qoratan walitti dhufeenya fakkaattootaa waliin godaanuu isaanii, adeemsa keessa walitti maluu isaanii, maltee fakkaatii tokko kan biro hubachuu isaa, dhuma irratti walitti bu’anii addaan akka ba’an Allan Dundes qorannoo isaa keessatti addeesseera

### 2.2.3. Yaaxina Haalawaa

Qorannoo kana keessatti Fokloorii Akaakuuwwan Fookloorii qorachuuf hayyoonni yaaxina haalawa fokloorii akka fayyadaman barrreeffamoonni qorannoo niibsu. Yaaxinni kunis yoomeessaafi haalawa kam keessatti akkaataa kamiin foklooriin akka dhiyaate irratti kan xiyyeeffatuudha. Kanuma wajjin walsimatee raawwii sirba goobee keessatti gaa’een hirmaatotaa maal akka ta’e firiiwwan fookloorii akkaata itti dalagaman, fakkoommiiwwan garagaraa hiika isaan qaban, yeroo sirbi kun itti sirbamu qorannoon itti gaggeeffamu keessatti hiikkoon isaan qaban yaaxina haalawa fokloorii bu’ureeffachuun xinxaluun nidanda’ama. Kana ilaachisee Simsfi Stephens (2005:136) akkas jedhu. “*The physical settings and social situations in which members of folk groups share folklore, as well as the relationships among audience members and performers, make up the context of performance”.* Haalawa adda addaa keessatti walitti dhufeenyi hirmaatootaafi dhiyeessoota firiiwwan foklooriin dalagamaniif humna cimaa akka ta’an yaanni waraabbii aramaan olitti xuqame nihubachiisa. Qorannichaafis yaaxinnin addadurummaan filadhee yaaxina haalawa fooklooriiti. Yaaxina kana bu’ureeffadhee raawwii sirba goobee keessatti firiiwwan fokloorii roga adda addaatiin tajaajilan xinxaluuf.

Dabalataanis, Haalessuun saayinsiilee hawaasaa, keessumaa antiroopoloojii, xiinqooqa, bifa hawaasummaa, xiinsammuufi soosoloojiitin marsanii dhiyaatan irratti xiyyeeffata. Gosa fokloorii haala naannoo marsee jirurraa adda baasanii, qooqa, amala, waliigaltee, himiinsaafi raawwii qorachuun bifa sadummaa haalaarratti xiyyeeffachuun isaanii jechoota akka gocha waliigaltee, haala gosoota waliigaltee aadaawaa, dhugaa murtaa’aa aartawaafi deemsa waliigaltee irratti xiyyeeffatamee kan gaggeeffameedha.

### 2.2.4. Yaaxina Irra Deebi`anii Ijaaruu

Yaaxinni kun duudhaan hawaasaafi fokloориiin durii irra deebi`amuun tajaajilaaf ooluu akka qaban kan kaa'udha. Akka yaada Yaaxinna kanaatti waantota ammaaf kan bu`uura ta`e waan durii sababii ta`eef, qorannoo fokloorii kan ammaas ta`e kan durii qorachuuf waantota durii duubatti deebi`uun ilaaluun barbaachisaa ta`uusaati. Egaa gabaabumatti yaada kanarraa waanti hubatamu fokloorii bade tokko irra deebi`anii lubbuu itti horuufis ta`e kan amma argamu cimsuuf waan durii duubatti deebinee ilaaluun akka gaarummaa qabudha. Kanaafuu, qorannoo fokloorii keessatti haala kana tajaajilamuun bu`aa qabeessa ta`uu isaa mul`isa.

Walumaa galatti qorannoon tokko yaaxxinoota gargaaraa bu'ureeffachuu danda'a. kanneen keessaa sirba goobeefi raawwii isaa yaaxxinoota armaan olii kana afranitti gargaaramuun haala naannoo keessatti argamaniifi faayidaalee isaa qaaccessuun dhimma itti bahameera.

### 2.2.5. Yaaxina Jiijjiramaafi Itti Fufiinsa

Kaayyoon yaaxina kanaa seenaa fokloorii tokkoo bira gahuudha. Kana gargaaramuun gooroon fokloorii tokko madda tokko qaba; kanaafuu, fokloorii jalqabaa sana bifa garaa garaa inni ittiin argamu sana walitti fiduudhaan, xiinxaluudhaan bira gahuun nidanda`ama. Fokloориiin inni jalqabaa sun yoomiifi eessatti akka uumame mala dhahuun nidanda`ama. Adeemsa yeroo keessa fokloориiin tokko bakka tokkorraa gara biraatti, akkasumas, yeroo tokkorraa yeroo biraatti yeroo daddarbaa deemu jijjiirama mul`ateefi waan otoo hin jijjiiramiin tures adda baasuun nidanda`ama.

Akka walii galaatti yaada Yaaxina kanaa yoo ilaallu, qorannoo fokloorii tokko geggeessuuf maddi isaafi bakki argama isaa gargar ta`uu nidanda`a. Sababiin isaas, fokloориiin bakka maddetti kan hafu qofaa otoo hintaanee sababii garaa garaan biyyoota biraatti tatamsa`uu ni danda`a. Kanaafuu, qorannoo fokloorii keessatti seenaa fokloorii sanaa duubatti deebi`uun ilaaluun jijjiirama bakka jirurrattis agarsiise bira gahuun nidanda`ama.

## 2.3. Sakatta'a Qorannoowwan Hojii Kanaan Walfakkaatanii

Af-walaloo ilaalchisee mata dureewwan adda addaa irratti qorannoowwan gaggeeffaman yoo jiraatanis hanga qorataan yeroo garagaraa keessatti ilaaleetti qorannoon kallattiin qaaccessa raawwii sirba goobee irratti gaggeeffame hinjiru. Haata'u malee qorannoon mata duree qorannoo kanaa waliin hanga tokko walitti dhufeenya qabaniifi bu'uura qorannoo kanaa ta'an bifa armaan gadiin sakatta'amaniiru.

Sabsibee (2012) waraqaa digrii lammaffaa guuttachuuf mata duree “Qaaccessa qabiyyee sirba shaggooyyee” akka naannoo Oborraatti gaggeeffame. Qorannoon Sabsibee shaggooyyeen bifa ashiitee, daddaaysaa irra qabaa, hurruumsaafi lama lamaan kan shubbifamu ta’uu ibsa. Gama biroonis sirbi shaggooyyee ergaawwan akka jaalala ibsuu, jibbiinsa agarsiisuu, quufa ibsuu, dhaadannoofi cimina ibsuufi gabrummaa agarsiisuu kan of-keessaa qabuudha.

Tokkummaan qorannoo Sabsibeefi qorannoo kanaa wajjiin lameenuu gosoota sirbaa keessa af-walaloodha. Haata’u malee Sabsibeen ergaa afwalaloo gama shaggooyyeen darbu ibsuufi haala afwalaloon shaggooyyee ittiin dhiyaatu ibsuurratti kan xiyyeeffatte yoo ta’u qorannoon kun immoo raawwii sirba goobee kan dargaggoonni yeroo birraan bari’uuf deemutti sirbanidha. Kanumaa giddu galeeffachuun kallattii kana lamaaniin garaagarummaan qorannoo kana lamaan gidduu jiraachuutu hubatama.

Lammii (2004) waraqaa Qorannoo Digirii tokkoffaa guuttachuuf “Qaacceessa Sirba Jaalalaa Aanaa Kuyyuu” irratti kan xiyyeeffateedha. Innis aadaa haawasa aanichaan walqabsiisee fakkeenyaa garagaraa kaasa. Kanamalees kaayyoo qorannoo isaa keessatti inni guddaan sirbi jaalalaa kun badaa waan deemaniif hanga qaqabametti bifa barreeffamaatiin badii irraa hambisuuf yaalee jira. Kana irraa kan ka’e jireenya hawaasa kanaatiifi Sirbi Jaalalaa kan walitti hidhata qaban ta’uu isaanii agarsiisuuf. Kana malees dhimma kana irratti qorannoo gad-fageenyaa qorataa gaggeessuu barbaaduuf karaa agarsiisuufi. Qorataan xumuurarratti argannoon inni argate sirboota Jaalalaa kan akka sirboota warra kaanii namoonni hunduu waan hinbeekneef bakka walitti qabaman Jaarsoliin yookan namoota urmiin fagaatan deemee gaafachuun qorannoo kan keessatti aadaa haawasa aanichaa akkasumas walitti dhufeenya sirbi jaalalaa nama jidduu jiru adda baasee agarsiise.

Taaddalaa (2008) waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf mata duree “Qaaccessa weedduu lakkoo” haala Oromoo Gaamoo godina Harargee lixaa aanaa Gubbaa Qorichaatti gaggeeffame. Qorannoon Taaddalaa weedduuwwan lakkoon walqabatan hedduu yoo ibsu weedduuwwan ibse keessaas dhiichisni cidhaa isa tokko akka ta’e tuqameera. Akka waliigalaatti dhimma dhiichisaan walqabatu tuquu, hirmaattonni dhiichisaa dhiira ta’uu ibsuu, dhiichisni bifa geengoo uumuun kandhiyaatu yoo ta’uu, yoomessa dhiyaatina dhiichisaa tuquufi tokkoon tokkoon dhiichisa qaacceffamee. Kun argannoo isaa yoo ta’u tokkummaan qorannoo kan faana qabu, gama hirmaattotan, raawwiin isaa bifa dhiichisatin dhiyaachu.

Garaagarummaan qorannoo kanaafi kan Taaddalaa gidduu jiru Raawwiin Sirba Goobee qorannoo kana keessatti tuqame kan Taaddalaa dhiichisa lakkoo wayita cidhaa mul'atu kan giddugaleeffata.Dabalataanis qorannoon kun raawwiin sirba goobee yoomessi isaafi haalli hirmaannaa dargaggeessa adda akka ta'e yoo ibsu kan Taaddalaa dhiira ta'uun alatti dhiira sadarkaa kam irra jiru akka ta'e hinibsu.

Geexee (2006) "Xiinxala Sirba Ayyaana Ibsaa Kormaaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ada'aa Bargaa" gartokkee digirrii tokkoffaa ittin guutachuuf gaggeesite. Hojii qorannoo kanaan iddoo itti walitti siqu firiiwwan, af-walaloo keessaa sirbarratti. Haata'u malee garaagarummaan qabiyyee sirba Ibsaa kormaaa Geexeefi qorannoo kanaa bakkan garagarummaa kan qabuufi akkasumas raawwii isaa irratti mul'ata. Kanamalees, xiyyeeffannoon qorannoo Geexee firiiwwan afwalaloo ayyaaneffanna ayyaana Ibsaa kormaaa maayii itti bahaman keessaa sirba ayyaana Ibsaa kormaaa aanaa Ada'aa Bargaa qofaaa, irratti xiyyeeffatte. Qorannoon kun immoo raawwii Sirba Goobee Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuurratti kan gaggeeffamee yoo tahu tokkummaan isaan  sirba tahuufi yeroo ayyaanni masqalaa kabajamutti ta'uusati.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

Boqonnaan kun saxaxa, mala akkamtaa, madda odeeffannoo, iddattoofi mala iddatteessuu, miti carraa keessaa akkayyoofi darban dabarsaan, tooftaa funaansa odeeffannoo, af-gaaffii, marii gareefi daawwannaa of-keessatti hammata. Wantoonni armaan olitti tuqaman kunis bal'inaan armaan gaditti ibsamaniiru.

## 3.1. Saxaxa

Qorannoo tokko gaggeessuu keessatti kallattiin raawwii qorannichaa maal akka ta'e ibsamuu qabu. Dhimmoonni qorannicha keessatti akka bu'uuraatti qabamuu maal irratti akka xiyyeeffatamuu qaban addaan baasuun beekuun qorannicha haala barbaadameen raawwachuuf gargaara. Saxaxa qorannoo ilaalchisee, *Victor (2009:203) akkas jechuun ibsa, "The research design is plan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where they came from, where they are and where they are going*". Adeemsi Saxaxa qorannoo karoora hojii kan qorataan beekuu qabu, kan eessa akka inni ka'e, eessarra akka jiruufi eessa akka inni ga'u kan murteessudha. Saxaxa qorannoo tokkoo, kan murteessu gaaffiiwwan qoranichi deebisuuf deemu, kaayyoosaafi akaakuuwwan odeeffannoo argamuuti.

Saxaxni qorannoo akka Addunyaa (2011:63) ibsutti waliigala qorannicha kan to'atu ta'ee, qorannichi maal akka fakkaatuufi maal irratti akka bu'uureffate agarsiisa. Itti dabalees Addunyaan Cohen, Manionfi Morrison (2005:73) wabeeffachuun yeroo ibsu: "*The purposes of research determine the methodology and design of the research*" jechuun kaayyoon qoratamuuf malaafi saxaxa isaa irratti murteessaa akka ta'e addeessa. Kanaaf xiyyeeffannoon qorannoo kanaa akaakuuwwan Fokloorii Oromoo sirba Goobee Keessatti argaman xiinxaluu waan ta'eef, ibsa qorannoo akkamtaa (Qualitative Descriptive) fayyadame.

Yaada kana Addunyaan (2011:64) kan armaan olitti dabalee "qorannoon tokko kan murteessu, gaaffiiwwan qorannichi deebisuuf deemu, kaayyoo isaafi akaakuwwan odeeffannoo argannuti" jechuun kaa'ee jira. Yaadota hoggeeyyii armaan olii akkuma ibsutti, saxaxni mala qorataan, qorannicha ittiin gaggeesse, akkaataa filannoo iddattootaa tooftaalee odeeffannoon ittiin guuramufi maal maal akka ta'e qaaccessama.

### 3.2. Mala Akkamtaa

Qorannoo yeroo geggeessinu dursinee qoranicha maaliif akka geggeessinu, akkamiin akka geggeessinu, maal irratti akka xiyyeeffatuufi mala kamiin yoo fayyadamne kaayyoo barbaanne bira gahuu akka dandeenyu adda baasuu gaafata. Haaluma kanaan qorannoo kana geggeessuu keessatti mallii qorannoo akkamtaa filatamee qoranichi akka geggeeffamu ta'ee jira. Malli qaaccessa qorannoo akkamtaa gaaffiiwwan maaliif? Akkamitti? Jedhuuf deebii laachuuf kan carraaquufi dhimmoota qorannichaa keessatti dhiyaatan mara jechaan kan ibsudha. Amalli namoonni yookiin waantotni yoomessa tokko keessatti agarsiisaniifi qaban maal akka fakkaatu qorachuuf dhimmamaa ta'uu isaa ibseera (Addunya 2011: 10-13). Egaa kanuma irraa ka'uudhaan sababni qorataan qorannicha qorannoo akkamtaa filateefis dhimma qorannoo isaa kallattiidhaan hawaasa keessa seenuun odeeffannoo barbaachisaa ta'eefi qabatamaa ta'e funaannaachuufi.

### 3.3. Madda Odeeffannoo

Qorannoo geggeessuu keessatti maddi odeeffannoo karaa lama argama. Isaanis, madda odeeffannoo jalqabaafi madda odeeffannoo lammaffaati. Maddi inni jalqabaa odeeffannoo qaama dhimmi isaa ilaallatu irraa kallattiin funaannachuun kan argamu yoo ta'u, kunis, namoota raawwii sirba Goobee irratti beekumsaafi muuxannoo qaban irratti hundaa'uun bifoota af-gaafii, marii gareefi daawwannan odeeffannoo argamudha. Qorannoo tokko adeemsisuuf ragaan gahaa kan argamu madda ragaa tokkoffadha. Kanaaf, maddi odeeffannoo hawaasa Aanaa Kuyyuu keessaa namoota kaayyicha galmaan ga'u jedhamee amanamee madda odeeffannichaa ta'u. Kana ilaalchisee Addunyaan (2011:18) madda ragaa tokkoffaa qorataan tokko qaama dhimmi isaa ilaallatu bira dhaquun qorannoo isaa kan geggeessuudha. Odeeffannoo qorannoo sanaaf ta'u fuulaa fuulatti ragaa barbaade argata. Kanarraa ka'uun qorannichaaf maddi odeeffannoo tokkoffaa filatamee hojiirra oola jedhamee yaadama.

#### 3.3.1. Madda Odeeffannoo Ragaa Duraa

Maddi odeeffannoo duraa qorannoo kanaa maanguddoota waa'ee Fokloorii Oromoo beekaniifi sirba goobee taphachuudhaan muuxannoo dheeraa qaban irraa yoomeessa uumamaa keessatti argamedha. Kana irraa odeeffannoon haqa ta'e waan argamuuf maddi ragaa duraa kun filatamee jira. Sababiin isaa waa'ee bu'aa ragaa duraa namoota irraa kallatii argamu fudhachuu V.Khn fi W. Best (2005) Tuchman (1994: 319) wabeeffachuun yeroo ibsan "*Finding and assessing primary historical data is an exercise in detective work .It*

*involves logic, intuition, persistence, and common sense*." jedhu. Kunis madda ragaa duraa fayyadamuun yaada haqaafi miiraa hubachuuf barbaachisaa ta'uu mul'isa. Dabalataanis yaada kana kan dhugoomsu, MOE (1999: 177) yeroo ibsu:*"Pirimary data is original to the problem, have direct physical contact to the event."* jechuun ragaan duraa dhimma qoratamu waliin hariiroo akka qabu mullisa.

### 3.3.2. Madda Ragaa Lammataa

Kunis qorataan haala qabatama jiru faana kitaaba, baarulee adda addaa fokloorii Oromoo ilaachisee barreeffamefi raga toora interneetii akka madda ragaatti fayyadameera. Sababni isaa yaadota namoonni fuulaafi fuulatti kennuu hindandeenye argachuuf fala waan ta'eef qorataan itti dhimma ba'eera. Yaadni kana dhugoomsu, V.Kahnfi W.Best (2005:248) yeroo ibsan, "*Secondary data serves a useful purpose in adding knowledge to field of inquiry and in explaining certain social events"*jechuun ibsu.Kunis maddi ragaa lammataa beekumsa dabalataa argachuuf bu'a qabeessa ta'uu isaa mul'isa. Karaa biraa MOE (1999:177) yeroo ibsu "*Secondary data is suplimantary in the absence of primary data.*" Jechuun ragaan lammataa yaada ragaa duraa irraa argachuu hindandeenye argachuuf kan nama deeggaru ta'uu mul'isa.

## 3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Iddatteessuun hirmaattota waliigalaa jiran keessaa kanneen bakka bu'uu danda'an murteessu dha. Kana ilaalchisee, Berg (2011:11) yeroo ibsu qorataan tooftaa kamiin iyyuu fayyadamee iddattoo filachuun waan hinoolleefi kanneen dhimmichi ilaallatu hundaa irraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan ta'eef iddattoo filachuun barbaachisaa akka ta'e ibsa. Akkaataa yeroofi baajata qusatuufi kaayyoo qorannichaas galmaan ga'uu danda'u irratti hundaa'uun baay'ina waliigalaa irraa daangaa iddattoo addaan baafachuun kanneen bakka bu'an murteessudha. Iddattoon qorannichaas hawaasa aanaa kuyyuu jiraatan keessaa namoota muraasa hirmaachisuun yoo ta'u, iddattoon kunis Qaaccessa Raawwii Sirba Goobee Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuu keessa jiraatan namoota sirba goobee irratti hubannoo qaban jedhamanii amanamaniifi dookimantii jiru qaaccessuudha.Malli iddateessuu qorannichaas mala miti carraati. Haaluma kannaan maddi qorannoo kanaa harki caalu af-gaafiifi daawwannaafi marii garee yoota'u namoota hubannoo sirba goobee irratti qaban dhiira kudha shaniifi dubartii shan walitti diigdama irraa miti carraadhaan ragaan kan funaannameera. Walumaagalatti baayyina uummata aanaa Kuyyuu keessaa namoota diigdam filachuun qorannoo geggeeffameera.

### 3.4.1. Iddetteessuu Akkayyoo

Sirba goobee Hawaasa Oromoo kamiyyuu biratti kan beekamu yoo ta'eyyuu beekumsa, muuxannoofi fedhiin hawaasni sirbichaaf qabu walqixa ta'uu dhiisuu nimala. Kanaaf, Addunyaan (2011:67) Berg (2001) wabeeffachuun mala barbaachisummaa iddatteessuu ilaaichisee yoo ibsu "qorataan tokko beekumsa dhimmichrratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u akka kaayyoo qorannichaatti eenyuun otoon filadhee odeeffannoo gahaa naaf kennuu danda'a? Jechuun qorannoo isaa galmaan gahuuf iddattoon kan filatamu jechuun barreessee jira". Baay'ina waliigalaa uummata aanaa Kuyyuu keessa qorataan namoota diigdama irraa oddeeffannoo funaanateera. Iddatteessuun tooftaa garaagaraa yoo qabaate iyyuu qorannoo kanaaf qorataan iddatteessuu mala akkayyoo /purposive sampling/fayyadamuun namoota kallattiin sirba Goobee taphataa jiraniifi maanguddoota yeroo dargaggummaa isaanii taphatanii darban kaayyeffatee filachuun qorannichaa adeemsiseera.

### 3.4.2. Iddatteessuu Darban Dabarsaa (Iyyaaffannoo)

Darbaan dabarsaan dhimma tokkorratti nama beeknu irra ka'uun nama kan biraa dhimmicha gad-fageenyan beeku iyyaaffachuun bira ga'uun odeeffannoon irraa fudhatamudha. Sababni kun filatames namoota Aanaa kuyyuu keessa jiraatanii sirba goobeerratti beekumsa qaban hunda isaanii waanan hinbeekneefi. Kunis, odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu akka dhokate hinhafne gargaara. Qorataan mala iyyaafannaa ykn darbaa dabarsaa fayyadamee namoota shan beekumsa addaa sirba goobee irratti qabu jedhaman irraa ragaa funaanee jira. Sababiin isaa, MOE (1999) waa'ee kana yeroo ibsu, "*To get adequate information searching the best person who know about the issues is the best way than using other technique"*jedha.

Haayyuun Denscobe, (2007:17) yoo ibsu, "*With snowballing, the sample emerges through a process of reference from one person to the next*" Iddattoon iyyaafannoo adeemsa keessa duukaa bu'uun kan nama tokko irraa gara itti aanutti eeruudha.

Barbaachisummaa iddattoo darbaa dabarsaa Addunyaan(2011:68) Berg(2001) wabeeffachuun yoo ibsu,

> *Snowball is sometimes the best way to locate subjects with certain attributes or characteristics necessary in a study. Snowball samples are particularly popular among researchers interested in studying various classes of deviance sensitive topics, or difficult to reach population.*

Kanaafuu, namoota qorannichaaf odeeffannoo barbaachisu kennan iyyaafachuun, itti guuta odeeffannoo argameetif namichi kenne sun kan biraas akka eeru taasisuudha. Darbaa dabarsaa kan jedhameefis odeeffannoo dabalataaf deebistoota kanneen biroo eeruun waan gaggeeffamuuf. Jalqaba nama waa'ee goobee beeku bira deemame. Sana booda nama isaa caalaa beeka jedhamee yaadamutti karaa qajeelchuun eeruu darbaa dabarsaan qorannoo kanaaf akka odeeffannoo argatu taasifame. Haaluma kanaan odeeffannoo argame walbira qabuun qaacceffame.

### 3.5. Yoomessa Qorannoo

Qorannoon kun kan adeemsifame akaakuu fokloorii Oromoo Raawwii Sirbaa goobee keessatti ga'ee qabanirratti waan ta'eef akka aadaa oromoo naannoo sanaatti yeroo beekamaan sirbi goobee itti adeemsifamu Hagayya kudha ja'aa hanga Fulbaana kudha ja'aawaan ta'eef qorataan qaamaan deemuun daawwannaa, Waraabbiifi af-gaaffii, marii gareedhaan yoomessa uumamaa keessatti iddootti argamee adeemsiseera.

### 3.6. Mala Odeeffannoon Ittiin Funaaname

Milkaa'ina qorannoo tokkoof qorataan mala odeeffannoo ittiin guuramu addaan baasee beekuun barbaachisaadha. Waan kana ta'eef qoratichi meeshaalee funaanasa odeeffannoo armaan gaditti dhiyaatanitti dhimma ba'uun odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu walitti qabeera. Meeshaalee funaansa odeeffannoo keessatti tajaajilan keessaa daawwannaa. afgaaffii, marii gareefi meeshaalee waraabbiin deeggarame bal'inaan fayyadamuun dalagameera. Sababiin isaas qorannicha duudhaa hawaasaa irratti waan xiyyeeffatuuf, kallattiin keessatti hirmaachuun daawwachuufi waraabbii fayyadammuu, odeeffannoo haala kanaan argachuun rakkisu immoo garee hawaasaa dhimmicharratti hubannoo qabu jedhamee yaadameef af-gaaffii dhiheessuun ragaa funaanuun waan danda'ameera. Gareedhaaf af-gaaffiin kan barbaachiseef immoo hubannoo qaban wal-yaadachiisuun odeeffannoo qabatamaafi gahaa akka kennanniifi.

Malleen odeeffannoo qorannoo akkamtaa gaggeessuuf oolan irratti Dastaan (2002:230) Marietsefi Marieta (2000) wabeeffachuudhan yoo ibsu, "Qorannoo akkamtaa gaggeessuuf odeeffannoo kan funaannu daawwannaa, af-gaaffii, dookimantii kan sakatta'uufi meeshaalee suur-sagalee fa'atti deeggaramuudhaani" jechuun ibsa.

Addunyaa (2011:16) mala odeeffannoon ittiin guuramu keessaa af-gaaffii, daawwannaa, marii garee xiyyeeffatamaafi sakatta'a dookimantii fayyadamuun akka dandaa'amu

addeesseera. Kanuma irraa bu'ura godhachuun qorannoo kana keessatti odeeffannoon funaanname daawwannaa, af-gaaffii, marii gareefi Waraabbii meeshaalee suur-sagaleetti dhimma bahuun qorannoo isaa qoratichi gaggeesera.

### 3.6.1. Daawwannaa

Daawwannaan meeshaalee ragaan ittiin funaannamu keessaa tokko ta'ee odeeffannoo jalqabaa (primary data) qorannoo tokkoof barbaachisu ittiin walitti qabuuf gargaara. Akaataa kanaan qoratichi lafa odeeffannoo gahaafi amansiisaan af-gaaffii dhuunfaafi marii gareetiin argachuun rakkisaa ta'etti, sirbi goobee geggeeffamutti kallattiin keessatti hirmaachuufi daawwachuun meeshaalee waraabbii sagaleefi suur-sagaleen gargaaramuun odeeffannoon funaanamu. Dastaa, (2013:118) yoo ibsu, "Daawwannaan mala odeeffannoon qorannoon ittiin funaanamu keessa isa tokko. Qorataan iddoo qorannicha itti geggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti geggeessu sana hordofa."

Akkan dhimma raawwii sirba goobee raawwatamaa jiru itti hirmaachaa daawwachuudhani. Haaluma kanaan akkan siba goobee yookiin kora gandoota iddattoof filataman keessaa ganda kooyyee akaaleefi wuyyee gosee keessatti sadaasa 03/03/2011 A.L.I.tti haala raawwii sirba goobee hawaasni aanaa sanaa aadaa qabuun qophaa'an hordofeera.

Daawwannaan tooftaa odeeffannoo funaanuuf fayyadu keessaa isa tokko yoo ta'u, tooftaa kanaan bakka qorannichaatti argamuun qabatamaan waan dalagamu irraa odeeffannoo walitti qabuudha. Tooftaa kun dhimma qorannoo kanaan waliin deemu yookiin qorannichaan walitti dhufeenya kan qabu waan barbaadame kana itti guutamu dursee qopheessuun yookiin yaadannoo battalaa fudhachuun kallattiin ilaaluudha. Kaayyoon daawwannaa kanaa deebbii af-gaaffii fi marii garee mirkaneessuudha. Waanti namni hojjetuufi waanti namni dubbatu irraa adda ta'uu nimala.

Dabalees yaaduma kana Addunyaan (2011:10) ilaalchisee. "*Qorattoonni haala jiruufi jireenya hawaasaa irrati gaggeessuu barbaadan odeeffannoo kan argatan waan daawwata, mari'atan, argan, dhaga'an, haala naannoofi jiruufi jireenya hawaasichaa ilaalchisee waan dubbisaniifi kan kana fakkaatan irratti*" jechuun ibsa wAan t'eef malli kun filatameera.

Adeemsi kunimmoo, odeeffannoo barbaachisu hunda itti dhihaachuun argachuuf kan fayyaduudha. Akkasumas, adeemsi sirba Goobee suur-sagaleen kaameraan waraabuun walitti qabameera. Dabalataanis, daawwanichis, jiraa jirree (checklist) gaaaffilee qabatan duraan qopheeffatee hirmaachuudhaan daawwannicha gaggeesseera.

### 3.6.2. Af-gaaffii

Af-gaaffiin akaakuwwan meeshaa funaansa odeeffannoo keessaa tokko ta'ee, kan qorataafi odimaan fuulletti wal-arganii odeeffannoon irraa walitti qabamudha. Yaada kana Dastaa, (2013:111) Af-gaaffiin gosoota odeeffannoon ittiin funaanamuu keessa isa tokko ta'ee kan qorataafi dhimaan fuulleetti wal-arganii odeeffannoo walii kennani. Odeeffannoo af-gaaffiiwwan funaanamuu wanti gaarii taasisuu qorataan gaaffii isa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeef-kennan gaafachuu danda'uu isaati. Malli kun odeeffannoo daawwannaadhan argachuu hindandeenyeefi warreen odeeffannoo bal'aa itti barbaadaniif sirriitti qulqulleeffachuuf kan qoratichi fayyadame deeggaruun Creswell (2003:181) irratti yoo addeessu, *"In interviews, the researcher conducts face to face interview, These interviews involves unstructured and generally open-ended questions that are few in numbers"* jechuudhaan ibsa. Kunis kan agarsiisu, qorataan af-gaaffii tokko hirmaattotaaf fuula fuulaan wal-arguudhaan kan gaaffii isaa gaafatu, gaaffilee hin caaseffamneefi banaa ta'an dhimma itti bahame.

Karaa biroon Dastaan (2013:113) Yaalew (2006) wabeeffachuun cimina mala odeeffannoo afgaaffii funaannachuu akka armaan gaditti ibsa. "Af-gaaffiin yeroo barbaade fooyya'uu akka danda'uufi yeroo afgaaffii odeeffannoon funaannu kan afaaniin dubbatu caalaa sochii od-himtoota irraa odeeffannoo dabalataa argachuufi kan kana fakkaatuuf faayidaa cima qaba" jedha. Akaakuun af-gaaffii kana banaadha. Kanamalees, namoota dubbisuufi bareessuu hindandeenye yaada isaanii osoo jala hinhafiin ibsatu. Namoota kanneeniif gaaffiin dhiyaate ijoon ja'a yoo ta'u adeemsa keessa gaaffilee biroos itti kaasuun gaaffileen kunis af-gaaffii banaattin adeemsifameera. Nammoonni af-gaaffii kana irraatti hirmaatan guyyaa 15/1/2011 hanga guyyaa 17/1/2011 gidduutti iddoo sagantaan sirbi goobee itti sirbamuuti keessatti Warra dhiira 7, dhalaa1, walitti nammota 8 ta'an hirmaataniiru.Yaada kana kan dhugoomsu MOE (1999) yeroo ibsu:

> *The purpose of interviewing is to find out what is in or on someone else's mind. It allow interviewer to do more things to improve the equality of the sinformation required than other method. It also enable to secure depth and detail information. Interview is one of the most popular techniques to meet divers situation (flexibility)and it also provide opportunity to understand non verbal behavior, identity of respondent and allows for greater depth.*

Jechuun yaada jechaan hin ibsamnellee gadi fageenyaan hubachuuf af-gaaffiin kan nama gargaaru ta'uu ni ibsa. Kanaaaf mala kana filadhee jira.

### 3.6.3. Marii Garee

Ragaalee gahaa qorannoo tokkoof barbaachisu meeshaalee funaansa odeeffannoo tokko qofaan argachuun rakkisaa dha. Waan kana ta'eef, af-gaaffii gareedhaaf mijataa ta'eefi kaayyoo qorannichaa bu'uura godhate qopheessuun barbaachisaadha.Yaaduma kana fakkaatu David E. (2004:230) yoo ibsu, "*Focus groups can be alow cost way of collecting data;but require a considerable amount of coopration and enthusiasm from participants."* Akka yaada warabbii kanaatti afgaaffiin garee xiyyeeffatamee karaa baasii gadaanaatiin odeeffannoo walitti qabachuuf hedduu gargaara, tahus tokkummaafi fedhii cimaa odeef-kennitoota kanneen irraa barbaachisa.

Yeroo ammaa sababa adda addaan kan ka'e waltajjiin milka'aa, raawwii sirba goobee argachuun baay'ee rakkisaadha. Kanaafuu, waltajjii marii garee mataa ofii qopheessuun barbaachisadha. Mariin garee namni tokko beekuu, inni biraa hinbeekuu, kan tokko dagate inni biroon itti dabaluu nidanda'a. Mariin garee kun kan deemsifame uummata oromoo aanaa kuyyuu ganda wuyyee goosee keessatti guyyaa 6/7/2011tti kan deemsifamedha. Jalqaba akka karooraatti garee lama, tokkoon tokkoonsaanii miseensota 4 kan qabu marsaa sadiitiin mariisisuuf kan karoorfame yoo ta"e illee namoota dhimma kana irratti argachuun waan dadhabameef garee lama, gareen tokko miseensota 4 kan qaban garee lammaffaan immoo miseensa 2 kan qabuun marsaa lamaan (2)n mariisifamee jira.

Dastaan (2002: 9) waa'ee marii garee yemmuu ibsu "Dhimma murtaa'aa ta'e tokko irratti kan qorataan hirmaattota marisiisuun argatudha". Namoota muuxannoofi beekumsa sirba goobee irratti qaban garee tokko keessatti namoota murtaa'oo hawaasa keessaa filatame. Marichisuun hojjete jira. Namoonni gaaffii gareen kennameef erga sirritti garee xiqqaafi guddan irritti mari'atanii booda, odeeffannoo waraabiifi yaadannoon fudhachuun sassaabamu. Sababni tooftaan kun filatamufis odeeffannoo gahaafi ifa ta'e ni kenna jedhamee amanama.

### 3.6.4. Waraabbii

Qorannoo gaggeeffamu tokko qabatamaafi amanamummaan isaa daran akka cimuuf ragaalee jiran hamma danda'amuu waraabachuun gaarii ta'a. Kun immo qorannoo akkamtaa keessatti gaheen inni qabuufi yaadota yeroo balbaloomsanillee duraa duuba qabsiisuufi qindeessuuf gargaara.

Haala kanaan qorataan adeemsa qorannoo isaa keessatti meeshaalee waraabbii kanneen elektirooniksii ta'an dijitaal kaameeraa, mobaayiloota sagalee waraaban adda addaa

fayyadamuun odeeffannoo barbaachisaadha jedhee yaade walitti qabatee jira. Waraabbiin waan tokko akkuma jirutti fudhachuudhan ergasiiyis qabxiilee barbachisaa ta'an keessaa gulaalee kaa'uuf bu'aa gaarii tokko argachuuf karaa dandeessisuun haala mijeessa. Haaluma kanaan qoratanis, naannoo ka'umsa isaarraa eegalee hanga raawwii sirnaatti wantoota jiraniifi raawwaataman waraabachuun itti fayyadamee jira.

### 3.7. Mala Qaaccessa Odeeffannoo

Dastaa (2013:141)yoo ibsu, "odeeffannoo ibsuun yaada odeef-kennitotarraa gaafannaadhaan, daawwannaan, Waraabbii, marii gareen argame haala qabatama rakkina mul'ateetiin walitti fidanii dhiheessudha." Jedha.

Ragaan bifa oliitin funaaname duraan dursee akka walfakkeenya yaadaatiin gurmeeffame. Itti fufee duraaduuba raawwii isaanii bifa eegeen mata duree gurguddaafi xixiqqaatti caccabanii akka hiika sirrii laachuu dandaanitti tarreeffamanii ragaa suuraafi yaada beektotaa waliin deeggaramanii qaacceffaman. Yaada kana V. Kahnfi W.Best (2005:34)

> The *process of classification, sorting and tabulating of the data are important part of the research. The analysis and interpretation of the data represent the application of deductive and inductive lojic to the research process. The datas are often clasfied by division into sub group and then analysed*. Jechuun yaada olii sirrii ta'uu mirkaneessu.

Qorannichi mala qaaccessa ragaalee akkamtaa kan fayyadamu yommuu ta'u, Kunis odeeffannoo akkamtaa gaaffiiwwan maaliif? akkamitti? jedhuuf deebii laachuuf kan carraaquufi dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan hunda jechaan kan ibsuu dha. Yaada kana David E.G (2004:346) yoo ibsu, "*The main focus of qualitative research is to understand the ways in which people act and the accounts that people give for these actions"*. Yaada hayyuu kanaa irraa akkuma hubatamu, xiyyeeffannoo guddaan mala akkamtaa akkaataa uummanni waan tokko gochaan agarsiisu hubchuufi itti gaafatamummaa hawaasichi gochoota raawwataman kanneeniif qaban xiinxaluuf akka ta'e agarsiisa. Sababiin qoratichi mala akkamtaa filateefis dhimmoonni qorannicha keessatti ka'u kan hawaasni sirnaan raawwatu waan ta'eef, kallattiidhaan hawaasa keessa seenuun (hirmaachuun) odeeffannoo barbaachisu walitti qabateera. Odeeffannoo meeshaalee funaansa ragaaalee (daawwannaa, af-gaaffii, Waraabbiifi marii garee) namoota sirba goobee irratti hubannoo qabaniin ragaaawwan mata durichaan walqabatan guutummaa, sirrummaafi qulqullinni isaanii ilaalamanii mirkanaa'aniiru. Ragaaawwan kaayyoo qorannichaan wal hin qabanne battaluma haqameera Ragaaawwan haala wal fakkeenyaafi akaakuu isaatiin qoqqooddameera.

Qorannichi odeeffannoo daawwannan, af-gaaffiifi marii garee argame tartiiba isaanii eegachuun tarreeffamanii qaacceffamu. Kana malees, Addunyaan (2011:62-63) yoo ibsu, “qaaccessa ragaa yoo ibsu malli ibsaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta’eefi maaltuu akka ta’aa jiru addaan baasuudhaan jijjiiramoota akkuma isaan yoomessa uumamaa keessatti argamanitti kan ibsudha”jedha.

### 3.8. Muuxannoo Dirree

Qorannoon dirree kan qorataan tokko iddoo qorannichi itti adeemsisu dhaquudhaan qorannoo kan gaggeessuudha. Adeemsi kunis kan odeeffannoon qorannoo sanaaf ta’urraa argamu namoota, aadaa hawaasichaafi kkf bira dhaquun qabatamaan ragaa barbaachisu sassaabuuf fayyada. Haaluma kanaan qoratichis raawwii sirba goobeefi ayyaana masqalaa  kanarratti argamuun daawwateera.

Odeeffannoowwan qorannoo kanaaf barbaachisan kan walitti qabaman adeemsa adda addaa keessa darbaniiti. Jalqaba qorataan odeeffannoo ittiin funaanuuf malawwan nagargaaru jedhee filate (af-gaaffii dhuunfaatti namoonni afur sirba goobee irratti barbaachisan gaaffii sadii, namoota raawwii sirba goobee irratti namoota sadiif gaaffileen sadii) qopheeffatee erga mirkaneeffateen booda kaameraa odeeffannoon itti waraabamuufi yaadannoo qopheeffate. Hojiiwwan aloolaa booddee ragaaawwan viidiyoo kaameraan waraaabaman dhageeffachuufi ilaaluun barreeffamatti jijjiiruun; ragaaalee wal-fakkaatan iddoo tokkotti gurmeessuu, qoqqooduufi qaaccessuudha. Sababiinsaa V. Kahnfi W.Best (2005:300) “*Observers use aproprate instrument like photo camera, video recored and others to systematize, quantify and preserve the result of their observation*” jedhu. Kana irraa ka’ee qorataan qaaman iddoo sirba goobee deemuun jechaafi gocha isaanii akka jirutii ragaa suuraafi sagalee haala qabatamaan fudhatamee jira.

Akkasumas, hojii qorannoo kanaa yeroo adeemsifamu bifa seera qabeessaafi naamusa ogummaa qabuun kabaja hawaasaa eegee raawwate. Yeroo qorannoo kanaaf af-gaaffii, daawwannaafi marii garee keessatti taasifame, bifa aadaafi safuu hawaasichaa eegeen, mirga isaanii kabajeen akkasumas yeroo suuraa eeyyama gaafachuun fedha isaaniitiin suurri fudhatamee jira. Dabalees waraabbii sagalee irratti fedhii isaaniitiin odeeffanoo qabatamaa barbaadamu akka kennan fedhii gaafachuun sagaleen isaanii warabamee jira. Bifa naamusa qabuun haala olitti ibsameen qorannoo adeemsisuun adeemsa sirrii ta’uu kan nuuf mirkaneessu yaada V. Kahnfi W.Best (2005:347) dhiyeessaniidha.

> *Psychologist accord aproprate respect to the fundamental right, dignity, and woth of all people.The are aware of culture, individual, and role difference, including those due to age, gender, race, ethinicity, national origin ,sexual orientation, disability language and socio economic status*

Akka yaada warrabbii kanarraa hubachuu dandeenyuu qorannoon yeroo adeemsifamu nama dhuunfaatii hanga gareetti mirga, sansakaa, aadaafi safuu namoonni qaban bifa eegeen raawwatamuu akka qabu addeesaniiru.

# BOQONNAA AFUR:  QAACCESSA RAGAA

Boqonnaa kun odeeffannoo gaaffilee bu'uuraa boqonnaa tokko keessatti ka'aniifi deebii argachuufi kaayyoo qorannichaa mirkaneessuuf ragaaleen odimoota irraa daawwannaan, af-gaaffiifi marii garee funaannaman walduraa-duubaan mala akkamtaa gargaaramuun ture. Akkaataan itti qaacceffamanis, gulantaawwan kabajannaa bu'ureeffachuun qaacceffamaniiru. Haala kanaan odeeffannoowwan meeshaalee funaansa odeeffannoo armaan olitti heeramaniin funaannaman qoqqoodamanii duraa duuba isaanii eeggachuun akka armaan gadiitti xiinxalamaniiru. Boqonnaan kun Raawwii Sirba Goobee Aanaa Kuyyuu Qaaccessuu irratti xiyyeeffata.

Walumaagalatti, Qaaccessaa Raawwii Sirba Goobee haala adda adddaattin jiran hammata. Dhumarratti, faayida sirba goobeefi ga'ee sirbi goobee ijaarsa eenyummaa Oromoo aanaa kuyyuu ibsuu keessatti qabu ilaalchisuun ibsi kennameera.

### 4.1. Qaacceessa Goobee

Goobeen aadaa uummata Oromoo keessa isa tokko. Obbo Shimallis Xaafaa (af-gaaffii 10/8/2011) akka ibsanitti, "Goobeen kan dhalootaa dhalootatti darbaa dhufuun har'a gaheedha. Jechi "Goobee" jedhu kun akka odeeffannoo Maanguddootarraa argameetti dargagoome, guddate, gabate kan jedhuun hiikama" jedhu. Goobee kan taphatan sadarkaa dargaggummaarra kan jiraniidha Goobeen ayyaana Ukeerraa kaasee hanga ayyaana Masqalaatti yookiin Hagayyaa kudha ja'a hanga fulbaan kudha torbaatti ji'a tokkoo walitti fufee taphatama.Yeroon taphatamu galgala dargaggoonni ollaa iddoo tokkootti walgahuu. Erga walgahanii boodaa irreessa qabatanii gara abdaarii dee muun tapha birraa taphatamu taphachaa eebbas eebbifatanii irreeffatu. Sana boodaa mana namoota ganda sanaas ta'ee ganda biros irra naana'anii sirbaa yookiin dhiichisuun kennaa fudhachuu eegalu. Galgala, galgala  irbaata nyaatarraa hanga iyya hadaaqqotti sirbama.

Akka Obbo Tafarraa Zawudee (af-gaaffii 05/07/2011) ibsanitti, "Kaayyoon sirba Goobee aadaa sirna Gadaatin kan walqabatuufi addan bahuu hindandeenye ta'ee, dargaggoota ykn qeerroo sadarkaa Foolleerra jiran walitti fiduufi hawaasummaa isaanii akka cimsatan taasisuuf" jedhu. Akkasumas taphni goobee kan taphatamuu Hagayya walakkaa irraa eegalee hanga guyyaa Masqalaatti keessattu gaafa guyyaa Masqalaa abdaarii irratti gubaan ibsamuutti. Kana malees Oromoo Tuulamaa Godina Shaawaa Kaabaa Salaalee Aanaa Kuyyuu keessatti Goobeen baayyee jaalatamaafi beekamadha. Goobee jechuun tapha

dargaggoo/foollee yeroo birraan dhufuuf deemu wal waamee mandara yookiin naannawaa iddoo jiraatu keessaa gurmiidhan taphataniidha. Taphni kunis akkaataa dur abbootin tapha goobee irratti hirmaatan yookiin taphatamaniin ta'a. Garuu raawwiin isaa akka durii akka hingeenyee odeeffannoo kennitootarra hubatamera. (*Dajanee Adunnaafi caalaa hirphaa marii garee 19/08/2008)*

Goobeen safuudha. Safuun seera waaqaan uumame, seera jiruufi jireenya dhala namaa gidduu jiru, eeguufi ittiin buluudha. Jiruufi jireenya Oromoo guyyaa irraa guyyaa keessatti jechi 'safuu' jedhu baldhinaan mul'ata. Akka duudhaa Oromootti Waaqni, lafti, uumaafi ayyaanni safuu jaalatu. Sababuma kana irraa ka'uudhaan Waaqni safuu roobee lafti safuu magarsa, ayyaana isaaniitiif safuu! yaa uuma siif safuu! jedhama. Goobeenis safuu hawaasa eege kan taphatuma. Dargaggeessi safuu hinqabne goobee keessatti iddoo hinqabu. Sababi isaa goobeen akka safuutti ilaalama. Dargaggeessi ganda keessatti haalaafi safuu hawaasaa hinbeekne/hinkabajne goobee keessatti yoo hirmaateellee koree keessatti gaheen hojii yookiin iddoon hinkennamuuf. Kanaaf dargaggeessi goobee irratti hirmaatu kamiyyuu safuu hawaasaa beekuu qaba. Safuu beekuu jechuun beekkumsa seerawwan dhalootaa hubachuu ta'uu Gamechu (1970:50) cimsee ibseera. Seerawwan dhalootaa kunneen seerawwan uumaa kan Waaqni namaa kenneefi seerawwan namni hojjateedha. Kanaafuu, seerawwan kuuneen gara Waaqaatti nama geessan wajjin jiraachuun namni tokko jireenya gammachuun guutamee akka jiraatu dandeessisa.

Sirbi Goobee uummata Oromoo aanaa Kuyyuu ittiin dhimma ba'aa ture, har'as dhimma itti ba'aa jiru. Gooroo sirba tokko caala hubachuufi raawwii isaa caccabsanii baruuf qoqqooduun barbaachisa ta'a. Sirba yookiin faaruu goobee qooduufi qaaccessuu irratti qo'annoon kallattii hinadeemsifamne. Faaruun yookiin sirbi garagaraa wal-quunamtii namoota jidduutti adeemsifamuuf murteessaa kanneen ta'an ergaa adda addaa of-keessatti qabatu. Mala qoodinsa qo'attoota armaan olii tokko tokko itti gargaaraman keessaa kanneen qo'annoo kana faana deeman fudhachuufi raawwii sirba goobee ragaaf funaanaman gad-fageenyaan xiinxalamaniiru.

### 4.2. Qaaccessa Sirba Goobee

Akkan qaaman deemee sirba goobee waraabbadheefi sirba waraabbadhe sanaaf hiikaa isaa kaa'uf af-gaaffii warra goobee sana sirban gaafatee haala gaafatee deebii argateen akka armaan gadiitti qaaccssuu yaaleera. Akka odeeffannoo daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo irraa argame ibsuttin, goobeen hawaasa biratti dhiyaatee sirbamu raawwii

yeroo ammaafi egeree mataasaa qaba. Qindaa'inni sagaleeleefi jechoonni sirba goobee muraasni yaadaa yookiin ergaa bal'aa ibsuuf humna guddaa qaba. Sirba goobeerratti dargaggoonni yookiin namoonni adda addaa afaaniin waan yaa jedhan malee qorannoo irratti geggeeffame tokko hinjiru. Dargaggoonni wal-gahanii sirbaa ollaa irra naana'anii kennaa gammachuu walitti sassabachuun erga baay'ifatanii mana angafaatti yookaan mijjiriitti korma bitanii qalan. Kunis kan raawwatamu gaafa ayyaana masqalaatti.

Akka odeeffannoo isaa argadheetti hiikaan isaa bal'inaan yookiin gad-fageenyaan hubachuun beekumsa hawaasa aadaafi duudhaa sana hordofuu irratti qabaniin daanga'a. Sirbi yeroo dhooqqeefi roobaa keessaa booqaa birraatti ba'anii, yeroo gannaa dukkanaa, bacaqqee, duumessaafiyaadda'u bakakkaa jala gara ilillii birraa daraaree dacheen magariisatti geeddaramtee foolii gaarii qaban kan facaafatan gahuun ijaan arguu eegalanii gammachuudhan sirbama. Kanumarraa ka'uun sirba goobee keessatti masqalaa mootii ayyaanaa jedhanii dhiichisu

Akka Tashaalee Darajjee (af-gaaffii 8/07/2011) irraa odeeffannoo argadhetti, "Goobeen aadaa uummata Oromoo biratti beekkaman keessaa isa tokkoodha. Raawwiin isaa haala safuufi duudhaa hawaasa sanarratti daanaga'adha. Goobeen kan dhalootaa dhalootatti darbaa dhufuun har'a gaheedha. Haalli kunis, Dargaggeessi taphatu safuufi aadaa hawaasaa irratti hundaa'ee taphata. Sirbi goobee uummata Oromoo biratti haala adda ta'eefi jaalala guddaadhaan beekama". Hiika hedduus qaba. Gannaa bacaqii keessaa gara ifaatii baane, birraan nuf barites jedhee sirba goobee kan sirbu yerummaa kana waqtiin birraa Oromoo biratti sochiiwwan hedduu of-keessa qaba. Horiin illee garaan quufee dheeda 'kaloo Masqalaas' kan banamu guyyummaa kana, daamootiin ni ifa. Mooraa horii keessatti daamootii kormaa ni gubama. Ayyaanni gubaa bariis Oromoon ayyaana irreessaa, yaa waaqayyoo kan irree nuuf kennite galata qabda jedhee malkaatti ba'ee tokkummaan waaqa nigalateeffata. Sirbi goobee aartiiwwan uummatni Oromoo qabu keessaa isa tokkoodha. Akkasumas sirboota aadaa uummata Oromoo keessaa illee tokko. Hambaleen qabatamaan hintaanee keesssa tokkoo tahee sirbi goobee dargaggootaan kan sirbamuufi kan sirban immoo hanga gaafa jala bultii ayyaana masqalaatti abdaarii irratti akkasumas mana manarraa naana'anii kan sirbaniidha. Haa tahuu malee sirbi goobee nama dhuunfaan kan sirbamu osoo hintaanee gareen yookiin gurmuun dargaaggootan kan sirbamuudha.

Dargaggoonni yeroo Goobee jedhan yaadaafi hawwii isaanii sirba goobeen ibsatuu, faaruun isaa kanneen safuufi duudhaa isaanii miidhagsanii ergaa isaa dabarsaniif jechoota, dubbii

qoolaafi jechoota filatamootti dhimma baha. Sirba goobee beekuuf aadaafi duudhaa hawaasasanaa sirriitti beeku gaafata. Kun immoo beekumsi hiika jechoota aadaa sana keessaa, jechoonni yaadaa aadaa keessatti calaqqisu ifa taasisaniidha

Akka Obbo Nuguusee Laggasee (af-gaaffii 8/07/2011) akka jedhanitti "Sirbi Goobee uummatni Oromoo dur irraa kaasee hanga ammatti dhaloota irraa dhalootatti darbaa yookiin ce'aa har'aa gahee. Dargaggoonni sirba goobee sirbuun ollaa yookiin mandararraa naana'anii qarshii funaanuun abdariiti horii qalanii waliin nyaatu. Dargaggoonni goobee sirban qarshii walitti hinbuusan, kan goobeen walitti qabatan fayyadamu. Isuma kana galmaan gahuuf jecha ji'a Hagayyaa keessa sirba goobee sirbuu eegalu."

Akka dargaggoo Tashaalee Darajjee (af-gaaffii 12/07/2011) jedheetti "Sirbi Goobee kan taphatamuu yookiin sirbamu guyyaa Qaammeen yookiin inquxaxashiin torban lamaanitti galuu irraa kaasee hanga guyyaa jala bultii ayyaana Masqalaati dargaggootni walitti dhufanii gurma'anii kan sirbamuu kabaja ayyaana Masqalaatiif Hagayya irraa eegalee hanga Fulbaana kudha ja'aatti ji'a tokkoof sirba sirbamuudha" jedha.

Sirbi Goobee ayyaana masqalaa waliin wal-qabatee kan sirbamuufi beekamu. Uummatni Oromoo aadaa adda addaa qabu keessaa inni tokko kabaja ayyaana masqalaati. Sirboota uummatni Oromoo qabu keessaa tokko sirba yookiin faaruu goobeeti. Sirba goobee duudhaa Oromoo caasaa isaanii waliin qindaa'uun ergaawwan ijoo haalawwan hawaasaa, dinagdee, aadaafi duudhaa irratti dabarsu. Oromoon duudhaa isaatiin bulus rakkoowwan isa quunnameef furmaata argachuuf, gammachuu isaanii ibsachuuf, Waaqa isaanii kadhachufi walumaagalatti yeroo kana hawwiifi fedhii adda addaa qaban ibsachuuf sirba goobeetti gargaaramu.

### 4.2.1. Hurruubummaa Sirba Goobee

Jechi 'Sirba Goobee' jedhu kun sochii qaamaa akka ta'eetti beekkamuu danda'a. Haa ta'uu malee, sochii qaamaa osoo hintaane walaloo yeedaloon sagaleeffamee hurruubummaan dhugoomuudha. Sochiin qaamaa garuu sirba osoo hintaane maqaa ittiin beekkamu qaba. Innis, hurruubbii jedhama. Naannoo Oromiyaa keessattis hurruubii gosa adda addaatu argama. Akka fakkeenyaattis shaggooyyee, dhiichisa, mirrisa, geelloo, kumkummeefi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama. Fedhasaa (2013) yoo ibsu Egaa sirbi walaloo yeedaloon weelliifamu yemmuu ta'u, sochiin qaamaa immoo hurruubbii yeedaloo sanaa wajjiin deemudha. Kanaafuu sirbi hurruubbiin walqabata jechuudha. Sirbi Goobee dhimma sirbamuuf irratti hundaa'uun gosoota adda addaatti qoodama. Qoqqooddiin kunis, waan inni

sirbamuuf irratti bu'uuruun raawwatama. Kunis, dhimma jedhamuf sanaan walqabachuun waltajjii sirbamuun dhugooma. Kana malees, sirbootni kun yoomessa keessatti sirbamanis niqabu jechuudha.

Akka odeeffannoon gama kanaan jiru beekuuf akkan af-gaafii hincaaseffamneen gaaffiifi deebii namoota haala raawwii sirba goobee beekanii taasiseefi marii garee namoota duudhaa sirba goobee beekan waliin taasiseera ragaalee adda addaa argate akka itti aanutti xiinxalameera.Haalumma kanaan gaaffileen qorataan mata duree irratti kaafaman gaaffilee hincaaseffamne yoo ta'an jalqaba irratti kan haala waliigalaa raawwii sirba goobee adda baafachuuf dhiyaatanidha.

Gaaffileen sirba goobee kana irratti dhiyaatanis sirbi goobee yeroo ammaa sadarkaa maalii irra jira? gadaanaa yoo jettan/te maaliif? Faayidaa sirbi goobee hawaasa Oromoo keessatti qabu maali? Sirbi goobee mana akkam akkamitti sirbama? Maaliif? Sirbi gaafa jalqabaafi gaafa dhumaa sirbamuu maal maal fa'i? Yoo yaadattu ta'e sirba isaa naaf sirbaa? sirbi goobee aanaa kanaa ilaalchisee yaada adda ta'ee dabalataan naaf kennuu barbaaddan yoo jiraate.

### 4.2.2. Hirmaattota Sirba Goobee

Raawwiin Sirba Goobee akkuma sirboota biroo naannoo kanatti kabajamanii hirmaattota adda addaa qabanii, raawwiin kunis hirmaatonni raawwii niqaba. Hirmaatonni kanneenis gahee mataa mataa isaanii niqabu. Akka mariin garee Guraadhala 22/ 06/ 2011 ganda kooyyee Akaaleetti taasifame irraa odeeffannoon argame akka agarsiisutti, hirmaatni sirba goobee keessatti qooda guddaa fudhatan dargaggootafi ijoolleedha. Sirbi goobee adeemsa mataasa qaba. Adeemsa kanrrati kan hirmaatan dargaaggotaafi Ijoollee yoo ta'anillee gahee isaanii hirmaannaa kanarraatti garaagaarummaa qaba. Namni fuudhee sirba goobeerratti hinhirmatu. Hirmaatonni kanneenis gahee mataa mataa isaanii niqabu. Goobee kan taphatan sadarkaa dargaggootaafi ijoolleedha. Namoonni sirba Goobee keessatti hirmaatan akkaataa umrii isaaniitiin haala adda addaan hirmaachuun goobee sana miidhagsu. Hirmaattonni sirba goobee kana irratti hirmaatan keessa dargaggoonni isaan tokkoodha. Dargaggoonni kunis mana namootaa irra naana'uun haala adda addaan sirbaa dhiichisuu. Kana jechuun mandara irra naana'uun qarshii funaanaachaa sirbu. Yeroo kana nama qarshii kenneef faarsuufi jajjabeessuun, akkasumas warra isaan dhorkatee abaaruun gahee isaanii keessaa isa tokkoodha. Kanamales dargaggoonni warra isaanii hinkenninee yeroo beelamaa isaan kennaniif akkas jechuun sirbu.

Goobeen dhufee yaa dureessa koo (2)
Yoo qotiyyoo cimdii qabdaa
Yoo gootaraa dilbii qabdaa
Maal dhabdee too beellama qabdaa
Goobeen dhufee yaa dureessa

Akka af-walaloo kanarra hubachuun danda'amutti dargaggoonni kunneen yeroo beellama kennuun namichaa isaan hin amansiifne akka inni namichi dureessaa ta'ee waan beekaniifi mallattoo durumaa irraa kan ta'ee qotiyyoon cimdii, gootaraa dilbii qabachuurraa kan ka'ee qabdaa maldhabdeetti lammata na deebista jedhanii akka qarshii kennuuf sirba isaanii itti fufu. Dabalataas, hirmaattonni sirba goobee ga'eessoonni fuudhaanfi maanguddoonni yeroo warri goobee isaan bira deemanii sirba gammachuun waliin sirbu. Yeroo kana immoo manguddoonni dargaggoota goobee jedhan sana walitti qabuu waliin sirba achumaan gorsu. Kana malees, namoota goobee irratti hirmaataniifi akka waggaa waggaan isaan gahuufi bakka isaanii kanatti xiqqaan akka guddatuuf eebbisuu.

Akka obbo Tasammaa Sanbatuufi Zawudee Dasaalany (marii garee 10/2/2011) madda odeeffannoo kana ibsanitti, sirbi goobee kan dhaloota irraa dhalootatti afaaniin darbaa dur irraa kaasee hanga ammaatti jiruudha jedhu. Kunis haala hawwataa ta'een dargaggoonni umuriin isaanii waggaa kudha afurii hanga waggaa sodomaa jiranitti wal gahuun dukkana gannaa keessa gara booqaa birraatti bahuu abdiin eeggaa turan kan sirbaniidha. Yaa tahuu malee, ijoolleen waggaa kana gadii hin sirban jechuu miti, akkuma humna isaanitti naannoo qe'ee isaanirraa osoo hinfagaatiin kan sirbaniidha. Irra jireessa garuu dargaggoota dargagummaa keessa jiran irratti hundaa'a, kunis dargaggoonni booqaa birraa haawwiin kan eeganiif waan baayyee fideefi waan dhufuufi, fakkeenyaaf ayyaanaa Qaammeefaa of-keessaa qaba. Ayyaanaa qaammee kanatti immoo dargaggoonni yeroo isaan jaalallee isaanii itti argan waan taheef kun immoo adda isaa taasiisa. Akkasumas warra sirba goobee sirbu keessaa namni hunda dura sirba jalqabuu bakka buufatanii eegalu.



Suuraa1：Yeroo Hirmaattonni Goobee Gara Mooraa Obbo Tasammaa Sanbatuu Olseenuun Sirban Mul'isu. (Suuraan gaafa guyyaa 16/01/2011)

### 4.2.3. Haala Sirbi Goobee Itti Jalqabamu

Akkuma aartiifi afoola kanneen uummatni Oromoo aanichaa sirbi goobee seera qaba. Innis akkaataa itti jalqabamee itti xumuramu kan qabuudha. Uummanni aanichaa sirba goobeef iddoo guddaa kennuuf. Goobeen yeroo itti sirbamu yookiin itti taphatamu yeroo birraatti bahuuf deemu irraa eegalee hanga ayyaana masqalaa duraa duubatti sirbama. Sirbi goobee dargaggootan kan dhiyaatu ta’ee, warra kaaniif hawwiifi milkaa’ina hawaasa karaa ittiin ibsatanidha. Yeroo goobee sirban kallattii namoota isaan itti sirban sana hubachuun jajachuu dandeenya. Inni kunis namootni walitti gurmaa’uun yookiin miseensa ijaarrachuun akkuma hojii kamiyyuu waliigaltee miseensichaatiin kan ta’uudha. Akkaataa isaan waliigalaanis akkaataa safuufi duudhaa uummaticha hintuqamnetti kan raawwatamuudha.

Akka dargaggoo Caalaa Hirphaa (af-gaaffii 10-2-2011) irraa odeeffannoo argadhetti Dargaggoonniifi ijoollee naannoo walitti yaa’anii iddoo tokkotti walitti qabamu. Kana boodaa naannoo sirba goobee sirbuun qarshii itti funaanuu jalqaban murteessu. Namootni kunis akkaataa galma ka’aniif sana gahuu danda’anitti waligaluun abboottii seeraa kan seericha kabachiisuufi hubachiisuu, maallaqa qabaa filachuun haala goobee mari’achuun hal-duree jiru mijeeffachuun nama jalqaba baasuu bakka buusun eegalu. Itti aansee dabaree dabareen walharkaa fudhuun sirbaa gara mana itti jalqaban irraa eegalu. Innis kan eegalu namoota hangafa miseensicha ta’aniin. Akkasumas eebba guyyaa jalqaba goobeen itti eegalu abdaarii irratti nigeggeessu. Haa ta’u malee sirba goobee irratti ijoolleen akka dargaggoota naannoo qe’eerra fagaatanii deemanii hinsirban. Sababni isaa halkaan dukkana waan ta’eef miidhaarraa akka hinbuuneefi. Warri dargaggoota garuu daangaa malee qe’eerra fagaatanii sirbuun qarshii funaanuu danda’u. Yeroo sirbanii qarshii funaanan mana nama tokkoo birallee hindarban. Hiyyeessa, dureessa adda hinbaasan.

Akka odeeffannoo kennitoonni obbo Tasammaa sanbatuufi caalaa hirphaa (marii garee 10-2-2011) ibsanitti mana namaa bira yoo darban nikomatamu waan ta’eef loogii tokko malee manneen qaqaaban dhaqanii sirbu. Namnis amma qabu nikenna. Goobeen afoola Oromoo keessaa isa tokko. Innis afaaniin dhaloota dhalootatti darbaa dhufe. Kunis adeemsa qaba. Akka hawaasicha keessatti mul’atuufi manguddoonni jedhanitti goobeen haalli itti adeemsifamuufi yeroo isaa murtaa’adha. Waaqa booruu Gannaa yookaan bacaqii Gannaa nagaan baase galateeffachuuf. Aadaafi amantii uummata Oromoo keessatti Ganni akka dukkanaafi rakkisaatti ilaalama. Sababa laggeen guutaniin firri gamaa gamanaa addaan kan citan kan isaan deebi’anii laga ce’anii wal dubbisan ji’a birraa waan ta’eef gammachuu kanaa

Waaqa galateeffatuu. Akka jechamaattis boftiifi allaattiin kan Ganna ijji isaanii jaamaa ture birraa banamaaf waan ta'eef jiini fulbaanaa ummata Oromoo biratti ji'a gammachuufi ji'a galataa fakkoommii jedhu qaba. Kana malees waaqni marga daraaraa godhe kun daraaraa firiitti akka geeddaruufis firii kanas akka ilkee nagaan sooratan galata cinatti kadhannaas niqaba. Haala kana keessatti eebba ayyaana masqalaatiin wal qabsiisanii yeroo eebbisan akka kanaa gadii jedhuun hawwii qaban ibsu:

> Hayyee, hayyee, hayyee
> Waaqa booruu Gannaa nagaan nubaafte
> Booqaa birraa nu huufkalchi
> Daraaraa midhaan nuuf godhi
> Dhiiga nama godhi
> Kan adeeme haagalu
> Kan maseene haadhalu
> Malkaan keenya hingu'iin
> Margaan keenya hindu'iin
> Kan roobee tortorsu nu baasi
> Kan caamee goggoksu nu baasi
> Midhaan qotame ilkaa nagaatti nuuf laadhu -- jedhanii dargaggoonni kadhachuun sirba goobee jalgabu.(obbo Geetuu Tasammaa af gaaffii guyyaa 10/8/2011)

Afwalaloo Eebba (kadhannaa) armaan olii yoo xiinxalamu, yeroon sirbi goobee itti sirbamu Ganni booruu, Birraan immoo booqaa jedhama. Sababii Ganni booruu jedhameef tokko ganna lagni, burqituufi haroowwan niboora'u. Lammaffaammoo, samiinillee hurriin haguugamee ija biiftuullee akka gaariitti arguun hindanda'amu. Kanammoo Waaqatu nu hoofkalche jechuun Waaqa booruu Gannaa isaan baase kana galateeffatu. Birraan booqaadha jechuun ifaa yookaan gammachiisaadha. Birraan waan hedduu fideetu dhufa. Tokkoffaa ganni kan roobni, dhooqqeen, guunni galaanaa nama rakkisu darbee ifti aduu, daraaraan habaaboofi kanneen kana fakkaatan yeroo itti dhufanidha. Ganna nagaan ba'uu galateeffachaa, Birraa immoo akka hoofkalan, wanti daraare ija yookaan firii akka godhatu hawwii qaban ibsatu. Bara haarawaa kanattis kan daa'ima dhabe akka dhala argatu, kan deem nagaan akka galuuf, dhibeen hamaan nama isaanii akka hinarganne, roobni yeroo malee itti dhufee oomisha isaanii akka duraa hinballeessine, yeroo malees caamee akka midhaan isaanii jalaa hinbanne Waaqa kadhatu.

Erga eebbaafi hawwii isaanii xumuranii booda gara sirba goobee jalqabuutti deemu. Dargaggoonni erga walitti dhufanii bifa qindaa'ina qabun sirba eegalu. Yeroo karraa warraa qarshii funaanachuu barbaadan sana gahan akkas jedhu.

**Nama sirba baasuNama sirba jalaa qabu.**

| | |
|---|---|
| Goobaa goobsi yaa birraa | ohoo asaasee |
| Yaa misiraa dirree | ohoo asaasee |
| Kan goonni walife | ohoo asaasee |
| Alaaltuu lagarraa | ohoo asaasee |
| Yaa yaabbatuu fardarraa | ohoo asaasee |
| Izirtii izirtii | ohoo asaasee |
| Giiftii mana kana | ohoo asaasee |
| Eessuma jirtii? | ohoo asaasee |

Akka walaloo yookiin sirba armaan olii kanarraa hubatamutti yeroo tapha goobee kana dargaggoonni waqtii gannaarra hanga waqti birraa gidduutti gareedhan hirmaanii iddoo adda addaatti sirba goobee kana akka aadaa Oromootti dhiichisaa qarshii walitti funaanatu. Yeroo kana nama isaanii kennee eebbisaa kan beellameef galateeffachaa gara itti aanutti darbu.

Dabalataanis dargaggeessi goobee kun waggaa waggaa akka gahuufi maanguddoon, jaartiin akka jiraatan, akkasumas daa'imni itti aanee dhalate akka guddattus jalqabbii eebba goobee kana keessatti bal'inaan haawwii isaan namootaafi ofiif qaban ibsatu.



Suuraa 2:Yeroo Dargaggoonni Mana Obbo Tasammaa sanbatuutti qarshii kenneefitti taa'anii waaqa kadhatanii eebbisan mul'isu. (gaafa 16/01/2011)

### 4.2.4. Warra Goobeen Itti Jedhamuutti Waan Dalagamu

Akka Tasammaa Sanbatuu (af-gaaffii 10/9/2011) irraa odeeffannoo argadhetti, sirbi goobee warri itti sirbamu sun akka qophiin eeganiif dargaggoonni sagalee isaanii dhaggeessisuun sirbu. Anis warra goobeen itti jedhamu/sirbamu yookiin mana namoota waa'ee goobee beekanii dhaqee gaaffii yeroo goobeen mana keessaan dhufe maal akka hojjetaniifi akkamiin akka simatan gaafatee ture. Goobeen aadaa tahuufi akka jaallatan nati himanii jiru. Kanaafis yeroo goobeen tapha eegalan sagaleen isaan keessaa dhagahaniin mana mana isaanitti waan qaban qopheeffatanii isaan eegu malee maal nu dhibee jedhuun dhiisanii hinrafan.

Yeroo baayyee goobeen kan jedhamu galgala galgalaafi halkan guutudha. Kunis sababa qaba. Innis guyyaa guyyaa hojii waan taheef akkasumas namoota hundaa guyyaa manatti hin argatan. Goobeen karra isaanii dura dhaabbatanii taphatanii xiqqoo turuun karra yookiin ulaa saaqaniif. Karra erga jalaa saaqaniif booda gara manaatti ol seenu. Irreechaa qabatanii yoo ol seenan abbaan warraafi haati warraa wal bira taa'uun irreecha irra fudhatu. Kana booda "jiidha ta'a, kan baranaa geessan bara egereetin isin yaa gahu" jedhanii eebba eebbisuun muudaa muuduu, qarshii waan qaban kennuuf, nyaataafi dhugaatii adda addaa qopheessuun akka dargaggoonni hindadhabneefi hinbeellofne kennuuf. Dabalataanis yoo warrichi qabeenya gahaa qabaatu tahe qarshii guddaa yookiin horiis kennuu danda'u.



Suuraa3: Yeroo Obbo Tasammaa Sanbatuu warrafi haati warraa bakka tokko ta'aanii irreessa fudhachuuf qophaa'an agarsiisu. ( gaafa 16/01/2011)

### 4.2.5. Sababa Goobeen Adeemsifamuuf

Akka dargaggoo Caalaa Hirphaa (af-gaaffii 10-2-2011) irraa odeeffannoo argadhetti, guyyaa gaafa goobeen jalqabuu qabee sababa qaba. Wanti tokko yeroo hojjettamu calliseetumma hojjetama osoo hintaane kaayyoo geggeeffamuuf qaba. Kanaafuu, goobeenis aadaa uummata Oromoo kan dhaloota dhalootatti darba dhufe waan ta'eef sirni uummata Oromoon geggeeffamu kamiyyuu seera mataa isaa ittiin adeemsifamu maaliif akka raawwatamu sababa mataasaa qaba.

Uummanni Oromoo hawwiifi milkii gaarii ibsuuf afoolawwan qabuun ibsachaa ture, har'as ibsachaa jira. Kanaafuu karaa Goobeettiin hawwiifi milkii Yookiin abdii gaarii ibsuuf akkasumas safuu uummataa durii waan ta'eef sirni kunis haaluma duriin kan geggeeffamuudha. Safuun walqabsiisnee yookan ilaallu ta'e goobee irratti eebbi haalan ni geggeeffama. Kan ilmoo dhabee akka ilmoo argatu, kan sanyii dhabee akka sanyii argatu, kan qabeenya dhabee akka qabeenya argatu, kan horii dhabe akka horii argatu, kan fayyaa dhabee akka fayyaa argatu, maqaa waaqaa waamuun ni eebbisu. Kanarraa kan ka'ee namni ilmoo dhabee illee akka goobeen maatii sana eebbisuuf itti makamee yoo ilmoo kenneef waggaa itti aanutti hoolaa, farsoo, daaboofi kan kana fakkaatuu qopheessee warra goobee eega.

### 4.2.6. Yoomessa Goobeen Itti Adeemsifamu

Akka Dajanee Adunnaa (af-gaaffii 19/08/2008) irraa odeeffannoo argadhetti, Yeroo goobeen itti adeemsifamu Hagayyaa irraa eegalee hanga guyyaa jala bultii ayyaanaa gubaa Masqalaatti jedhu. Sirbi goobee yeroon isaas dargaggoon bacaqii gannaa keessaa gara birraatti ittiin bahan waan taheef dargagggoonnihagayya kudha torba hanga Fulbaana kudha torbaatti yookiin hanga jala bultii ayyaana Masqalaatti kan sirbamu. Dargaggoonii Hagayya kudha ja'aa hanga Fulbaana kudha ja'aa jala bultii masqalaatti maallaqaafi nyaataa, dhugaatti walitti qabaachuun adeemsifamudha. Sirbi goobee kun kan dargaggoo walitti gurmaa'uun bifa nama harkiisuu danda'un sirbaniidha. Yeroon kunis yeroo ganni bacaqiin gogee birraa qilleensi qilleessuu, abaaboon dhoohee dacheen magariisa uffattee mul'attu waan taheef sirbi/taphni goobee kan itti geggeeffamuudha. Sababni isaas yeroon kun yeroo lubbuu qabeeyyiin hundi haala gaariidhaan jiraatu keessattuu loon yeroo birraa faaraan babbareedanii mul'atu. Sanyii miidhaanis asheetee, kuunis daraaree mul'atu waan taheef yeroon goobee kun kan yeroo durii waliin tokkumma jedhu. Haa ta'u malee, dargaggoonni sirba goobee sirban yoomessa isaa irratti haala duriirraa bifa ammayyaatiin guyyaa illee akka sirbama jiru

odeeffannoo kennitoota irra hubachuun danda'ameera. Akka waliigalatti Sirbi goobee kana deemanis galgala irraa eegalee hanga halkan iyya lukkuutti sirbama.

Gama biroon, odeeffannoo manguddoota irraa akka argadhetti, Hagayya kudha jaha hanga fulbaana kudha jaha dhumatti kan kabajamuufi waaqa booruu gannaa isaan baaseef galata galchaa akka dhibee birraa jalaa isaan baasuuf sirbuu. Masqalattimmoo birraan waan bari'eef gammachuu birraadhaf qaban ibsuudhaaf jecha sirbu,Sirbi goobee afaaniin dhalootarraa dhalootatti haadarbu malee yoomessa dhaabbataa kan qabuufi haalawwan qabatamoo keessstti ergaa adda addaa dabarsuuf kan sirbamuudha. Yaanni kun sirbi goobee afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa kan dhufe ta'uuyyuu yoomessa mata isaa kan qabuufi haalawwan qabatamoo keessatti sirbama malee akkanumaan kan sirbamu miti.

Egaa sirbi goobee tokko waan sirbamuufi yoomessa isaa waliin walqabatu ta'u qaba. Kana jechuun yoomessi sirbichaafi dhimmi irratti sirbamu sun walitti dhufeenya qabaachuu qaba. Sirbi goobee galgala galgala kan ta'eef dargaggoonniifi ijoollee warraa isaanii gargaaraa guyyaa hojiirra waan oolaniifi namoota hunda illee galgala waan manatti argachuu danda'aniif. Kaayyoon sirba kanaa dargaggoon karaa isaaniitiin qophii kabaja ayyaana masqalaaf gahee isaanii maallaqa walitti funaanuun sangaa bituun abdaariiti qalanii waliin nyaatu.

### 4.2.7. Tapha Goobee Irratti Taphatamu

Taphni yeroo taphatamuu maaliif akka taphatamu qaba. Taphni goobee kan safuu hawaasaa hintuqneef kan hawaasichi aadaa waiin adeemuu isaa beekamaadha. Taphni Goobee irratti taphatamu tapha milkii gaarii agarsiisu, hawwii gaarii kan agarsiisu hooda gara fuulduraatti dhufuu danda'u abaaruufi eebbisuuf illee of-keessaa qaba.

## 4.3. Qaaccessa Raawwii Sirba Goobee

Goobeen uummata aanaa kuyyuu biratti haala hojirraa oolmaa isaa keessatti duudhaafi safuulee baayyee qaba. Aadaa Oromoo keessaa goobeen dargaggootan yeroo dhiyaatu duudhaa yeroo hojiirraa ooluu haala adda addaatin yoo taheelee duudhaafi safuu gidduu galeessa godhaatee dhiyaata. Raawwii sirba goobee keessatti duudhaa hawaasichaa irratti hundaa'un gochaa eeyyamamoo ta'an qofa raawwatu. Dagaggeeyyin sirba goobeef deeman osoo tapha hinjalqabin dura miseensoota ofii keessaa Abbaa irreechafi qarshii (birrii) qabu filatu. Abbaan irreechaa marga jiidhaa, sardoofi habaaboobirraa qabee deema. Yeroo eebbi goobee taphattootan gaggeeffamu abbaa qe'eetif irreecharraa qunxuree kenna. Qarshii qabaan

immoo qarshii kenname san guduunfee qaba.Haalli taphinni itti eegalamus, osoo qe'ee itti sirban yookiin faarsan hindhaqin dura Odaa yookan abdaarii naannoo isaanii jiru ga'anii irreeffatan. Kan baranaan isaan gahee akka bara egereen isaan gahu Waaqa kadhatanii gara nama hayyuutti ooluu deeman. Manni hayyuu/hangafa jalqaba tapha Goobee ta'a. Osoo qa'ee namoota faarsanii hinga'in dura fageega eegalanii taphachaa deemu.

Asnaaqaafi kaawwan (2018:114) yoo ibsan, "gaafa gubaa barii/masqalaa, mallaqa guurratan kanaan hoolaa yookiin sangaa bitanii, namoota yaamanii  qalatanii waliin nyaatan. Goobeen deemuu kan danda'an, ijoollee waggaa sagalii olii hanga kudha jahaa keessa jira. Warri kuusaa keessa jiran immoo qofaatti Goobee deemu yookiin sirbu" jedhu. Dargaggoonni goobee kana taphachuu yeroo eegalan hawwiifi milkii hawaasaaf qaban qabu. Seensa ittiin eegalus qaba.

- ✓ Goobeen dhiyaatu tokko seensa qaba, raawwiirratti xiyyeeffatuufi ittiin xumurus qaba.
- ✓ Goobeen dhiyyaatu jalaa qabdoota qaba, otoo hinjalqabin dura akka aadaafi duudhaa hawaasichaatti dargaggoonni goobee irratti hirmaatan koree hojii rawwaachiiftuu filachuun nama isaaniif baasuu niqopheeffatu.

Raawwwiin Sirba goobee uummata aanaa kuyyuu biratti haala ho'aafi midhagina qabuun kabajama. Kanarraa ka'uudhanis ayyaanicha si'aa'inaan eeggachuurraa kan ka'e dargaggoonni yeroo maatii isaanii itti gargaaran akka jala hintuqneef wantoota hunda yeroo raawwachuu qaban sagantaa itti baafataa. Akkasumas dargaggoonni huccuu haara'aa akka bitaniif maatii gaafachuufi kanneen bitachuu hindandeenye immoo isuma dura qaban miiccachuun of miidhaksuufi torbee lama dura waa'ee sirba goobee birraatiin walqabatu sirboota adda addaa manarraa naana'anii sirbuun qarshii funnaanatu. Waan uummatni kennuuf walitti qabatu.

Dargaggoonni raawwii sirba Goobee keessatti gahee mataa ofii qabu. Kunis hojilee kanneen akka mukaa damaraa, muka jabaa, daamooti qopheessuufi meeshaalee manaafi qodaa kanneen ergifaman gara manaatti deebisuu. Sababni meeshaaleen kunneen manatti deebi'aniif ayyaana gubaa irratti qalmi waan geggeeffamuuf meeshaaleen kanneen deebisu. Kunis hawwii ayyaanni qe'eesanii maatii isaanii eegee akka isaan tiksuuf yaadametti. Kanatti aansuun dargaggoonni daamaraa duraan qopheessan muraasa daraaraa mataa isaa irratti hidhuun karra bittaafi mirgaa irra dhabuu. Daamaraa hafan immoo muka jabaa wajjiin gara abdaaritii geessuun haawwan farsoof daaboo abdaaritii fiduun abboottii warraa wajjiin erga

dhibafatanii booda daamarichaa akka hangafaa quxusuutti dhaabu. Kana booda dargaggoonni manatti deebi'anii muuda muuddachuun ibsaa abdaaritii baasu. Erga kun ta'ee booda dargaggoonni ibiddaa boba'aa jiru qaqqaamachaa sirba goobee taphatu. Dargaggeeyyiin kunis akkas jechuun sirbu

| **Nama sirba baasuu** | **Nama sirba jalaa qaban** |
|---|---|
| Goobee yaa jaalli maaloo goobee itti dheeressi | goobee hoo |
| Goobee yaa jaalli maaloo geechee farda beelessi | goobee hoo |
| Goobee yaa jaalli maaloo masqalli hogummaa | goobee hoo |
| Goobee yaa jaalli maaloo abbaa gubatutti | goobee hoo |
| Goobee yaa jaalli maaloo bareennii dhangumaa | goobee hoo |
| Goobee yaa jaalli maaloo abbaan dhungatutti | goobee hoo |

Dhaamsi sirba kanaa dargaggoonni abdaarii irratti kan sirbaniif, sirbi goobee ayyaanicha duubas itti fufiinsaan akka jiruufi miira oo'aan akka sirbuu qaban walitti dhaamuufi fardii illee nyaata baayisuun yeroo gugsii taphaatan akka hin rakkanne akka beela'u waliif ergaa hima jiru. Dargaggoonni ibiddi abdaariittii boba'aa jiru hangaa dhumutti erga goobee jedhanii boodaa gara mana mana ofiitii galuun nyaata qincee haawwan manatti qopheessanii nyaatu.

Itti aansee lafa barii dargaggoonnii ibsaa kormaafi qaxanaa kan jedhamu wal duraa duubaan baasu. Ibsaan kormaa kan dargaggeessi tokko yeroo baasu korma qotiyyoo mooraa keessaa jiru gooba yookiin dalluu kormaa tursiisuu "goobii baroodii" jechuun eebbisee mooraa keessaa ba'a, kana boodaa ibsaa yookiin daamootiin qaxanaa jedhamuu qunnii guyyaa qaammee diramee meeshaalee mana keessaa kanneen akka qooda bukoo, utubaa mana, maddiifi kan kana fakkaatuu itti hidhamee jiru daamootii qaxanaa jedhamu kanatti hidhuun gara abdaariitii geessuun gubu.

Erga achii galanii booda dargaggoonni walitti yaa'anii iddoo abdaariitii muka daamaraa quncee isaa irraa quncisuun irraa maranii ibiddaarra qabuun babareeffatu. Yeroo kana manguddoonni sirba goobee nisirbu. Ganama kana yeroo qaxanaa gubatu maanguddoonnii hinjiranu. Garuu yeoo waa'ee sa'a qalmaa mari'atan waliin gahuu yeroo kana haadholiin manatti marqaa kormaa kan jedhamu qopheessuu.Dargaggoonni ulee bareeffatanii erga xumuranii boodaa daa'iman xixxiqqoo manatti hafaniifkan babbareeffachuu hin dandeenyeef nibabarreessuuf. Kana booda manatti deebi'uun marqaa kormaa manatti qophaa'ee maatiin walitti dacha'uun nyaatu.

Ergaa nyaatanii booda tikseen loon gara dheedichaatti bobbaasti. Guyyaa kana loon kaloo qara dheedu. Guyyaan kun guyyaa quufaa waan taheef loon niquufuu. Manguddoonniifi dargaggoonni immoo sa'a qalmaa gara abdaariitti geessuun qalu. Asirratti abbaan abdaarii sa'a qalmaa kana erga mormaa buusee booda hojiilee kaan kan dalagu dargaggoota. Hojiiwwaan kunis sa'a qalanii foonii foon mummuruun manguddoo foon qoodanittii kennu, farsoo buusuun namoota achiitii argamaniif qooduun, foon waadduun namootaaf qooduufi kan kana fakkaataaniidha.

Yeroo kana gariin isaanii immoo sirba goobee erga sirbamee abbaan abdaarii hundaa isaanii eebbisuun qophii abdaarii sana xumuru. Erga abdaariidha galanii abboottii waliin nyaata dhaabaa nyaachuuf mana walirraa naanna'u. Yoommuu manarraa naanna'an kana immoo dargaggoonni abboottii dura sirba goobee sirbaa deemu, sirbi goobee kunis

Goobilee maaloo goobee itti dheereessi goobee hoo
Goobilee maaloo lammacha fuulaa balleessi goobee hoo
Goobilee maaloo masqala mootii ayyaanaa goobee hoo
Goobilee maaloo lammacha koo sittan aanaa goobee hoo
Ceesisa
Goobaa gobsi yaa jaa ahaa hoo
Goobaa ahaa hee
Gadhee gorsi yaa jaa ahaa hoo
Gobaa ahaa hee
Masqalli birrumaa ahaa hoo
Gobaa ahaa hee
Abbaan gubatutti ahaa hoo
Goobaa ahaa hee
Daalonis giiftumaa ahaa hoo
Gobaa ahaa hee
Abbaa dhungatuttii ahaa hoo
Goobaa ahaa hee jedhanittii sirbu.

Dargaggoonni kun mana namoota hundaatii dhaabaa erga nyaatanii booda kan itti aanuu gugsii fardaa adeemsisuudha. Guyyaa ayyaana gubaa birraa kana dargaggoonni fardeen ganna guutuu sooraa bahan yeroo itti madaalaniidha. Kunis guyyaa kana gombisa fardarraatti yaabbataan fardaa cimaan tokko yaabbattuu fardaa cimaan tokko yaabbattuu fardaa biro

fardarraa gombisuudhan kan cimina gugsii irratti qabu ittii mirkanneeffatuudha. Kanaaf dargaggoonni gugsii fardaarratti illee gahee qabu jechuudha.

Sirbi goobee kan geggeeffamuu torbee lamaan qaammee dura irraa kaasee dargaggoonni walitti dhufanii gurma'aanii kan sirbamuudha. Erga dargaggoonni walgahanii namoota sirba baasuu danda'an, qarshii qabaa, irreessa qabu filachuun abdaarii irratti waaqni baranaan nu gahee bara eegereen illee nu gahii jedhanii irreeffatanii eebbifatan. Abbaan qarshii qabuu qarshii kenname sana qaba. Abbaan irreechaa marga jiidhaafi habaaboo birraa qabee deema. Yeroo tapha goobee jalqabamuu osoo mana nama itti sirban hinga'iin dura abdaarrii naannoo sana jirutti kan baranaan isaan gahee akka bara egereen isaan gahu waaqa kadhatanii gara nama ganda sanaa beekamaa ta'eetti sirba birraa sirbaa deeman. Yeroo qe'ee mana namaatti dhiyaatan waan jedhaanii sirban qabu. Yemmuu kana sirba warra manaa sana jajjabeessu sirbu. Sirboonni kunis sirba kan akka goobeen dhufee yaadureessa koo jabilleen oofaa karra naaf bani jedhamudha. Kunis walaloo isaatiin yemmuu wal-jalaa qabanii sirban haala armaan gadiiti.

| | |
|---|---|
| Si badhaasuun dhufee yaa dureessa koo | |
| Si badhaasuun dhufee yaa dureessa koo | |
| Goobeen dhufee yaa dureessa koo | yaa dureessa koo |
| Jabilleen oofaa karraa na banii | yaa dureessa koo |
| Atii mal dhabdee | yaa dureessa koo |
| Qotiyyoon cimdii | yaa dureessa koo |
| Gootaraan dilbii | yaa dureessa koo |
| Dhaltiin darabee | yaa dureessa koo |
| Kan qe'ee warqii | yaa dureessa koo |
| Alamii argii | yaa dureessa koo |

Akka yaada walaloo sirba goobee kanarra hubachuun danda'amutti, yeroo sirbaa daandiirra yoo deeman namoonni sirba isaanii kana dhagahuun mana koo dhufuuf jedhanii waan qaban qopheeffatanii eegu.Sirbi kun yeroo sirbamu callisee osoo hintaanee kaayyoo mataa isaa qaba. Goobeen yookiin dargaggeessi hawwii ganna bacaqqii keessaa booqaa birraatti nagaan bahuufi sibadhaasuun dhufee yeroo sirban namni yookiin qe'ee nama itti sirban sana gahan akka namichi kennaa gaarii isaaniif kennu jecha jechoota mimiidhagoo fayyadamuun akka onnee nama sanaa qabachuu danda'uutti farsaanii sirbuu isaanii agarsiisa.

Akka odeef-kennitoonni obbo shifarraa Damisseefi Dargaggoo Damissee (marii garee 05/07/2011) jedhanitti sirboota aadaa Oromoo biratti beekaman keessa sirbi birraa sirba goobeen wal-qabatee deema. Sababni isaas dargaggoonni birraan yoo bari’e akka abjuun isaanii milkii argateetti hawwiin eegu. Kanumarraa kan ka’e hawwwii birraaf qaban yoo ibsan akka armaan gadii kanatti sirbu. Sirbi goobee guyyaa tokko qofa kan sirbamu osoo hintaanee kan guyyoota ji’a tokko guutuu fudhatuudha. Haa tahuu malee yeroo kanatti sirboonni sirba kana faana deeman baayyeetu jiru. Sirboota birraafi qaammee dabalatee yeroo kana keessa akka malee sirbamu.

Sirbi goobee yookiin af-walaloo, sirba birraa dargaggoof hawwii akka taheef dargaggoonni yeroo birraatti fardaa ganna ashuffeen sooraa bahan birraa gulufiif akka qopheessaniifi kan farda hinqabne ammo akka itti yaadee farda bitaatuu kakkaasuuf akka sirban hubachuun ni danda’ama. Yeroo kana warri manaa akka jarri sirban yoo barbaadan osoo karra jalaa hin saaqiin tursiisu danda’u. Yemmuu kana immoo dargaggoonni kun akka isaan jalaa cufaa saaqaniif akkana jechuun sirbu.

Qe’ee Warra faarsamanii yoo ga’an immoo akkana jedhanii farsu (sirbu)
Goobeen dhufte yaa dureessa koo
Jabbileen oofaa karraa nuu banii (2x)
Goobeen dhufte yaa dureessa
Koo jabbilee waaqaaf karraa nuu saaqii (2x)
Sin eebbisa sin abaaruu
Gooftaa sireerraa galdhaana (2x) jedhu

Akka sirba armaan olii kanaatti dargaggoonni ofuma mataa isaanii akka jabbiilee yookiin loon namichaatti lakkaa’uu, namicha immoo akka sooressaatti lakka’uun xiixaa ta’uusa ibsuun kabajan jajuu. Sirba goobee abdiidhan eega turan dhufuu isaafi qarshii walitti qabuuf wal gahanii yeroo sirban karra nama itti sirbanii sanatti walitti qabamanii namicha faarsuu, yeroo kana hamiileen warra farfamuu waan dabaluuf isaan immoo waan qaban akka kennaniif kakkaasa. Yeroo haala kanaan faarsan dureessa waan taheef osoo hintaanee hawwii dargaggoonni sirba goobeen milkii gaarii namaaf qaban waan taheef namni goobeef kenne akka dureessa tahuu hawwii isaan tahuufi eebbisuu agarsiisa. Kunis galgala dargaggoonni walitti qabamanii hawwii isaanii kan goobeen waggaan dhufuu eegaa turan sana milkii isaa itti ibsatan waan tahee sirbu.

| | |
|---|---|
| Goobee, Gooben geenyanan dhufe | Hoo yaa goobee |
| Goobee Gurra dhageenyanan dhufe | Hoo yaa goobee |
| Gooba Lammata illee ilma dhalchi | Hoo yaa goobee |
| Goobee Akka gurraatti nu galchi | Hoo yaa goobee  jedhu |

Akka sirba kanarraa hubachuun danda'amutti yeroo mana namarra naana'anii qarshii walitti qabatan haala nama hawwachuu danda'uutti nama faarsuu. Akkasumas yoo ilma tokko qabaate tahe immoo akka inni ilma lammaffaa dhalchu hawwisaan ibsachaa akka namni itti sirban sun qarshii gaarii kennuuf sagalee ol-kaasanii faarsu, kunis akka inni waan gaarii kennuuf jedhan akka gurraatti nu galchi jedhanii goobeen faarsu.

Akkasumas itti fayyadama afaanii af-walaloo kana keessatti mul'atutti dargaggoonni dubbii qoolaa keessaa arbeessuu fayyadaman. Sababni isaas qe'een sun akka waan gaarii isaanii kennuu sibadhaasuun amma gurra nama sanaa olkaasuun qabeenya isaaf hawwii qaban ibsaa akka kanatti faarsuu.

Si-badhaasuun dhufeekaa

Yaa dureessa koo

Si-badhaasuun dhufeekaa

| | |
|---|---|
| Adurreen dhaltee | Si-badhaasuun dhufeekaa |
| Atimaal dhaabdee | Si-badhaasuun dhufeekaa |
| Qotiyyoon cimdii | Si-badhaasuun dhufeekaa |
| Gotaraan dilbii | Si-badhaasuun dhufeekaa |
| Alamiin galtee | Si-badhaasuun dhufeekaa |
| Warra kanattii | Si-badhaasuun dhufeekaa |
| Hin shararinii | Si-badhaasuun dhufeekaa |
| Hoola takittii | Si-badhaasuun dhufeekaa |
| Sardinnu nyaata | Si-badhaasuun dhufeekaa |
| Baawundii takkitti | Si-badhaasuun dhufeekaa |
| Butetu hin baddii | Si-dhaasuun dhufeekaa |
| Si mararini | Si-badhaasuun dhufeekaa jechuun yeroo faarsan, |

Akka Walaloo sirba goobee armaan olii kun dhimmi inni hubachiisuu dargaggoonni yeroo goobeetti si badhaasuu jedhanii sirbuun goobeen yoo dhufee dargaggoonni walgahanii kan sirbaan goobeen badhaasa tahuufi abdii tahuu isaa mulisuuf waan namni sun hinqabne kaasanii faarsuu namichatti abdii horuu, yeroo kana namichi isaaniif waan qabu irra hanga

human isaa akka laatuuf si badhaasuu jechun sirban abbaan ka'ee marga irreechaa fudhatee taphattoota Goobee badhaasaa.

Akka odeeffannoo argadheetti sirba goobee keessatti yeroo dargaggoonni sirba goobee kana sirban abbaan qa'ee ka'ee marga irreechaa fudhatee taphattoota Goobee yoo badhaasuu barfate (ture) tartiiba sirbichaa eeggani akka inni waan rafee jiruutti akka namni dhagahaa jiru abbaa qe'ee isaaniif dammaqsan akkana jedhanii sirbu.

Danqarsaa hindanqarsin abbaan looni rafu, rafullee dammaqsi (2x)
Gaashiyyeen hinrafu, rafullee dammaqsi
Dashanyaan hinafu, rafuulee dammaqsi
Abbaan qa'ee hinrafuu rafullee dammaqsi
Gooftiyoon hinrafu, rafullee dammaqsi
Danqarsaa hindanqarsin abbaan looni rafu, rafullee dammaqsi (2x)"

Akka Sirbi yookiin af-walaloon armaan olii kun kan agarsiisuu dargaggoonni yeroo mandara irra naana'nii sirban namni itti sirban sun dafee yoo bahee isaan geggeessuu didee yookiin itti gad-bahuu baate tarii yoo rafee jiraate akka inni hirribaa ka'ee isaan badhaasufi yoo kan rafuu tahee illee qabeenya isarra akka rakkoon gahuufi akka rafuu hinqabne qe'ee isaa eeggatuuf jedhanii faarsu, danqarsaa hin danqarsin jedhanii kan sirban balbala nuuf banni nutti hin cufiin jechuun akka inni bakka rafee kaasaniif nama isaan dhagahaa jirutti dha'amaatu. Haa tahuu malee danqarsaa hin danqarsin jechuun karra kee hincufatin jechuu osoo hintaanee nuti goobeedha nu jala bani jechuunii isaa agarsiisa.

Akka aadaa Oromootti gaarii walii yaaduufi walii eebbisuun isaan hangafa. Dargaggoonnis yeroo sirba goobee kana sirba aaduma kana hordofuu qe'ee namarra naana'anii sirban nama sanii hawwii gaarii qabanii akkas jedhanii sirbu.

Yaa dureessa koo dureessa gabbataa mooraa warqii, bahii alamii argii 4
Saanii kee dhalee bahii alamii argii
Mooran kee ootaa bahii alamii argii
Waatin mar'ate bahii alamii argii
Silga Barbaadee bahii alamii argii
Yaa dureessa koo dureessa gabbataa mooraa warqii, bahii alamii argii (2x)

Akkuma kanaa olitti ilaalla turee, dargaggoonni sirba goobeen hawwii namaaf qaban yoo ibsatan akka gandii yookiin manni ittinsirban sun garaa isaaniif laafuu jecha akka namichi

mana keessaa bahee isaan keessummees mooraa isaa keessatti dhaltiin dhaltee akka jirtuufi dhalchuun jabbii sanaa immoo alamii waan taheef akka abbaan qabeenyichaa gadi bahee isaan kennaa kennuuf bifa kanaan faarsuun hawwii isaanii ibsatu.

Karaa biroon dargaggoonni sirba goobee kan taphatan halkaa waan taheef Abbaan qe’ee itti bahuu baatee taphattoota Goobee qorri halkanii yoo afarse itti qorra waan taheef akka garaa laafaniif jedhanii akkana jedhanii sirbu.

“Irrana bubbisa yaa gooftaa, Waaqa si guddisee hoo irreessa

| | |
|---|---|
| Yaa abbaa biyyaa | Waaqa si guddise hoo irreessa |
| Kararaa kirrii | Waaqa si guddise hoo irreessa |
| Ati maal dhabde | Waaqa si guddise hoo irreessa |
| Saanduqinni birrii | Waaqa si guddise hoo irreessa |
| mooran kee guutu | Waaqa si guddise hoo irreessa |
| Loontu walhore | Waaqa si guddise hoo irreessa |

Irrana bubbisa yaa gooftaa, Waaqa si guddisee hoo irreessa (2) jedhu.

“Gaangee Shaglee yaa gurraattii

Qananiin qa’ee kee burraaqxii

Ol jetee saddeeta hin dachaafattuu ?

Teechee gurraan nan dhaggeeffatuu ?” jedhu

Walaloon sirba armaan olii kun akka mul’isutti dargaggoonni goobee sirba halkaan waan taheef yeroo tapha goobee kana sirba qilleessi waan baayyee qorruuf jecha qorra yookiin bubbeen halkaan afarsaa waan taheef akka itti qorraa jiru agarsiisuuf akka dafee bahee irreessa irraa fudhatee akka barsiiftaatti yoo qabaate yoosuma kenneef yoo dhabee immoo akka beellaman isaan geggeessuuf waaqat si guddise hoo irreessa jechuun sirbu. Akkasumas Haati manaa abbaan manaa/qa’ee akka ka’u dammaqsuufi akeekkachiisuf jecha, Goobeen akkana jedhanii sirbu/faarsu, kunis yoo abbaan manaa rafee haati warra qe’ee gatee waan hinrafneef nidhaggeessa teessee guraan na hindhaggeeffatiin abbaa manaa kee nu dammaqsi jechuun akka isheen kaastuuf faarsu.Yeroo kana isheenis bakka inni rafee maqaa abbaa warraa waan hinwaamnef ilma isaan hangafan abbaa abbaluu goobeen dhufee ka’i jettee hirriba irra dammaqsiti.

Akkasumas hawaasa aanaa kanaa biraatti goobeen beekkamaafi jaalatamaa waan taheef dhufaatti sirba goobee haawwii guddaan waan eeggaa turaniif yeroo galgala goobeen dhufuu haati mana akka abbaa warrasheetti dubbachaa jirtuutti akka abbaan warraa ishee kennaa kennituuf nitaasisti jechuudha.

“Inzirtii karartii haati saawwaa mana jirtii nuuf bayyantii (4x)
Goobeen dhufan jettee nuuf bayyantii
Qorri gube jettee nuuf bayyantii
Bookeen fixe jettee nuuf bayyantii
Maaloo ka’i jettee nuuf bayyantii
Alaa huursan jettee nuuf bayyantii
Inzirtii karartii haati saawwaa mana jirtii nuuf bayyantii (2x)

Akka yaada walaloo sirba goobee kanarra hubachuun danda’amuuti dargaggeessi yeroo goobee deemanii mana sirban sanatti haati warraa goobeen dhufee akka jiruufi qorri, bookeen diina itti taatee akka isaan nyaachaa jirtu faaruu kanaan itti himaa waan jiraniifi haatii manaa immoo abbaan warraa ishee akka ka’ee ijoolleef kennaa kennuu taasisti yookiin immoo akka abbaan warraa goobeetti gadi bahee beellama akka guyyaa birootti qabuuf. Yeroo kana akkana jedhanii sirbanii deemu.

Bitimaa murannee
siifaa kennu yaa gooftaa
beelamaan bulfannee (2) Jedhu.

Kunis kan agarsiisuu yoo abbaan qe’ee gaafa goobeen mana isaatti sirban sana waan kennuuf dhabee akka aadaatti goobees kennuun dirqama waan taheef akka guyyaa biroo deebi’anii dhufaniif beellama qabuuf. Goobeenis gaafa beellama isaanii eeganii akka deebi’an agarsiisa.

Sirba goobee kana erga sirbaa turanii boodee yeroo dheeraa turanii hanga isaan dadhaabanitii yoo sirbaa turani itti gadi bahuu didaan qabeenyaa adda addaa maqaa dhahuun akka isaan gammadanii geggeessaniifi akka baayyee dadhaban ibsachuuf jecha wal-jalaa qabuun sirbu. Haa ta’u malee yeroo mana namaa bira gahan akka jarri balbala jalaa bananiifi qarshii kennaniif sirba isaanii nigeeddaran sirbu.

Akkan iddootti argamee waraabadheetiif daawwadheetti sirba kana daraggoonni haala ittin haawwii isaan qabaniinifi yoo dadhaban illee obsa yoo fixatan ilaallen akkas jechuun sirbu.

Ashaaroo guggubee yaa gooftaa mataan na dhukkube, hoodhu hin jettuu ? (2x)

Yaa abbaa loonii mataan na dhukkube hoodhu jettuu

Gootara dilbii mataan na dhukkube hoodhu jettuu

Qotiyyoon cimdii mataa na dhukkube hoodhu jettuu

Adaraa burqaa mataan na dhukkube hoodhu jettuu

Adaraa Gadaa mataan na dhukkube hoodhu jettuu

Adraa Caffee mataan na dhukkube hoodhu jettuu

Goobeen safuudha mataan na dhukkube hoodhu jettuu

Ashaaroo guggubee yaa gooftaa mataan na dhukkube, hoodhu hin jettu.(2)"

Akka af-walaloo warri kennu yeroo rincice, qabeenya inni qabu gootaraa dilbii, qotiyoo cimdii ta'uu kaasuun akka inni isaanif waa kennuu faarsuu. Akka yaada kanarra hubachuun danda'amuutti akka baayyee dadhabaniif akka abbaan warraa yookiin haati warraa waan qaban hanga human isaanii kennaniifi yookiin immoo beellama bulfataniif hoodhu hinjettuu jechuun bifa kadhaaniifi safuu goobee eeguun yaada isaanii ibsatu. Kan biroo immoo Yeroo kana warri manaa akka jarri sirban yoo barbaadan osoo karra jalaa hin saaqiin tursiisu danda'u. Kunis yoo bahee goobee geggeessuu baatee akkas jedhanii yaa sirban malee yoo kennaan isaanii kennamee sana gammachuun fudhatanii irreessa yookiin lataa kennaniif akkas jedhanii sirban eebbisu.

Nama nu kennee yaa waaqayyoo kenni

Qotiyyoo cimdii yaa waaqayyoo kenni

Gootaraa diilbii dilbii yaa waaqayyoo kenni.

Dhaltii darabee yaa waaqayyoo kenni.

Namni nu kennee hammamii gaha

Kunnoo Hammana gaha

Wunoo waaj jala gaha

Kunoo gaangee yaabaata

Fiixeen ejjetaa

Miqaanyaan eessummaa jirti

Kunoo as jala jirtii

Duutee xaxaa dirtii

Qotaa gadiifageessaa

Xiixxa itti jabeessaa jedhanii namicha kenneef faarsuu.

Akka sirba yookiin walaloo armaan olii kanarraa hubachuun danda'amutti yeroo dargaggeessi nama isaaniif kenne jajachuu, dinqisifannaa agarsiisuuf nama isaanii kenne olkaasaanii faarsuun, akkasumas nama isaanitti faallaa tahee miqaanyaa yookiin mortuu isaan arabsoon gad-isaan qabuun akka hamiileen isaanii cabsun arabsu. Akkasumas Kana jechuun irra deddeebi'anii miilaan lafa dhiitu. Yeroo kana namichi waan isaanii kenname kun waan gaarii ta'uu adda baafatu. Yemmuu kana namni sirba sana baasu gooftaan hammam gaha jedha, isaan jalaa qaban immoo harka isaanii samiitti qabuun kunoo hammana gaha jedhu, kun immoo namni kun guddaadha ykn kabajamaadha jechuu barbadaniiti. Mortuufi sobduun hammam geessi yeroo jedhu immoo quba isaanii lafatti qabuun kunoo as jala teessi jechuun miilaan lafa dhidhiitu kun immoo goomattuu namichaa awwaaluuf, erga kana raawwatan booda sirba adda addaa ho'isanii sirbu.

Akkasumas, namni dargaggoota goobee kanaaf kennaa kennuu didee irreessaa kennuufiidhan qabatanii deemaniioogdii yookii dallaa isaa keessaa boollaa qotaanii awwaaluu. Yeroo kana akkas jedhanii abaruu

Namni nu kennuu dide hammaam geechi
Kunoo hammaana geechi
Kunoo as jala jirtii
Duutee xaxaa dirtii
Qotaa gadi fageessaa
xiixxa itti jabeessaa
sardoo irra magartee
harreen irra qoqoorti haryoo haryoo jechuun abaaraa irreechaa sana awwaalanii deemuu.

Akka Sirba yookiin af-walaloon armaan olii kun akka aadaa oromootti nama abaaruun safuu cabsuudha haa tahuu malee dargaggoonni yeroo goobeetti waan goobeen barbaaduu yoo raawwachuu didan abaaruu. Abaarsa kana keessatti waan guddaa barbaadanii osoo hintaane yoo xiqqaatte irreessummaaf jecha waan xiqqoo isheellee laachuuf qaba. Yoo didee garuu lafa gadi tumuun akka waan achi jala jiruutti as-jala jirti jedhanii hanga saala jijjiiruu fakkeessuun arabsu.

Daamaan eegeen daggalaa
Daamaan eegeen daggalaa
Gadi ba'ii marga fudhuu hoo sodaatte nan gala (4x)

Af-walaloon kun kan agarsiisuu namni qe'ee isaanitti sirban sun yoo itti bahee akka aadaatti isaan geggeessuu didee akka inni itti bahee waan tokko isaanin jedhuuf gadii bahii irreessa nurraa fudhadhuu, yoo gad bahuu sodaatte immoo nutti nigala jedhanii namichatti himun sirbu.

Abbaan qa'ee gad bahee (itti bahee) Goobeedhaa wanta duudhaa (barsiifata)fi kadhaa isaanii yoo kenneef himaattonni Goobees marga irreechaa erga kennaniif booda akkana jedhanii eebbisanii faarsuu.

Boolee kakaachisee   Boolee kakaachisee (4x)
Gooftaan manaa hoolaa nu baachisee
Cooma nu nyaachisee  (2x)
Gaanii feesisuu malee (4)
Ani hin galu gurra gaashee baargamatti ceesisu malee (2)
Gaanii gurra xaxanii (4)
Gaarii gurra jajanii (2)
Yaa sardiida dullattii (4)
Haati abaluu giiftii fiixa dubartii (2)
Nama nuu kenne        yaa waaqayyo kenniif 2
Gooftatu kenne        yaa waaqayyo kenniif 2
Giiftitu kennee        yaa waaqayyo kenniif 2
Qotiyoo Cimdii        yaa waaqayyo kenniif 2
Gootaraa dilbii        yaa waaqayyo kenniif 2
Dhaltii Okolee        yaa waaqayyo kenniif 2
Qa'ee gabbataa        yaa waaqayyo kenniif 2
Maatii dagaagaa        yaa waaqayyo kenniif 2
Hori! Hori! Hori! Hori! Hori! Hori!" Jedhu

Akka af-walaloo yookiin sirba goobee armaan olii kanarraa hubachuun danda'amutti namni tokkoo waan gaarii hoolaas tahee qarshii yoo kenneef akka waan hoolaa kenneefitti hoolaa nu baachisee jechuun akka namni sun diina isaa biratti gurra ol-kaasuun faarsuun eebbisu. Karaa biraa Eebbi kun kan agarsiisu hawwii dargaggoonni namaaf qabaniifi qabeenya guddaa akka horattan hawwuufi agarsiisa. Akkasumas qabeenyi isaa akka baayyee dilbii taheetti maqaa haadha warraafi mana guutuu faarsun eebisuufi achi keessatti jajuun, galatniifi eebbi yookiin kadhanni kan dhiyaatu "waaqayyoo" kennaa warri sun kenne akka isaaniif eebbisu.

Akka aadaa uummata Oromootti namoota yookiin dargaggeessagoobee sirban namni qarshii hindhowwatu waanuma qaban kennuuf malee, tarii abbaan manaa kun osoo dhagahuu yookan osoo beekuu kan beekaa jalaa didu ta’e yookan immoo yoo dhowwate goobeen kun niarrabsu, niabaaru. Wanta isaan jedhanii abaaran keessa kan armaan gadiiti.

Daamaa eega qurquraa
Daamaa eega qurquraa,
Abaluun abaluun,
Manaa hinqabu,
Alaa hinqabu,
Kaboota gurguraa.

Akkasumas gochaawwan adda addaa raawwachuun yoo abaaran mul’ata. Innis namichi sirba sana baasu yookiin gaggeessu yaa ija koo jechuun ija isaa isa tokko qabata. Namoonni jalaa qabanis ija isaanii qabachuun, al-takkaa namoonni hundi ija tokko tokko qabatanii ija koo jedhu. Kana jechuun isaanii qe’een kee qe’ee boo’ichaa, qe’een kee qe’ee gaddaa siif haa ta’u jechuudha. Namichi qarshii dhowwates wanta jedhu hin qabu callisee dhiisuu qofadha.

Yeroo dargaggoonni wal-gahanii sirba kana abbaan qe’ee itti bahee Goobeedhaa wanta barsiifataa yoo kennuu baatee akka aadaa isaanitii dargaggoonni wal-jalaa qabuun akka warri ollaa itti aanu isaaniif kennuuf jara isaan didee kana marga jiidhaa irreechaa qophaa’ef san dallaa duuba yookiin oogdii keessa qotanii awwaalanii deemu. Akka armaan gadiiti abaaru.

Namni nu dhoowwatte hammamii geessii?
Kunoo hammana geessii
Ishiin sobdu hammam geessi,
Kunoo hammana geessi,
Sobduu goomattun eessuma teessi
Dhugumaa eessa jirtii?
Kunoo asjala jirtii
Kunoo harsama dirtii
Boolloo gadi fageessaa (2)
Dhiitaa itti jabeessaa” (2)

Akka af-walaloo kanarra hubachuun danda’amutti yaadni sirba kanaa arabsoo yookiin abaarsa kan guute yoo ta’u, nama isaanii kennuu didee sana abaaruu, keessattu kenna yoo kennuufi didee akka waan baayyee yartuu taheefi xiqqaa tokkootti gadi qabuu akka waan

du’ee lafa jala jiruutiifi isumayyuu akka boolloo qotanii gadi fageessuun akka inni achi jalaa hinbaanetti akka itti jabeessan jechuun abaaruun sirbuu. Sobduun hammam geessi yeroo jedhu immoo quba isaanii lafatti qabuun kunoo as jala teessi jechuun miilaan lafa dhidhiitu kun immoo goomattuu namichaa awwaaluuf. Akkasumas Namichi abaaraan kunis ayyaana masqalaa kana osoo hinga’iin, abbaarree warra goobee kanaan qabama. Kanaaf abaarreen goobee namaaf kan hinobsine jedhama.

Sirba Goobee yeroo masqalaa kana dargaggoon hanga ji’a tokkoo qa’ee barbaadan taphatanii erga waliin gahan booda, kenna argatan birriis ta’ee hoolaan jibicha bituudhan akkasumas farsoo naqsiisuudhaan qophii godhu. Gaafa Masqalaa abbaa Abdaariifi maanguddoota naannoo isaanii waamanii, dhangaa adda addaa qopheeffatan san abdaarirratti fidanii, Jibichaafi hoolaa qalanii eebba hayyuufi  jaarsolii fudhatanii waliin soratu. Jibichiifi hoolaan abdaariratti qalame sun achumatti waaddamee jiraattota naannoo sanii xiqqaa hanga guddaa jiran waliin dhadhamatu malee fuudhanii (hiratanii) mana ofiitti hingalan. Erga hunduu soratee dhangaan barakate booda abbaa Abdaariifi  jaarsoliin,

“Kan barnaan nu geeche bara egereen nu ga’i
Xinnaa nuu guddisi, Guddaa nuu bulchi,
Dhangaa sifa nuu godhi,
Horii fi nama nuutiksi,
Dargagoota duudhaa keenya galmaan ga’anillee waggaa, waggaan ga’i” jedhanii wal eebbisanii gara qe’ee ofiitti galu.

Akka aadaa Oromootti wanti raawwatamu kamiyyuu xiqqaa irra gara guddaa yookiin immoo duraa duuba eeganii akka raawwatamu dhaloota dhalootatti barreeffaman darbuu yoo baatullee afaaniifan darbaa hardhaa kan gaheedha. Waan Oromoon qabuu keessaa tokko aadaa sirba goobeetti. Sirbi goobee kan dargaggoonni yeroo gannaa gara birraatti baahuuf deeman abdii eegaa turan dhufee haawwii isaanii itti gahan waan taheef yeroo goobeen gahee jalqabii qaba. Kunis akka kanaan gadiitii jalqabu.

Goobee maaloo gooban malee kormii hin aadu
Goobee maaloo gooban malee suma malee waan biroo hin yaaduu
Goobee maaloo gooban malee masqala mootii ayyaanaa
Goobee maaloo gooban malee guddicha koo sittin amanaa
Goobee maaloo gooban malee masqalli keeetii yaa birraa
Goobeen dhufee yaa dureessa koo

Jabbileen oofaa karra naaf banii
Korommiin dhufe karra saaqi mee
Karra saaqimee yaa dureessa koo
Asaasee roobee salaalef roobni barana jechaa dhiichisu.

Akkuma yaada kanarraa hubachuun dandaa'amu sirba yookiin af-walaloo armaan olii dargaggoonni sirba goobee haawwii guddaan eeggaa akka turaniifi goobeen ayyaana masqalaaf hangafa akka taheetti kaasanii yaadoo goobeef qaban ibsachuu isaanii agarsiisa. Kana malees sirbi goobee dargaggootaf milkii akka taheeti sirbaa karra warra goobee itti jalqabanitti jabbilee akka qabatanii jiranitti kaasuun kun immoo alamii waan taheef akka karra saaqaniifi abdiifi aantee dargaggoonn sirba goobeef qaban agarsiisu. Yoo dafanii jalaa qabuu didan akkas jedhu.

Silaa qamaddi qottaa
Rabbuu si dhoksine maaf nu dhokataa (x2) jechuun dheekkamu.

Akka af-walaloo kanarraa hubachuun danda'amuutti yeroo dargaggoonni sirba goobee kana sirban warri abbaa qe'ee itti bahuu didaan silaa qabeenya qabda biyyattu si beeka maaf dhokata jedhanii akka inni deebi'ee gadi bahuu isa taasiisuuf akka sirban agarsiisa.

Akka aadaa haawasa aanaa kuyyuutti yeroo namni namaaf waa kenne yookiin immoo namaaf ergamee waa nama xumurame eebbisun beekamadha. Kanumarra ka'uun dargaggoonnis safuuf aadaa uummatichaa keessatti waan guddataniif sirba goobee irratti yeroo kennaa isaaniif qophaa'e argatan akkas jechuun eebbisu.

Sin eebbisaa, yaa dureessa koo
Ol jedhii gurraan na dhaggeeffadhu
Foonaa bal'aa isa ijaarradhu
Loon buburree horsiifadhu
Taa'ii bullukkoo dachaafadhu
Xaafii adii safarsiifadhu
Yaa ijaarsa boqqolloo abbaa abaluu
Gooftaa mannii qorqorroo  jechuun faarsuu.

Akka af-walaloo armaan olii kanarraa hubachuun danda'amuutti sirbi yookiin eebbi goobee yeroo dargaggoonni qe'ee nama itti sirban sana kennaan  kennameef hawwii dargaggoonni goobee nama sanaaf qaban agarsiisuuf jecha sirban eebbisuu isaanii agarsiisa. Karaa bira

ergaan sirba kanaa akka namni isaan qe'ee isaanitii itti sirban kun illee hamilee argatee akka qabeenya horachuu qabu eebisuufi kennaan isaanii kennamuu isaa ollaatti mul'isuuf akkana jechuun faarsu

Agadaa boqqoolloo yaa gooftaa
Abbaa manni qorqoorroo
Gooftaan lootii kenne,
Baatiin baatee,
Baatee hingubatiinii,
Addunyaa si kenne,
Sirraa hinfudhatiinii,
Kabaja si kenne,
Sirraa hin fudhatinii,
Nageenya siif kenne,
Sirraa hin fudhatinii,
Gammachuu siif kenne,
Sirraa hin fudhatinii,
Baatiin baatee,
Addunyaa siif kenne,
Sirraa hin fudhatinii.
Yaa dureessa koo dureessa gaabbata

Akka af-walaloo sirba goobee kanarra hubachuu danda'amuti kabajni kee hanga dhumaa siif haa ta'u, bara jireenya kee hundumaa gammachuun jiraadhu jechuu barbadaniiti. Goofta Manni sigaajjaa sumaafan ala jaajjaa jechuun hanga masqalaatti ittuma fufuun qarshii guuratu. Namni osoo dureessa tahe qarshii osoo hintaanee korma qotiyyoos kennuufis danda'a. Wanta argatan yeroo fudhatan namaa irraa fudhatan sana nieebbisuu. Kana booda mana birootti sirbaa qajeelu/deemu. Mana itti aanu dhaqan kanas akkuma isa duraa walirraa fuudhanii faarsu. Nama ofirra isaan ari'e yookiin arabsee ni abaaruu. Isaanis akkas jechuun abaaruu.

Jabanaa zalalamii
Adaraa madalalamii
Jabanaa kamboo
Adaraa aaboo (x2)

Adurreen seente bullukoo
Adaraa oofaa abuukkoo
Hoolaa dagla ari'ee
Maaloo nati bari'ee
Ashaaroo guggubee (x2)
Yaa goofta yaa giiftii mataa na dhukkube
Ha'a hintahuu moo yaa dureessa koo (x2)
Natti himi qurxii adaraa aaboo

Akka af-walaloo kanarraa hubachuun danda'amutti namichi qarshii kennuu yoo didee yookiin rincice adaraa madalalamii, adaraa oofa abuukkoo qarshii nuf laadhu yeroo dheeraa tureera, afaan dhukkubee waan jettee nan jedhii qurxii yookiin deemii nun jedhii jechuu isaanitti. Dargagggeeyyiin kunis yeroo muraasaaf ho'isanii sirbaanii waan kennaaniif fudhatu. Yemmuu kana qarshiin qabduun qarshiin harka isaa gahuu akkana jechuun miseensota isaatti beeksisa.

| Nama baasuu | jalaa qabdootaa |
|---|---|
| Ani waa argee yaa, ani waa arge | Maal argite, maal argite, |
| Birriin dhufee (x2) yaa foollee | eenyuu kenne (x2) |
| Enyu kenne, enyu kenne, | Gooftaa kenne, gooftaa kenne, |
| Giiftii kenne (x2) yaa foollee | maal qaba (x2) |
| Geeshoo qaba (x2) yaa foollee | haa daqdaqu (x2) |
| Ilmoo qaba (x2) yaa foollee | haa guddatu (x2) |
| Sanyii qaba (x2) yaa foollee | yaa biqiluu (x2) |
| Goofta mana kanaa ammam gaha? Yaa foollee | kinoo ammana gaha (x2) |
| Eessaa eessuma jira? Yaa foollee | kinoo irranaa jira (x2) |
| Kinoo caaqaan dubbataa (x2) Yaa foollee | hundaa namaa hubataa (x2) |
| Amma amma isaaf haakennu, | Karra gootaa isaaf haa kennu |

Hori ! Hori! Hori! Hori! Hori! Hori!" jechuun sirbu.

Akka yaada walaloo yookiin sirba kanatti dargaggoonni yeroo goobee deemanii sirbanii abbaan warraa yookiin haadha warraan qarshiin kennameef qarshiin dhufe yaa foollee jechuun wal jala qabuun faarsa akka waan haati warraa qarshii kenniteetti giiftiitu kennee yaa foollee jechuu maqaa isaan jajuun ol-kaasanii akka oollan dhagahuuti faarsu.

Dhumarratti qarshii walitti qabatanii argatan sana gaafa masqalaa hoolaa yookiin sangaa bitanii qalachuun ayyaana kana haala gammachiisa ta’een dabarsu.

### 4.4. Raawwiiwwan Sirba Goobee Keessatti Hammatan

Akkuma hawaasa Oromoo godinaaleefi aanaalee biroo hawaasni Oromoo aanaa kuyyuu aadaa jaallatamaafi boonsaa mataa isaa hedduu qaba. Aadawwan hedduu hawaasni kun qabu keessaa tokko aadaa sirbaa haala namatti tolun kan sirbamuufi raawwatu qaba. Sirbi goobee gochaa tartiiba ittiin raawwatamu kan mataa isaa qaba. Raawwiin kunis safuufi duudhaa hawaasaa waliiin wal qabata. Wantoonni ittiin raawwii kanaaf tajaajilaniifi sochiin qaamaa raawwii kan mataa isaa qaba. Innis akkuma bakka adda addaatti haala adda addaatiin raawwatamu aadaafi duudhaa isaa eegachuun safuu hawaasichaa eeguun sirbama wantoota hunda kaasuun rakkisaa yoo ta’ullee muraasa isaan kanneen armaan gaditti

#### 4.4.1.Tapha Shimalaa Sirba Goobee Keessatti

Akka ragaan marii garee7/10/11 ganda Kooyee Akaalee keessatti Shifarraa Damissee, Geetuu Tasammaafi dargaggoo Zalaalam Damissee irraa funaanname agarsiisutti shimalli gosa meeshaalee aadaa keessaa isa tokko ta’ee ulee dargaggeessi goobeef filatuu aangii kan qabu akkasumas yoo rukutan amala haanxa’uu qabaachuun uleewwan kanneen biroorra adda kan ta’eedha. Gama biroonis, shimalli adeemsa dhiyaatina goobee keessatti akka si’eessituutti gargaaruun kan dargaggeessi lafa tumaa ittiin hurruubudha.

Aadaa Oromoo keessatti tapni shimalaa iddoo guddaa kan qabu aadaa boonsaafittiin dhaadatamuudha. Taphni ulee aadaa Oromoo isa ijoo tahee barnootaafi shaakaltii tooftaa lolaa keessatti miliquuf shimala yookiin uleetti fayyadauun diina ofiirra ittisu. Miliquun yookiin qolannaan ulee dabbalummaa waggaa sagalii hanga waggaa kudha ja’a irraa kaasee kan sadarkaa sadarkaafi gita gitaan skaakalamaa deemu yommuu tahu, dursa dabbaloonni bakka loon tiksanitti yookiin iddoo birootti kaawoo waliin taphachaa ulee walirratti haleeluufi ofirraa qolachuu yookiin faccisuu, namoota tooftaa kana bareechee barateefi ittiin dhaadatu akkamitti akka haleeluun akka danda’amu wal leenjisu.

Makkataan yookiin faccisaan tokkoo shimala yookiin ulee itti aggamame jalaa miliqee shimala isaatiin shimala diinaa yookiin gartuu qaama alagaa ofirraa qola. Diinnisaa yoo shimala jalaa cabee yookiin haanxaye, luullessee haleela, yoo fedhee immoo shimalaan tumee kuffisa. Shimalan haleeluufi qolachuunis barnoota uleedhaan loluufi qolachuu keessa tokko. Abbootiin shimalatti fayyadamuudhaan waan guddaa akka tahee hubatu, kanumaaf

‘shimalli obbeessaa, namarraa dheessiti ormi’ jechuun aantummaafi barbaachisummaa shimalaa abdii godhachuu kan agarsiisaniidha.Sirbi “Shimala koo wayyaa, michuun nama ganaa, koodee barbaanni hinargu baranaa” jechu ammas lolarratti ulee diinaa qaama ofirraa qoluuf yookiin faccisuuf namni lammeessoo shimala ofii tahuu kan mul’isuudha.

Walumaa galatti, taphni ulee uummanni Oromoo ba’aa jireenyaa ofirraa salphisuuf, laalaa madaafi godaannisa jiruufi jireenyaa ittiin ibsuuf gaddasaa irraanfachuuf, moorasaa nama kan biraatiif qooduuf, jaalalaafi jibbasaa itti addeessuuf, mormiifi diddaasaa ittiin dhageesiisuuf, quuqqaasaa ittiin ifa baasuuf, dhibeessa ittiin himachuuf, qaama dhidhibdeessaa fide ittiin saaxiluuf dhimma itti bahuufi yoomessa adda addaatti kan taphachaa tureefi jiruudha.

Dabalataanis,faayidaa shimalli sirba goobee keessatti qabu, sirba goobee keessatti dargaggoota jajjabeessa/akka of hinshakkine taasisa. Sirba goobee sieessuu, Roorroo ittisuu, Haala dhaabbii hirmaattota lafa tumuun sirreessuu, Dhiichisa cabsaan ala walharkaa akka hinfuune dhorka. Keessattu sirbi goobee halkan waan ta’eef balaa tasa isaan qaqqabuuf jedhu ofirraa ittisuudhaf nifayyada. Akka waliigalaatti sirba goobee keessatti shamalli gahee guddaa qaba.

**Waliiti dhufeenya Shimalaafi dargaggoota Gidduu Jiru,** Shimalaafi dargaggoo gidduu hariiroo hiriyyummaa yoomiyyuu adda cituu hindandeenyetu jira. Kana jechuun dargaggoonnis shimala isaanii baay’ee jaalatu, irra darbees kabaja guddaa qabuuf. Jaalala qabaniif irraa kan ka’e akka obboleessa isaanitti kan ilaalu. Dhugummaa yaada oliis sirba armaan gadii mirkaneessu.

Aadee kormii kormii (x2)
Shimalli obboleessaa
Namarraa dheeffiti ormii
(Madda:Zalalam Damissee 7/10/11)

Af-walaloon “Shimalli obboleessaa namarraa dheeffiti ormii” jedhu,halagaa/ormi yeroo nageenyi jiru namatti dhiyaatee nama waliin kolfee taphata malee yeroo rakkoon wayii nama quunname fuula namarraa naanneffata. Yeroo rakkoos ta’ee yeroo gammachuu namarraa adda bahuu kan hindandeenye obboleessa. Iddoo obboleessi hinjirretti bakka obboleessaa bu’uun rakkoo nama qunnamuuf jedhu nama faana kan qooddatu shimala. Kanaafuu alagaa abdachuurra shimala ofii abdachuun murteessaa ta’uu hubachiisa

### 4.4.2. Coqorsa Sirba Goobee Keessatti

Margi dhimmoota aadaafi duudhaa Oromoo wajjin wal-qabatanirratti bal'inaan tajaajila. Fakkeenyaaf, sirnoota Waaqeffannaa, gaa'ela, Gadaafi kan kana fakkaata. Kaasuun nidanda'ama. Margi uummanni Oromoo sirnoota garaagaraa irratti fayyadumu kunniin iddoodhaa iddootti akaakudhaan garaagarummaa qabaachuu danda'a. Akka hawaasa Oromoo Aanaa kuyyuutti akaakuwwan margaa keessaa coqorsi filatamaadha. Sababiin isaas margi kun bal'atee lata, lafa uffisa, loo'ee hiddaan lafa qabata, iddoodhuma sanatti idda gad-dhiisudhaan coqorsi biraa haaraan babal'atee hora.

Kanaafuu odimoonni Caalaa Hirphaafi Moosisaa Tufaa (marii garee 08/04/2011) A.L.I. akka ibsanitti, fakkoommiin marga kennuu hawwiifi fedhii warra goobee itti sirbanii akka sanyii sadeeniin horan, akka sanyiin isaanii daangaa tokko malee dagaagu kan kana fakkaatan. Kanamalees akka Aadaa Oromootti margi (lataan) Uumaafi uumama walitti araarsa. Haala kanaan Uumaan akka uumaatti, uumamnis seera eeggatee deemuu akka qabu sirna tokkorratti marga qabatanii argamuun uumaafi uumama gidduutti haraara fida jedhamee amanama. Akka adeemsa sirna goobeetti marga kennuun warrichi kallattii hundaan akka milkaa'an, haraara Waaqatti.

Waqtiin gannaa kan beekamu, rooba cimaa, daandiin irra deemanii gabaa dhaqan dhooqqaa'ee, malkaan guute riqicha harkisee kuffisee wal argeen addaan itti citee turudha. Gama biroon immoo yeroo itti qonnaan bulaan maatii isaa waliin qonnaafi aramaadhaan itti qabamee boqonnaa malee dhama'udha. Abdiin qonnaan bulaa gara firiitti jijjiiramee kan mullatu hoggaa midhaan baalaa sun hudhee, daraaraa facaatee mullatu, birraa keessadha. Birraan bari'uu, dukkanni gannaa darbee wayita asheetiin ga'ee ifni dhufu tahee uummata kana biratti fudhatama.

Waqtiin birraa, baatii Fulbaanaatii kaasee, dacheen daraaraa keelloo, tuufoo, hadaafi kanneen biroon asiifi achi bareedee ija nama hawwata. Waan hunduu gara firiitti jijjiiramee asheetiin midhaanii alaafi mana guutee argama. Karaa biraatiin Waaqa nagaa, fayyaa, hormaataafi waan qaban hunda kenneef, galateeffachuudha. Kunis waktii birraa daraaraa keelloo, marga coqorsa lalisaa gargaaramu. Marga akka kennaa galataatti qabatanii mana manarra naanna'uun nama kenna isaaniif kenneef kennuun eebbisu. Waaqa marga kana magarse Waaqa biqiltoota sana daraarse kan fuuldura isaanii jiruuf abdii qabn akka galateeffachuutti fakkeeffama.

Coqorsi sirna sirba goobee irratti dhimma itti ba'amu coqorsa akkasumaanii osoo hintaane, coqorsa irraa hincinne, kan hindheedamne dargaggootan barbaadameetu qophaa'a. Akka aadaa naannoo kanaatti coqorsi jiidhaa, Bonaafi Ganna kan lalisu,lubbuu kan dheeratu,kan dafee hingogne waan ta'eef daraggoonnii sirba kanarratti argaman hawwii isaan nama mana itti sirban sanaaf qaban ittiin calqasiisuudha. Kanaafuu, dargaggoonni sirba goobee yeroo maanguddoonni isaan eebbisan coqorsa harkatti qabachuun isaanii haawwiin keenya milkii isiniif tahee akka coqorsa kanaa haa lalisu, Bonaafi Ganna hingu'iin, haadagaagu, itti haafufu, lafa haaqabatu jechuu isaaniiti. Adeemsa sirna raawwii sirba goobee keessatti coqorsi waan lamaaf dhimma itti ba'ama. Inni biroon abdiin keenya haalalisu, Bonaafi Ganna hingu'iin, eebbi maanguddoonni nu eebbisan lafa hinbu'iin nu haa qabatu isa jedhu agarsiisa. Kanaafuu, bakka coqorsi hinjirretti sirna kana gaggeessuun rakkisaa ta'a.



Suuraa 4: Coqorsaa dargaggoonni yeroo sirba goobee itti ittiin eebbifatu kan fiixeen isaa irraa dheedamne gaafa guyyaa 12/01/2011 qorataan kaafame.

### 4.4.3. Farsoo Sirba Goobee Keessatti

Farsoon hawaasicha biratti bakka olaanaa qaba. Innis durii jalqabee uummanni aanaa kuyyuu biqila irraa ilaaluuf biqila cabsachuu beeku haadha warraa mana sanaa iyyaafatu. Haala kanarratti hundaa'uun warri abbaa abaluufaa warra guddaadha, warra aadaa beekanidha jedhamanii beekamu. Kanarraa ka'uun biqilli mana sanaa yeroo hunda yoo argame, dheebonnaan mana abbaa abaluufaa deemanii afaan qullaa hingalani ,afaan gogaa tasa gad-nama hinlakkisan jechuun warra sana faarsuun nijira. Kun immoo,biqilli mana jirachuunsaa mallattoo warra guddummaafi aadaa beeku kan ibsu ta'uunsaa hawaasicha biratti beekamaadha. Tajaajila farsoo qodaa guutuu qabatanii wal eebbisuun qabu kan biraan guutuu ta'uudha. Kana jechuun hawaasicha biratti biqilli cabee guutuu biqilaa qabatanii wal eebbisuun waadaa waliif seenuun aadaa hawaasichaa keessatti hir'uu yoo ta'e akka waan gaarii hintaanetti ilaalama. Fakkeenyaaf, waan tokko otoo safaranii gidduutti yoo hir'ate waantichi soba akka ta'etti ilaalama.Hawaasichi waan hir'uu gaarii miti, sobadha,hir'uudhas

jedha.Kanaafuu aadaa hawaasichaa keessatti farsoo qodaa guutuutti wal eebbisuun ,waadaa waliif seenuun akka jireenyi fuulduraa guutuufi milkaa'aa ta'eeti amanamee fudhatama. Kana malees yeroo dargaggoonni sirba goobee taphatan warrii goobeen itti taphatamuuti waan homni isaanii danda'ee farsoo hubootii guutanii eebbisanii goobeef kennuuf.

#### 4.4.4. Eebba Sirba Goobee Keessatti

Raawwii sirba goobee keessatti eebbi nitaasifama. Eebbi akaakuu afoolaa keessaa tokko ta'ee, hawwii gaarii namootaaf yookiin qaama biraaf qaban kan ittiin ibsamuudha. Wanta gaarii namaaf kennuuf human kan qabu Waaqayyo waan ta'eef eebbi Waaqa namaaf kadhachuudha. Yaada kana cimsuuf akka Getaachoon (2008:141) ibsutti, "Eebba jechuun yaada hawwii gaarii akka qabeenyaa dagaagfatan, akka jireenya hawaasummaa jaalatamaa ta'u namni tokko nama biraatiif hawwu yookiin Waaqayyo kadhachuufii jechuudha," jedha. Jaarsoliin Oromoo madda eebbaa yemmuu ibsan "Eebbi ganama jira, abaarsi booda erga hammeenyifi sobni dhalatee jalqabame," jedhu.

Eebbi yeroo addaa addaa haala adda addaan kennamuu nidanda'a. Fakkeenyaaf, jalqabaafi xumura mariirratti, fuudhaafi heerummaarratti, yeroo daa'imman dhalataniifi kan kana fakkaatan irratti nigodhama. Akkasumas, yeroo baay'ee eebbi seera Oromoo keessatti jaarsoliifi hangafootan gaggeeffama. Walumaagalatti, eebbi hawwii gaarii ta'ee, duruma osoo hammeenyi hinmul'atin kan jiruudha. Eebbi kaayyoorratti hundaa'ee yeroo garaagaraa jaarsoliin yookiin hangafootaan adeemsifama. Yaa tahu malee, dargaggeessi namoota isaaniif kennee akka namoonni olla dhagahanitti sagalee olkaasun eebisuu. Eebbi daraggoonni eebbisan kun hawwii kan agarsiisu maatii warra sirbaa goobee itti sirban sanaaf waaqni dhagahee qabeenya akka kennuuf hawwuudha. Eebbi hawwii qaban agarsiisuuf eebbisan kan armaan gadii kana fakkaata. Eebbi kunis sirbuma keessatti raawwatama.

"Nama nu kennee yaa waaqayyoo kenni
Qotiyyoo xindii yaa waaqayyoo kenni
Gootaraa dilbii yaa waaqayyoo kenni
Dhaltii darabee yaa waaqayyoo kenni" jedhan

Eebbi armaan olii kun kan agarsiisu akka aadaa Oromootti namni waan qabu saanarra amma humna isaa yoo namaa kennee qabeenya yookiin saawwaan guddaa akka horatu haawwii nama saniis qaban agarsiisuudha. Haawwii qofa osoo hintaanee akka dhuggeeffanna

Oromootti namni waan qaburraa namaaf kenne waaqarraa niargata jedha. Kanaaf akka waaqni qabeenya isaan goobeef kennan sanatti itti guutuuf waaqa kadhatuuf jechudha.

### 4.4.5. Jajuu / Leellisuu Sirba Goobee Keessatti

Jajuu yookan gurra guddisuu jechuun maqaa waan tokkoo olkaasanii,mi'eessanii guddisanii dubbachuu jechuudha. Wasanee(2008:144) yoo ibsu, "Kanamalee jajuu/gurra guddisuu jechuun amala waan tokko qabuu olitti irra deebi'anii kaasuu" jechuudha.Kunis gaarummaa waan sanaa qofatu ka'a. Haaluma kanaan jajuun kun sirba goobee keessatti ni mul'ata.Kun ammoo kan sirbamu dargaggoonni hawwii birraaf qaban irraa ka'eeti.

Namni nuu kenne hammami gahaa ? 4
Kuunoo hammana gahaa (2) Hinsobin hammami gahaa ?
Kuunoo dumeessa sani, Dhugumaa maalfaa uffata?
Kuunoo waaroo uffata, Dhugumaa maalin dubbata?
Kuuno Waaqan dubbata Kuunoo Cooma cuffataa (2)
Kuunoo daadhoo unataa (2)
Kenniif, kenniif, Kenniif
Hori ! Hori! Hori! Hori! Hori! Hori!" Jedhu

Faaruu/sirba armaan olii kanarraa wanti hubatamu, namaa goobeef qarshiis tahee waan biroo laateef haala duudhaafi eenyummaa hawaasa sanaa irratti hundaa'uun humnaa ol- gurra guddisuun kan ibsaman yoota'u, fakkeenyaaf Kuunoo waaroo uffata, Dhugumaa maalin dubbata? Kuuno Waaqan dubbata, Kuunoo Cooma cuffataa (2) jechuun humnaa ol-gurri kan itti guddate ta'uu isaa hubanna. Kun immoo namoota naannoo sana jiraniif hamilee tahee akka isaaniillee waan qaban isaaniif kennan nitaasisa.

### 4.4.6. Abaarsa Sirba Goobee Keessatti

Abaarsi jecha/gaalee hammeenya yookiin gara jabeenya agarsiisuufi kan hawaasni tokko yemmuu sirriitti aaru itti fayyadamu akka ta'e mul'isa "Abaare, eebba jibbe, arjooma dhoowwate, waakkate, dhoowwe (Baahiruu, 1994:92)" jechuun ibsa.

> *The best dictionary for students( 2006:84), "curse is some thing said hoping harm will come to some one , to wish bad luck or injury on some one, to use profanity" jedha. Kitaabuma kana irratti, " curse is a word or a phrase that have a magic power to make some thing bad happen or some thing that causes harm or evil"* jechuun fuula 286 irratti teechisa.

Akka yaada hayyuu kanaatti abaarsi barbaachisaa akka hintaaneefi jecha nama hubuu danda'u akkasumas miidhaa kan nama irraan gahu akka ta'e addeessa. Sirba Goobee irratti abaarsi callisee hinraawwatamu.

Akka shifarraa Damisseefi zalaalam Damissee marii garee 07/102011 irratti ibsanitti yeroo baayyee namni dargaaggootaafi ijoollee dhoowwatu hinjiru.Hawaasni aadaa kana baayyee jaalata waan ta'eef abaarsa dargaaggoofi ijoollee kanaa waan sodaataniif dargaaggootaafi ijoollee nideeggaru, nijajjabeessu. Hirmaattoonni kun cubbuu hindalagan waan ta'eef waaqni waan isaan jedhan, gaafatan nidhaga'a. Kanaafuu, abaarren isaanii nama balleessa jedhamee waan amanamuuf abaarreen isaanii ni sodaatama. Yaa ta'u malee darbee darbee namni tokko tokko qarshii nidhoowwatu. Sirba goobee keessattis Dargaaggoonni warra isaaniif kennuufi jala qabuu didan yeroo itti aaran akka armaan gadiiti abaaru.

Namni nu kennuu dide hammaam geechi
Kunoo hammaana geechi
Kunoo as jala jirtii
Duutee xaxaa dirtii
Qotaa gadi fageessaa
xiixxa itti jabeessaa
sardoo irra magartee
harreen irra qoqoorti haryoo haryoo jechuun abaaraa irreechaa sana awwaalanii deemuu.

Akka faaruu/sirba kanatti dargaggoonni yeroo goobee deemanii sirban nama isaaniif qarshii yookiin waan safuu isaaniif kennuu didee yeroo abaaran agarsiisa. Abaarree dargaaggoota kanaa nama abaarrame nimiidh jedhamee amanama. Akka namni qarshii dhoowwate ni hiyyooma, dhukkubsata, du'uullee danda'uusaa agarsiisa. Kanaafuu darbee yoo ta'ee malee namni goobee qarshii isaan dhoowwatu hinjiru. Namni kuniin garuu qarshii ijoolleefi dargaggoota goobee taphatan dhoowwachuun hawaasa keessa akka bahan isaan hintaasisu. Walitti dhufeenyi hawaasummaa akkuma duriitti itti fufa.

### 4.5. Faayidaa Sirba Goobee

Goobeen uummata Oromoof faayidaa guddaafi iddoo guddaa qaba. Dargaggoonni gammachuu ganna keessaa gara birraatti ce'aan ibsachuuf aadaafi safuu ofii ittin guddifachuuf, tokkummaafi aartii ofii ittiin guddisuuf eebbaa maanguddootaa argachuuf hawaasnis sirba kana akka milkiiti kan abdataan waan taheef faayidaa hedduu qaba.

Daragaggoonni sirba goobeen namoota dhala dhabaniif akka dhala argatanii rabbii nikadhatuuf. Namni ilmoo hinqabne illee dargaggoota goobee jedhan waliin sirbuun waaqa dargaggoota kana uumte ilmoo yookiin ilma naaf kenni jedhee waaqa kadhata. Namni sun yoon waggaa dhufuuti ilmoo dhiiraa waaqni keessan na kenne akkas jedhee waadaa galaaf "Waggaa har'aa farsoo hubboo tokko, daaboo waliin daadhii hubboo tokko, korpheessaa hoolaa tokkoofi kan kana fakkaataan jedhee dargaggoota goobee sirbaniif waadaa ni seena" waggaa sanatti yoo ilmoo argate waadaa jedheee kana gammachuufi jaalalaan guyyaa sana eegee dargaggoota goobee waliin sirban waadaa seenee sanaa ni kenna. Raawwiin (Adeemsi) kunimmoo, goobeen uummataaf faayidaa guddaa kan qabduu ta'uu agarsiisa

Bu'aan isaan argatan gammachuufi dandeettii aartii/taphachuun isaanii niguddifatu. Kana qofa osoo hintaane sirnichi dur irraa kaasee isaa qaqqabee waan ta'eef sirnicha qaqqabanii of ibsachuun illee faayidaa qaba. Inni biraan immoo bu'aa dadhabbiifi kaayyoo guddaa akka isaa tapha goobee kana irraatti hirmaatan isaan taasisu kennaaf eebbaa uummata isaan taphataaniif sana irraa argatani. Kennaan isaan argatan akkaataa duudhichaattin qarshiifi horii argachuu danda'u. Maallaqa yeroo argatan hanga argame walitti qabachuun guyyaa xumuraa maal akka ittin raawwatan murteeffatu. Kunis waan biroof oolfachuu osoo hintaane karaa gamtaa ta'een isaan fayyadamuu danda'an sana ittiin oolfatu. Iddoo hedduutti yoo qarshiin isaan argatan baayyee ta'e sangaa ittiin bitatu.

### 4.6. Ga'ee Sirbi Goobee Ijaarsa Eenyummaa Ummata Oromoo Aanaa Kuyyuu Ibsuu Keessatti Qabu

Akka Lammaa Mokonnon (12/01/2011) irraa odeeffannoo argadhetti, Ga'een sirba goobee ijaarsa hawaasaa keessatti qaban jireenya hawaasummaaf bu'aan inni qabu daran olaanaadha. Isaanis haalaafi miira hawaasaa waliin wal qabatanii kan ibsaman tahaniru. Sirbi achi keessatti ibsaman haawwii, milkaa'ina eebbaafi arrabsooo haa tahu malee keessoon isaanii jirenya hawwaasumaa muxannoo bara dheeraa keessatti keessa ce'ame kan amma hawaasni ittiin of ibsuufi kan gara fuula duraatti mul'achuuf jedhu heeranii seenaa hawasaa dhalootaa

dhalootatti daddabarsaa jiru. Sirba dhihaatu keessatti waanta gaaggaarii faarsuu qofa osoo hintaane gama hawaasaan jireenya gamtaa keessatti dogoggora mul'atu kaasuun akka sirra'u ni ibsu. Yeroo akkasii namoonni hanqina akkasii qaban waan keesaa jiran of ilaalanii irraa deebi'u. Faayidaan guddaan tokko, bashannansiisuufi gammachiisuudha. Kana gochuunis dadhabbii namarraa balleessa, yaadaafi yaaddoo salphisa. Oromoon Godina shawaa kaabaa Aanaa kuyyuu sirba goobeen daegaggeessi, hawaasaa isaanii bashannansiissu. Akkasumas safuufi duudhaa hawaasa sanaarratti hundaa'un jireenyi hawaasichaa akka fooyya'uf jecha gootara dilbii yaa waaqayyoo kenniif, qotiyyoo cimdii yaa waaqayyoo kenniif jechuun hawwii isaan milkeessaa.

Walumaagalatti, sirbi goobee uummata isa ijaarrateef, haala yeroo duriifi kan ammaa akka walbira qabee ilaaluuf baay'ee gargaara. Dhaloonni har'aa dhiibbaa gama aadaafi duudhaan ture beekuun wanta har'a ta'aa jiruufi ta'uuf jiru akka raagu taasisa. Haalli raawwii sirba goobee sababa adda addaan yaa laafuyyuu malee gama bulchiinsa siyaasaa, aangoo waliif dabarsuu sirna Gadaa, kutannoofi tokkummaadargaaggoonnifi uummatni waliin qabuuf bu'uura waan taheefi aadaafi duudhaa ofii tursiisuuf gahee qaba. Dhalootni itti fufiinsaan aadaafi duudhaa ofiirra barachaa seenaarraa akka baratee murtee kennuuf sirbi goobee qajeelfama guddaa ta'uun sirbi goobee aanaa kuyyuu namoota beekamoo irratti qorannoo gaggeeffamerraa hubachuun kan danda'amudha.

### 4.7. Sadarkaa Sirbi Goobee Amma Irra Jiru

Uummanni Oromoo akka duudhaafi safuutii waan ittiin beekamu kan mataa ofii niqaba. Duudhaa, aadaa, amantiifi safuu beekanii, ayyaana ayyaaneffatamaniifi sirba sirban hedduu qaba: Irreecha, masqalaa, qaammee, sirba goobeefi kan kana fakkaatanidha. Akka aadaatti Oromoon Ayyaana waggaa kabajuun of haaromsan, Ofis tokkomeessan. Duudhaafi aadaas akkanaan qajeelfamee jireenya dhala namaafi uumamaa barreecha.

Haa ta'u malee, akka Yaadatee Gurmuu (12/01/2011) irraa odeeffannoo argadhetti, sirbi goobee kan durirra turerraa karaalee hedduun jijjiiramee jira. Isaanis: yoomessaafi hirmaattota, uffatni, faayaafi dhangaaleen adda addaa dur namoottin qopheessanii goobee simatan, raawwiifi ilaalcha namootaa yookiin dhiibbaa gama amantii biroon irra gahuudha. Haallifi wantoonni ulfoo sirbagoobee keessatti dhimma itti bahamu kanneen akka: daabee, shimala, irreessi, baatirrii, duudhaaa, safuun ganama tureefi kan kana fakkaatan irraanfatamaa kan dhufan ta'uu isaati. Haallii (raawwiin) hanga ammaa itti fayyadamaa jiranillee kallattii isaanii jijjiirrachuun gara ammayyummaaatti jijjiirama jiru. Waan akka qarshii, hoolaa duraan

kennamuufi Dhangaan hirmaattota goobeef qophaa’ee kennamaaf ture guutummaatti haala duraaniin kan dhihaataniifi meeshaaleen itti dhihaatanis haala duraatin kan argaman miti.

Gama biroon, raawwiin sirba goobee itti sirbamuufi sirbi/faaruun yeroo sirba goobee sirbaman qabiyyee isaanii jijjiirachaafi irraanfatamaa kan jiraniidha. Sababni isaammoo, sirba goobeekana warri sirriitti beekanii karaa qajeeelchanis ta’ee, warri sirban amantii eenyummaa isaanii hinibsine waan liqinfamaa dhufaniif qixa sirriin hojiirra oolchaa hinjiran. Raawwiin sirba kanaa afaanin dhalootaa dhalootatti darbaa waan dhufeef karaalee isaanitti fakkaaten dabarsaa jiru.

Dhumarratti, Raawwii Sirba Goobee irratti dhiibbaan gama amantii alagaatiifi ammayyummaan dhufan ilaalchisee, raawwiin sirbaa goobee akka waan aadaa, safuu, duudhaatti ilaallamuu dideeakka amantiitti waan ilaalaaniif uummata yaada dogongoraa qabsiisan. Sirba goobee sirbuun akka waan boodaatti hafaafi amantiitti fakkeessanii waan kaasaniif wantoonni ulfoofi sirboonni/faaruuwwan dagatamanii jiran jechutuu danda’ama.

# BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO

Boqqonnaan kana jalatti haala waliigalaa qorannoo jalqabaa hanga dhumaa kan ilaallaatuudha. Haa ta'u malee, Iddoo kanatti irra caalmaadhaan dhimmoonni sadii xiyyeeffannoo argateera. Isaanis, Cuunfaa, Argannoofi Yaboo of-keessatti kan hammachuudhaan ibsa isaanii faana dhiyaataniiru.

## 5.1. Guduunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa Qaaccessaa Raawwii Sirba Goobee ibsuudha. Bu'uura kaayyoo qorannichaarratti hundayuun cunfaan armaan gadii keennameera. Qorannoo kun kan irratti xiyyeeffatu sirba Goobee Godina shawaa kaabaa Aanaa kuyyuu qaaccessuudha. Ummanni Oromoo akkuma hawaasa addunyaa biroo aadaa, seenaa, duudhaafi barsiisfata garagaraa kan qabuudha. Oromoon caasaa hidda latiinsa heddu haa qabaatuyyu malee aadaa walfakkaataa kan walii isa adda hinbaafne hedduu qaba. Aadaan qabeenya uummatichaa ta'e kunis gosa barnootaa fokloorii kan damee bal'aa qabu kana keessatti kan ilaalamuudha. Haatau'umalee gosa barnoota fokloorii keesatti afoolli uummata Oromoo, Og-afaan, Aartin uummatichaa qorannoodhaan waan biraa gahame hinqabu. Uummanni Oromoo kan jiruufi jireenya isaa keessatti raawwatu keessaa sirbi goobee isa tokko.

Sirbi goobee kunis damee fokloorii keessaa tokko yoo ta'u uummata Oromoo Godinaalee gargaraa keessatti argaman biratti iddoo olaanaa qaba. Uummanni Oromoo Godina shawaa kaabaa Aanaa kuyyuu sirba goobee qaama aadaa isaa godhachuun dhalootaa dhalootatti afaaniin abbootii isaanii irraa hambifatan walii dabarsuun waqtii gannarraa jalqabee hanga birraatti sagantaaadda addaa irratti itti fayyadamaa turaniru. Har'as laafni yoo mul'ateeyyuu itti fayyadamaa jiru.

Qorannoo kana keessatti raawwiin sirba goobee maal akka fakkaatu, wantoota barbaachisan, hirmaattotni sirba goobee eenyufaa akka ta'an, waqtiisirbi goobee itti jalqabamu, gahee sirb goobee dargaggeeyyifis tahee kanneen biroof gama siyaasaa keessatti qabu, raawwiin sirba goobee maal akka ta'e qaaccessuun ibsuudha. Dabalataanis, sadarkaan sirb goobee irra jiruufi faayidaa sirbi goobee qabu ibsuudha.

Qorannoon kunis Xiyyeeffannoon sirbi goobee uummata Oromoo Godina shawaa kaabaa Aanaa kuyyuu waliitti qabuun, ergaa akkamii akka qabu, qabiyyee akkamii akka qabufi ga'ee inni ijaarsa eenyummaa keessatti qabu qaaccessuun barreeffamaan ol-kaahuufi dhaloota

har'aafi gara of-duraa barsiisuuf kan gaggeffameedha. Haaluma kanaan gaaffilee bu'uuraa ka'umsa qorannoo, boqonnaa tokko keessatti ka'an, deebisuuf malootta adeeffannoo garaagaraa kan akka af-gaaffii, daawwannaa, waraabbiifi marii garee meeshaalee funaansa ragaaleetti dhimma bahuun walitti qabuun danda'ameera. Ragaa argame bu'uura godhachuudhaan sirba goobee waliitti qabuun raawwii isaa waliin ibsi itti keennameera.

Walumaagalatti sirbi goobee Godina shawaa kaabaa Aanaa kuyyuu Hagayya kudha ja'aa hanga Fulbaana kudha torbaa qophii adda addaa hanga jala bulttii masqalaatti sirbaman, sirbi goobee raawwiiwwan adda addaa kan qabuufi kan dargaggoonni hawwiifi milkaa'inaaf sitrbamu, aadaa barsiisuufi sirbi qabeenyaa kan of-keessaa qabu tahuu qorataan bira gahaeera. Sirbi goobee yoomessa kanqabu yootahu, kunis hagayya kudha ja'aa irraa eegale ji'a tokkoof hanga fulbaana kudha torbatti galgala galgala kan sirbamu tahuusaati. Ga'ee qabeen, haawwiifi milkii  uummataa ibsuurratis haalaafi miira hawaasaa waliin wal qabatanii kan ibsaman tahanii argamaniru. Sirba goobee walitti qabamee qaaccefamuun qorannoon dalagamee ol-kaahame kan hinjirre tahuusaa qorataan qorannoo isaatiin adda baafateera.

### 5.2. Argannoo

Qorannoon tokko erga gaggeeffamee raawwatameen booda bu'a qabeessummaa qorannoo sanaa kan mirkaneessu argannoo qorataan sun erga qorannoo sana gaggeesseen booda argatuudha. Qorannoo mata dureen isaa Qaaccessa Raawwii Sirba Goobee Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuu jedhu irratti gaggeeffameen firii Qorannoo kanarraa argame qoratichi argannoowwan armaan gadii argateera.

- ✓ Sirbi goobee raawwiin isaa uummata Oromoo aanaa kuyyuu biratti yeroofi safuu eegee kan sirbamuufi raawwatamuudha.
- ✓ Sirbi goobee raawwiiwwan adda addaa kan akka haawwii, milkaa'inaa, safuu, eebba, abaarsa, barsiisuufi sirba dargaggoon akka qabeenyaa ofitti keessatti of-ilaaluu tahuu bira gahameera.
- ✓ Namoota gaa'ila godhatanii ilmoo dhabaniif goobeen yoo eebbiseef kadhateef waggaa sanatti akka dhala argatan .
- ✓ Yeroon raawwii sirba goobee galgala irraa eegalee hanga halkan iyya lukkuutti
- ✓ Ga'ee eenyummaa hawaasaa haalaafi miira waliin walqabatanii kan ibsaman akka tahan bira gahameera.
- ✓ Sirbi goobee gaheewwan caasaa hawaasaa(social structurestic) aadaa hawwaasa naannoo sanaa kan calaqisu. Waa'ee qabeenyaa, waa'ee gootaa, waa'ee dabeessaa,

haala jiruufi jireenya aadaa hawaasa naannoo sanaafi kanneen kana fakkaatan of-keessaa qaba.

- ✓ Sirbi goobee ayyaanota akka qaammeefi masqalaan kan walqabatuufi gargar bahamee ilaallamuu kan hindandeenye tahuu.
- ✓ Sirbi goobee ilaalchota adda addaafi ammayyumaan walqabatee yeroo amma kana akka duritti kan hingeggeeffamneefi laafaa dhufuu isaa.
- ✓ Hirmaattoonni sirba goobee akka Aanaa kuyyuutti harki caalmaan dargaggoota haa ilaallatu malee manguddoonni, ijoolleen, haadholiin, shamarran gahee olaanaa qabu.
- ✓ Sirbi goobeefi raawwiin isaa Aanaa kuyyuus ta'ee akka godina shawaa kaabaatti walitti qabamee xiinxalamuun barreeffaman qorannoon dalagamee ol-kaahame kan hinjirre tahuusaa qorannoo kanaan bira gaheera.
- ✓ Raawwiin sirba goobee safuufi duudhaa hawaasa bal'aa kan giddu galeeffate ta'usaa.
- ✓ Dargaggoonni yeroo sirba goobee deeman haawwii isaan birraaf qabaniifi yeroo itti isaan jaalallee yookiin wadaajii isaaniin wal qunnamuuf si'aa'inaan eegan tahu.

## 5.3. Yaboo

Adeemsa qorannoo kana keessa sirba goobee raawwii isaa haala akkamiirra akka jiru ilaaluun dandaa'ameera. Uummanni Oromoo Godina shawaa kaabaa Aanaa kuyyuu baayyinna ummataafi bal'inna lafaatiin kanneen guddaa ta'an kessaa tokkodha. Uummatni aanichaa akkuma hawaasa Oromoo biroo beekkumsa, bulchiinsa, falaasama, amantaa, hawasummaafi, aadaafi duudhaa isaa dhaloota isaa irraa dhaaluun har'aan gaheera. Haa tahu malee, Dhibbaaleen adda addaafi aadaa biyya hambaa, akkasumas guddina saayinsiifi tekinoolojii wal-qabatee aadaan kun itti fufuuf daran rakkisaadha.

Haalli qaacceffamuu dhabuu gosoota fookloorii kanaas rakkoo eenyummaafi as-dhuftee ofii nama wallaalchisuu danda'a sodaa jedhutu jira. Kanaafuu sodaa kana hambisuuf kallatti hundaanuu rakkoole jiran dandamachuun qorannoo gosoota fooklooriitiif tattaaffachuun dirqama saba Oromoo cufaati. Kanumarraa ka'uun qorataan argannoowwan qorannichaan bira gaa'aman irratti hundaa'uun haala waliigala yaada furmaataa taha kan jedhu akka armaan gaditti qoratichaan kenname kanneen itti aanani.

- ✓ Waajirri Aadaafi Tuurizimii Aanaa kuyyuus tahee kan biroo sirba goobee kana beeksisuufi kunuunsurratti hojiilee gad-fageenya qaban osoo hojjechuu danda'eefi qoratee barreeffamaan kaa'ee

- ✓ Maalummaan sirba goobee hayyotaan qoratamee walitti qabamee bifa barreeffamaan osoo taa'ee gaariidha.
- ✓ Hawaasni keenya sirba goobee duudhaa ganamaa kan isaa ta'uu beekee eenyuu olitti kunuunsuu qaba.
- ✓ Qorattooni afaaniis ta'ee kanneen biroo osoo irratti hirmaatanii qoratanii karaa adda addaa maxxanfame.
- ✓ Aadaan akkanaafi ergaa gad-fagoo haawwiifi milkii itti argatan akka kanaa haala itti fufiinsa qabuun tursuufi kitaabilee adda addaa keessatti haala gahaa ta'een hammatamee akka dubbifamu taasisuun barbaachisaadha.
- ✓ Goobee amantiin walitti hidhanii qaamota akka inni laafuu taasisaniif maanguddoonnis tahee hayyoonni waa'ee goobee beekan hubannoo kennuu qabu.
- ✓ Sirbi goobee balaaleffatamuurra, ergaa inni hawaasaaf dabarsu fuulleffachuun bakki laatamuu barbaachiisaafi Ilaalchota hordoftoonni amantaan walqabsiisanii sirba goobee irratti qaban sirraa'ee akka duudhaa uummatichaatti fudhatamee kunuunfamee gaarii ta'a
- ✓ Beektonni Oromoo kanneen fedhii qaban kallattii beekumsa waa'ee sirba goobee hunda isaanii waliittii guruun gad-fageenyaan qoratanii gaalmeessanii dhaloota itti aanuuf kaa'uudha.
- ✓ Dargaggoonni ammayyumman of-gowwomsanii aadaa Orom-duroo akka dhiisuu hin qabneefi kunuunsuu qabu.

**Wabiilee**

Abarraa Nafaa. (1995). *Afoola Oromoo Tuulamaa. Wiirtuu Jiildii II:Barrulee Qormaata Waltiiina Afaan Oromoo*. Finfinnee: Comercial Printing Press.

Addunyaa Barkeessaa. (2014).*Seemmoo Bu'uura barnoota afaaniifi Afoola Oromoo*: printed by Far East Trading plc

________ . (2011). *Akkamtaa*, Yaad-rimee qorannoo hujoo:Finfinnee

Alamaayyoo Hayilee, Boshoo Gonfoo, Daani'eel Dheeressaa, Sambatoo Bushaafi Umar Nuuree. (1998). *Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa.* Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa: Finfinnee: 1998.

Alamaayyoo Hayilee. (2007*).Gadaa: Siyaasa Oromoo Tuulamaa*. Finfinnee:

Asaffaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading Plc

Asnaaqaa T.Irkoo, Hundasaa waaqwayyaafi Amaaree Baqqalaa (2018).*WAAQEFFANNAA*:Gumii Waaqeffannaa Addunyaan Kan Qophaa'e: Norway

Balaay Makonnin. (2007). *Kirstaanummaa Fi Oromoo Durii Hanga Ammaatti*: Finfinnee

Bartels, L (1983). *Oromo Religion, myth and Rite of Western Oromo, Ethiopia*: in attempt understand, Berlin.

Bascom, W.(1962*). Continuity and Change in African Cultures.* Chicago: Chicago University Press

________. (1965). *Four Functions of Folklore, in Dundes, A. (1965).*The Study of Folklore.Burkelay: Printice-Hall, Inc.

________. (1992).*American Folklore in the New world Bloomingto And Indiana polis*: Indiana University press.

Berg B. (2001). *Qualitative Research Methods for social science*. Californiya state Univeristy, Long Beach.

Bukeenya Austin. (1994). *Understanding Oral literature*. Nirobi City University press.

Cress well, J.W. (2003). *Design: Qualitative, quantitative and Mixed Methods Research Approaches (2nd ed.)*. Sage Publication Inc

Daniel Ayana. (1984). *Protestant  issionary in Wollega:a Study of the Activities of Missionaries and the Loval Converters ,1898-1935",* M.A. Thesis in History (A.A.U.)

Dastaa Dasaalany. (2002). *Bu'uura Qorannoo*: Finfinnee dhaabbata Manxansaa Boolee.

________. (2013). *Bu'uura Qorannoo:* Qorannoo Furmaataafi Deebii. Finfinee, plc.East Trading

David E. Gray. (2004). *Doing Research in the Real World. London*: SAGE publications Ltd

Denscombe, M. (2007). *The good research guide for small scale social research project 3rd ed*.open university press.

Dirribaa Tafarraa. (2005). *Gahee Afoolli Oromoo Aadaa Hojii Irratti Qabu*. Wiirtuu Jildii 10: Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo:. Finfinnee: Print Branna P.E. F. 114- 142.

Dirribii Damusee. (2012). *Ilaalcha Oromoo: Barroo Amantaa, Sirna Bulchiinsaafi Seenaa Oromoo.* Finfinnee: Mana Maxxansaa Finfinnee.

Dorson, Richard. (1972). *Foklore and Folk Life. An introduction. Chicago and London*; The University of Chicago press.

Dundes Allen. (1965). *The Study of Folklore*. Englewood Cliffs: Prectice Holl Inc.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013).*Bu''uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Subi Printing Press.

Fiixee Birrii. (2013). *Seenaafi Aadaa Oromoo* maxxxansa3ffaa Finfinnee, EECMY, MisirachDimts.

Finnegan. (1970).*Oral literature in Africa. The oxford library of African literature*: Oxford University Press Eastern Africa

_______ . (1976). *Oral Litrature in Africa*. Nairobi University press.

Gadaa Melbaa. (1988). *Oromia: An Introduction*. Khartoum

Geexee Birruu. (2006). "Xiinxala Sirba Ayyaana Ibsaa Kormaaa, Godina Shawaa Dhihaa Aanaa Ada'aa Bargaa", ittiin guutannaa digirii jalqabaa guutachuuf, kan gaggeeffame, barreeffama qorannoo kan hin maxxanfamne.

Gemechu Megersa. (1998). "The Oromo World View" in Interdisciplinary Seminar of the Institute of Ethiopian Studies. 1st, Nazareth, June 6-7, compiled by Research and Publication Committee Addis Ababa : IES

________. (1996). "Oromumma: Tradition, Conscious and Identity" in Being and Becoming Oromo: Historical and Antropological Inquaries. Asmera: The Read Sea Press

Georges, R. A and Jones, M. O. (1995). *Folkloristics: An Introduction*. Bloomington and Indiana Polis: Indiana University Press.

Graham, F. And Gunner, L. (1995). *Power, Marginality and African Oral Literature*. London: Cambridge University Press

Iristee Akkawaaq Tooree. (2012) "Qaaccessa Sirna Lufiinsa : Raawwii Sirna Da'umsaa Godina Jimmaa Aanaa Maannaa". Waraqaa Qorannoo Digrii lammaffaa Guuttachuuf Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fooklooriif Dhihaate: Yuunvarsiitii Addis Ababaa

Isacs, Alan. (1981). *The Macmillan Encyclopedia*. USA: Laurence Urdang Associates Ltd

Kiputy, N. (1983). Oral Literature of the Masai. Nairobi East Africa Educational publisher: Ltd.

Knutsson, Karl Eric. (1967). *Authority and Change*: The study of the Kallu Institution among the Macha Galla of Ethiopia. Goteborg: Ethynografiska Museet.

Lammii Girmaa. (2004). "Qaaccessa Sirba Jaalalaa Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuu", Waraqaa Qorannoo Digirii Jalqabaa kan hin maxxanfamne. Yuunivarsiitii Madda Walaabuu

Leelisaa Aadaa. (6413 LW). *Kudhamaa Seenaa*. Elleni P.P.PLC

Maammoo Gadaa. (2013). *Duudhaa*: Hy International Finfinnee

Maatii Sabaa. (2006). *Daaniyaa*. Finfinnee, Oromiyaa

Melakenen Mengistu. (2006). *Fundamental of Literature*: Addis Ababaa: Addis Ababaa Universty.

Mesfin Teshomaa. (1995). *Wiirtuu Jildii 7. Tapha Ijoollee*. Finfinnee.

Merriam, A. (1964). *The Anthropology of music*. North western University Press.

Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Dilbii,bu'uura afoolaa, og-afaanii fi af-walaloo*: Subi. Finfinnee

MOE. (200 5). *Phisical Education* . Addis Ababa: Mega Publishing Enterprice.

Okpewho,Isidore. (1992). *Africa Oral literature*: Back ground,character and continuity Bloomington and Indianapolis: Indian University press.

Oring,E.(1986).*Folk Groups and Folklore Genres*: Anintroduction. Logan Utaha: Utaha University pres

Sabsibee Geetahuun. (2012) *"Qaaccessa qabiyyee sirba shaggooyyee*", waraqaa qorannoo digrii lammaffaa guuttachuuf qophaa‟e,Yuunivarsiitii Finfinnee,kan hinmaxxanfa mne.

Sims and Stephen. (2005). *Living Folklore:* An introduction to study of people on their traditions.Longanutah University press

Taaddalaa Olaanaa. (2008). "*Qaaccessa Weedduu Lakkoo*".waraqaa qorannoo digirii lammaffaa guuttachuuf qophaa‟e,Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxanfamne.

V. Kahn and W. Best. (2005). *Research In Education*.Prentce-Hall,Inc.

Victor.D. (2009). *Research Design and Methods for studying Culculture*.NewYork: Altamira

Waldaa Aadaafi Duudhaa Oromoo. (2006*). Daaniyaa*. Finfinnee: Wiirtuu WBNO,KHA

Wasanee Bashaa. (2000).*Bantuu Haaraa*:*Caas-Lugaafi Og-barruu Afaan Oromoo*. Finfinnee: Emay Printers.

Woodward, Ian. (2007). *Understanding Material Culture*. Los Angeles: Sage Publications.

Woube Kaasaye. (2002). *Analysis of culture for Planning Curriculum*: The case of songs Produced in the Three main Language of Ethiopia (Amahric, Oromigna Tigrigna) Jounce University of Jounce.

## **DABALEE A** Gaaffilee Af-Gaaffii

YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO

AFAANOTAA, JURNAALIZIMIIFIQUUNNQMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO,

HOGBARRUUFI FOOKLOORII.

GAAFFILEE AF-GAAFFII ODEEFFATOOTAAF DHIYAATU

Kaayyoon afgaaffii kanaa baarnoota Afaan Oromoo Ogbarruufi fookiloorii sagantaa digirii lammaffaa guuttachuuf "Qaaccessa Raawwii Sirba Goobee Aanaa Kuyyuu" jedhu irratti. Gaaffiin afaanii kunneen beektota Sirba Goobee, aadaafi afoola Oromoofi mangudootaa, dargaggootaafi haadhoolli seenaafi aadaa Oromoo beekaniin yookiin kanneen sirba Goobeen irratti muuxannoo ga'aa qabaniin kan deebii argatuudha.

Kabajamtoota gaafilleen afaanii kunneen isiniif dhiyaatu hunda mata duree Qaaccessa Raawwii Sirbaa Goobee Godinaa Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuu jedhu irratti qorannoo waanan gaggeessuuf qo'annoo kana guutuu kan taasisu odeeffannoo isin biraa argamu ta'uun isaa amanamaadha. Kanaafuu, gaaffilee isiniif dhiyaatan kunneeniif odeeffanoo dhugaafi guutummaa qabu irratti hundaa'uun akka deebii naaf kennitan kabajaanan isin gaafadha. Galatooma.

### I. Odeeffannoo Dimshaashaa

1. Maqaa _____________ Saala:- Dhiira ☐ Durba ☐

2. Umurii ____________ Sadarkaa Barnootaa ___________ Lak.Bil. ____________

3. Ganda _______________ Gooxii____________________ Garee ________________

4. sirba goobee :- dargaggeessaa ☐ guddoota ☐

5. Hojii: Qotee bulaa ☐ Daldalaa ☐ Hojjetaa Mot. ☐ Kan biro ☐

### II. Odeeffannoo Qorannichaa

1) Aadaan oromoon qabu keessaa tokko aadaa sirbaati.
   - A. Isiniif sirba goobee jechuun maal jechuudha?
   - B. sirbi goobee kun yoom, eenyuun , eessatti jalqabame?
2) Sirba goobee kan beektu natti himi?

3) Sirbi goobee guyyaa meeqa hanga guyyaa meeqatti adeemsifama? maaliif?
4) Sirba goobee kana raawwachuuf maal maaltu barbaachiisaa?
5) Sirbi goobee kun akka hin dagatamneef yookiin hin badneef manguuddoonni, dargaggoonniif qaama dhimmi ilaalattu maal gochuu qabu?
6) Waa’ee sirba goobee kana irratti qorannoo osoo geggeessanii hawaasni ilaalcha gaarii ni qabu?
7) Sirbi Goobee kun akka hin dagatameef,akka manguddootaatti maaltu isiin irraa eegama?
8) Sirba goobee akkamii akkamtu jira? Eenyufaatu sirba? Maaliif sirbama? Yeroo akkamii sirbama?
9) Sirba goobee bara duriifi ammaa keessa jiru garaagarummaa qaba?
10) Sirba goobee aanaa kanaa ilaalchisee yaada adda ta’e dabalatan naaf kennitan yoo jiraate

## **DABALEE B** **Gaaffilee Marii Garee**

YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA QO’ANNOO

AFAANOTAA, JURNAALIZIMIIFIQUUNNQMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO,

HOGBARRUUFI FOOKLOORII.

**GAAFFILEE MARII GAREE** ODEEFFATOOTAAF DHIYAATU

Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa kaabaa Aanaa kuyyuu Raawwii sirba goobee raawwatamu keessatti ergaa sirba Goobee ilaalchisee marii gareef dhiyaatedha.

**Seensa:** mariin garee kun kan qophaa’e gosa sirba sirbamuu, keessa sirba goobee ergaa inni hawaasicha keessatti dabarsu, yoomessa akkamii kaasaatti akka raawatamaniifi yeroo ammaa sirbi goobee sadarkaa inni irra jiru xiinxaluun qaaccessuuf.

Kabajamoo odeef-kennitootaa hanga isinii danda’ameetti odeeffannoo kennitaan ifaafi guutuu akka gootaa, jechaa deggarsi keessaan fiixaan bahumsa qorannichaaf murteesaa waan ta’eef, dursee isin galateeffadhaa, mudaa tokko malee bilisaan yaada keessan akka naaf qooddaan kabajaan isin gafaadha.

I**. Odeeffannoo Qorannichaa**

1. sirbi goobee yeroo ammaa sadarkaa maalii irra jira? gadaanaa yoo jettan/te maaliif?
2. Faayidaa sirbi goobee hawaasa Oromoo keessatti qabu maali?
3. sirbi goobee mana akkam akkamitti sirbama? Maaliif?
4. sirbi gaafa jalqabaa fi gaafa dhumaa sirbamuu maal maal fa’i? Yoo yaadattu ta’e sirba isaa naaf sirbaa?
5. sirbi goobee aanaa kanaa ilaalchisee yaada adda ta’ee dabalataan naaf kennuu barbaaddan yoo jiraate.

## DABALEE C Qabxiilee Daawwannaa

YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO

AFAANOTAA, JURNAALIZIMIIFIQUUNNQMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO,

HOGBARRUUFI FOOKLOORII.

QABXIILEE DAAWWANNAA ODEEFFATOOTAAF DHIYAATU.

Gaaffiilee namootaa (Manguddoota) mata dureen ani irratti qorannoo geggeessuuf deemu kana ni beeku jedhamanii yaadamaniif dhiyaatu.

Maqaa ___________________________________umurii_____________Ganda______________

Kabajamoo …..odeeffannoon ani amma isinirraa argadhu kun qorannoo mata duree qaaccessa sirba goobee waliin hidhata waan qabaniif qorannicha guutuu taasisa jedhee waaniin abdadhuuf gaaffiilee isinii dhiyaatu kana akka dhugaafi haala sirrii ta'een naaf deebistan kabajanisiin gaafadha.

**I. Odeeffannoo Qorannichaa**

| Lakk | Cheeklisiitii Daawwanaaf qophaa'ee | Guyyaa daawwannaa | Lakkii | Eeyyee |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Yeroo Sirbi goobee ulee ni qabatu? | | | |
| 2 | Sirba goobee irratti manguddoonni hirmaannaa qabu? | | | |
| 3 | Yeroo sirbi goobee sirbamu baatirii,eeboo, ulee, abaaboofi kkf qabu? | | | |
| 4 | Sirba goobee irratti dubartoonni ni hirmaatu? | | | |
| 5 | Sirbi Goobee dargaggeessa qofaan sirbama? | | | |
| 6 | Sirba maasqalaafi sirba goobee gidduu walitti dhufeenyi jiru gama amantiittin? | | | |
| 7 | Sirba goobee kana keessatti nyaatni nyaatamu,uffanni hirmaattoonni uffatan, meeshaaleen aadaa, coqorsaafi kkkf fayyadaman ni jira? | | | |
| 8 | Sirbi goobee amantiin wal qabataa? | | | |

## DABALEE D **Waraabbii Irraa Gara Barreeffamaa Jijjiiraman**

Af-walaloo (walaloo) kanneen waraabii irraa gara barreeffamaa jijjiiramaniifi sirboota goobee warren qaaccessaman irra warra hafan keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

1. Goobeen dhufte yaa dureessa koo jabbileen oofaa karraa nuu banii (2x)
   Goobeen dhufte yaa dureessa Koo jabbilee waaqaaf karraa nuu saaqii (2x)
   Siin eebbisaa sin abaaruu
   Gooftaa sireerraa galdhaana (2x) jedhu
   Goobee, Gooben geenyanan dhufe Hoo yaa goobee
   Goobee Gurra dhageenyanan dhufe Hoo yaa goobee
   Gooba Lammata illee ilma dhalchi Hoo yaa goobee
   Goobee Akka gurraatti nu galchi Hoo yaa goobee jedhu
   Siin eebbisaa siin abaaruu
   Gooftaa sirreerra marmaaruu
   Siin eebbisaa yaa abbaa warraa
   Gaabii saddeeta dachaafadhuu
   Loowwan burree kuma yaafadhu hooda (x2)

2. Siin eebbisaa siin abaaruu
   Gooftaa tulluurra galdhanuu
   Siin eebbisaa siin abaaruu
   Sooressaa sooreessaa caaluu
   Argee moo argee (x2) argee
   Yaa abbaa qe’ee argee moo argee
   Ati maal dhabdee argee moo argee
   Qotiyyoon cimdii argee moo argee
   Gootaraan dilbii argee moo argee
   Dhaltiin dorobee argee moo argee

3. Yaa dureessa koo dureessa gabbataa
   Mooraa warqii, bahii alamii argii (2x)
   Inzirtii karartii haati saawwaa mana jirtii nuuf bayyantii (2x)
   Daamaan eegeen daggalaa (6x)
   Gadi ba’ii marga fudhuu hoo sodaatte nan gala (4x)

4. Namni nu dhoowwatte hammamii geessii?
   Kuunoo hammana geessii
   Dhugumaa eessa jirtii?
   Kuunoo asjala jirtii
   Kuunoo harsama dirtii
   Boolloo gadi fageessaa (2)
   Dhiitaa itti jabeessaa” (2

5. Goobeen dhufee yaa dureessaa koo
   Waatii jalaa karra na banii
   Yaa dureessa koo karraa na banii (2)
   Adurreen dhaltee karraa na banii
   Karraa jalatti karraa na banii

Qanaaniin marsee karraa na banii
Qotiyyoon cimdii karraa na banii
Gootarraa dilbii karraa na banii
Maaltuu dhabamee karraa na banii

6. Ashaaroo guggubee mataa na dhukkubee
Yaa dureessa koo waan jettee nan jedhii
Yaa dureessa koo waan jettee nan jedhii
Adaraa gaangee waan jettee nan jedhii
Ati yaabatuu waan jettee nan jedhii
Adaraa sangaa waan jettee nan jedhii
Ati camaduu waan jettee nan jedhii
Adaraa ilmoo waan jettee nan jedhii
Ati ergatuu waan jettee nan jedhii
Adaraa facaastuu waan jettee nan jedhii
Adaraa dhugaa waan jettee nan jedhii
Ati dubbatuu waan jettee nan jedhii

7. Goobeen dhufee yaa dureessa koo
Jabbilee jalaa karra na banii
Adaraa siree ati irra raftuu
Adaraa shaggee ati hammatuu

8. Ammas ammas si yaa kennuu
Karaa jagna si yaa kennuu
Ammas dhufee (x2) yaa goobee
Eenyuu kenne eenyuu kennee?
Giiftii kennee giiftii kennee
Ammas ammas si yaa kennu
Karra jagna si yaa kennu (x2)

9. Lophinaan shiwisee, qorri na luqqisee
Yaa dureessa koo mee karraa na banii
Yaa dureessa koo mee karraa na banii
Waan arjummaa kee mee karraa na banii
Maal jedhuu lataa mee karraa na banii
Maal jedheen ibsa mee karraa na banii
Ilmaayuu re'ee mee karraa na banii
Bineensuu nyaata mee karraa na banii
Ilmaayyu hoolaa mee karraa na banii
Bineensuu nyaata mee karraa na banii

10. Goobee maaloo gobsan malee kormi hinaaduu
Goobee maaloo si malee kan biraa hinyaaduu
Goobee maaloo koo bulaa yaa faxulaa
Goobee maaloo birrii birraa kana duulaa
Goobee maaloo irreessi keetti yaa birraa
Goobee maaloo badhaadha gaarumma jirraa
Goobee maaloo irraanaa marga qilleedha
Goobee maaloo Yaabatuu dala sireedha

Haasasa’ee roobee haasasuma (x2) rooba sirbi barana
Silaa qamadii qotaa yaa gooftaa (x2)
Raabuu si hin dhoksine maa dhoktaa (x2)

11. Irreessan dhufnee si miti fudhuu
Safuudhan dhufnee ililchii fudhuu
Duudhaadhaf dhufnee ililchaan fudhuu
Gadaadhan dhufnee mijuudhan fudhuu/ dhangaadhan fudhuu

12. Yaa abbaa warraa, abbaan masaa caarii
Gaazeexaan si waamaa shagaarii
Tolchiitanii tolaa yaa abbaa warraa
ceekarra hintaa’in yaa abbaa warraa
Ceeqan namaan cabaa yaa abbaa warraa
Warraa qotiyyoon cimdii yaa abbaa warraa
Warraa gootaraan dilbii yaa abbaa warraa
Beekaan namaan dhaqaa yaa abbaa warraa
Mogeen mogorumaa yaa abbaa warraa
Kan yaa boroofne yaa abbaa warraa
Takkan turee dhufaa yaa abbaa warraa
Akkan hin moofofne yaa abbaa warraa

13. Kan nu dhowwate ammamii geessii
Kunoo amanaa geessii
Dhiittaa ittii jabeessii
Soressa koo ati horii
Yaa mortuu ati badii
Dhiitee balleesse qancaraa mortuu (x2)

14. Daaman fardaa mujjaa nyaatee
Yaa gooftaa koo
Diina kee maraamiin nyaatee
Daamaa fardaa mujaa kumkumaa
Yaa gooftaa koo
Shommamte jechaan dhugummaa

15. Goobeen dhufee yaa dureessa koo
Jabbiileen hoofaa karra naa saqii mee
Yaa dureessa koo karra naa saqii mee
Dureessi hindiduu karra naa saqii mee
Maa dida silaa karra naa saqii mee
Yaa galaanaa koo karra naa saqii mee
Adurreen dhalte karra naa saqii mee
Qabda maal dhabdee karra naa saqii mee
Qorri nu fixee karra naa saqii mee
Qotiyyoon cimdii karra naa saqii mee
Gootaraan dilbii karra naa saqii mee
Goobeen dhufee yaa dureessa koo
Jabbiileen hoofaa karra naa saqii mee(x2)

16. Yaa dureessa koo
Dureessa gabbata caammaa warqii
Bahi alamii argii
Dallaa jalli boqqolloo yaa dureessa koo
Gootaraan dilbii yaa dureessa koo
Qotiyyoon cimdii yaa dureessa koo
Adaraa hoofaa yaa dureessa koo
Karrarraa kirrii yaa dureessa koo
Yaa abbaa birrii yaa dureessa koo
yaa dureessa koo
dureessa gabbataa caammaa warqii bahi alamii argi (x2)

17. Goobee hoo haasasee — Goobee hoo haasasee
Goobee hoo maaloo — Goobee hoo haasasee
Goobeen geeche (x2) — Goobee hoo haasasee
Goobaa yaa masqalaa waggaa — Goobee hoo haasasee
Goobee yaa masqalaa cillee — Goobee hoo haasasee
Goobee yaa ayyaana waggaa — Goobee hoo haasasee
Goobee yaa yaalee yaa yaalee — Goobee hoo haasasee
Goobee yaa afurtamnii dhalee — Goobee hoo haasasee
Goobeen geechee jedhanii — Goobee hoo haasasee
Yoo dandeesse taphadhuu — Goobee hoo haasasee

18. Goobee hoo hasaasee — Goobaa haasasee
Barana gaaruma jirraa goobee hoo — Goobaa haasasee
Goobeen geese (x2) goobee hoo — Goobaa haasasee
Goobeen geese yoo dandeessee — Goobaa haasasee
Goobee masqalli roobaa goobee hoo — Goobaa haasasee
Goobsan malee kormii hinaaduu — Goobaa haasasee
Simalee kan biraa hinyaaduu — Goobaa haasasee
Goobaa haasasee haasasumma roobaa waaqni baranaa

19. Yaa dureessa koo dureessi akka keetii warqii nu badhaasetti (x2)
Qabda maal dhabdee dureessi akka keetii warqii nu badhaasetti
Dhaltii darabee dureessi akka keetii warqii nu badhaasetti
Qotiyyoon cimdii dureessi akka keetii warqii nu badhaasetti
Yaa dureessa koo dureessi akka keetii warqii nu badhaasetti
Masqala birraa dureessi akka keetii warqii nu badhaasetti
Nu waliif jirraa dureessi akka keetii warqii nu badhaasetti

20. Kan nu kenne amamii gahaa?
Kunoo ammana gahaa
Kunoo waaqan dubbataa
Innaaftuun isaanii amamii geessii
Kunoo amanaa geessii
Kunoo as jala jirtii
Duute as jala jirtii
Boolloo gadi fageessaa
Dhiita itti jabeessaa
Yaa hortuu horii horii horii (x2)

**DABALEE E: Suuraawwan Addaa Addaa Sirba Goobeettin wal qabatan kan qorataan Kaafaman**

Birbirsa Raajii iddoo hawwattoota turizimii godinni shawaa kaabaa Aanaa Kuyyuu qabduufi suura yeroo shamarraan jala bultii ayyaana qaammeetti yeroo migira guraan agarsiisu.






Suuraawwan yeroo sirba goobee sirbamuufi yeroo marii adda addaa qorataan kaafaman agarsiisu. Gaafa guyyaa 15 hanga 17/01/2011 kaafaman















**DABALEE F Gabatee Odeeffattoota Qorannichaa**

| T.L | Maqaa | Umrii | Koorniyaa | Ganda | Ga’ee |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Tasammaa Sanbatuu | 59 | Dhi | Koyyee Akaalee | Manguddoo |
| 2 | Tolaa Sanbatuu | 65 | Dhi | Koyyee Akaalee | Manguddoo |
| 3 | Tafarraa Zawudee | 45 | Dhi | Karkarreessaa | Hojjetaa w/dhimma hawaasummaa |
| 4 | Tashaalee Darajjee | 28 | Dhi | Qarree Kuraa | Dargaggoo |
| 5 | Caalaa Hirphaa | 26 | Dhi | Qarree Kuraa | Dargaggoo |
| 6 | ZalaalamDamissee | 22 | Dhi | Koyyee Akaalee | Dargaggoo |
| | Shimallis Xaafaa | | Dhi | Leemman | Hojjetaa Waajjira Aadaafi Turiziimi |
| 7 | Shifarraa Damisee | 42 | Dhi | Kooyyee Akaalee | Hojjetaa Waajjira Aadaafi Turiziimi |
| 8 | GeetuuTasammaa | 38 | Dhi | Kooyyee Akaalee | Daldalaa |
| 9 | Moosisaa Tufaa | 35 | Dhi | Qarree kuraa | Hojjetaa Mootummaa |
| 10 | Nuguusee Laggasee | 56 | Dhi | Wuyyee Goose | Qonnaan bulaa |
| 11 | LammaaMokonnon | 48 | Dhi | WuyyeeGosee | Qonnaan bulaa |
| 12 | Waaqtolaa Kabbadaa | 18 | Dhi | WuyyeeGosee | Barataa |
| 13 | YaadateeGurmuu | 61 | Dhi | Darroo | Manguddoo |
| 14 | HundeeAmansiisaa | 30 | Dhi | Karkarreessaa | Dargaggoo |
| 15 | Dajanee Adunnaa | 28 | Dhi | WuyyeeGosee | Dargaggoo |
| 15 | Caaltuu Nagaawoo | 53 | Dha | Darroo | Manguuddoo |
| 16 | Argaash Xaafaa | 40 | Dha | Darroo | Daldaltuu |
| 17 | Dirribee Urgee | 47 | Dha | Karkarreessaa | Hojjetuu mootummaa |
| 18 | Zawude Dasaaleny | 31 | dhi | Kooyyee Akaalee | Hojjetaa waajjira kominiikeeshinii |

**DABALEE G Xalayaa Qorataan Waajjira Aanichaatti Odeeffannoo Sassabachuu Agarsiisu.**

Mootummaa Naannoo Oromiyaa
Bulchiinsa Godina Shawaa kaabaatti
Waajjira Bulchiinsa Aanaa Kuyyuu

Lakk 725/17/2/3 r

Guyyaa 1/12/2011

Qaama dhimmi ilaalu hundaaf

B/Jiranitti

Dhimmi :- Ragaa kennuu ilaala.

Akkuma olitti ibsuuf yaalleetti barataa Yunveersiitii Finfiinnee kan ta'e obbo Lammii Girmaa Tasammaa ragaa qorqnnoo isaaf isa barbaachisu deeggarsa akka gochuufii qabnu xalayaa lakk- AFOL/109/12/18 Hagayya 28/2010 barreeffame bu'ureeffachuun raga akka waajjira keenyatti isaan barbaachisu waliigala piroofayila aanaa Kuyyuu kan deeggarre ta'uu kabajaan ibsina .

Nagaan wajjiin

Dhaqqabaa Kuusaa Dabalee

Q/D/N/F/M

## Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta'uusaafi wabiileee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: Lammii Girmaa

Mallattoo ___________________________________

Guyyaa ____________________________________